SIRNA

# ABBAA-IRREETIRRAA

GARA

# DIMOKRAASII

*Wixina Qabsoo Bilisummaatiif Malu*

Gene Sharp



**HIIKTONNI**

Dr. Abdulsamad M. Yusuf

Boruu Barraaqaa

Jawaar Siraaj Muhammad

Meshaaleen maxxansa kana keessatti argman cufti ifatti ummataaf dhihaatanii waan jiraniif baa'isanii maxxansuufi itti fayyadamuuf haayyamni hin barbaachisu.

Yoo akka waabiitti itti fayyadamtan maqaa burqaa kanaa dhahuunifi, yeroo baa'iftan, afaan birootti hiiktanfi maxxansiiftan ammoo Jaarmaya Albert Einstein osoo beeksiftanii hedduu irraa gammanna.

Maxxansa Duraa, Caamsaa 2002
Maxxansa Lammaffaa, Waxabajjii 2003
Maxxansa Sadaffaa, Gurraandhala 2008
Maxxansa Afraffaa, Caamsaa 2010

Kitaabni Sirna *Abbaa-irreetirraa Gara Dimokraasii* jedhu kun dura bara 1993 keessa Bangkok keessatti walta'umsaa jaarmaya Committee for Restoration of Democracy in Burma jedhamuufi Khit Pyaing ( The New Era Journal) jedhamuutiin maxxanfame. Sanii as yoo xinnaate Afaannan soddomii tokko ta'anitti kan hiikame yoo ta'u, biyyoota akka Sarbiyaa, Indoneesiyaa, Taaylaandiifi kanneen biro keessati maxxanfameeti jira. Kun USA keessatti maxxanfa afraffaadha.

Biyya USA keessatti, waraaqaa irra deebi'uun hojiirra oolerraa qophaaye

The Albert Einstein Institution
P.O. Box 455
East Boston, MA 02128, USA
Tel: USA +1 617-247-4882
Fax: USA +1 617-247-4035
E-mail: einstein@igc.org
Website: www.aeinstein.org

Maxxansa Afaan Oromo kan duraa
Ebla, 2011
Minnesota, USA

Hiiktota qunnamuuf
fdtdafanoromo@gmail.com

Cover design by Zakia Posey

# QABEENTAA

**AKEEKA JAARMAYA ALBERT EINSTEIN**------------------------------------------------------------------**i**

**ERGAA HIIKTOTAA**----------------------------------------------------------------------------------------------**ii**

**SEENMAYA**--------------------------------------------------------------------------------------------------------------**iii**

**KUTAA TOKKO**
**BIFA MALCHIISUUN SIRNA ABBAA-IRREETIIN MORMUU** ------------------------------------------**1**

- Rakkoo gargar hincinne------------------------------------------------------------------------------------1
- Bilisummaan hookkaraan ni dhuftii? ----------------------------------------------------------------------2
- Fonqolcha mootummaa, filmaata, humna alagaa abdachuu----------------------------------------------3
- Dhugaa amananii fudhachuu-------------------------------------------------------------------------------4

**KUTAA LAMA**
**GAAGA'AMA WALIIN HAASAWNI QABAACHUUF MALTU** ---------------------------------------------**5**

- Toltuufi hanquu mariin araaraa qabaattu----------------------------------------------------------------5
- Mariin araaraa harka kennachuudhaa? ------------------------------------------------------------------5
- Shoora humnaafi danee, waliin haasawa keessatti maali? -------------------------------------------------6
- Abbootii irree "gaggaarii" -----------------------------------------------------------------------------------7
- Dada (nageenya) akkam? ------------------------------------------------------------------------------------7

**KUTAA SADI**
**HUMNI YOOM HORATAMA** ----------------------------------------------------------------------------------**9**

- Sheekkoo 'Gooftaa Jaldoo'---------------------------------------------------------------------------------9
- Maddeen aangoo siyaasaa -----------------------------------------------------------------------------------9
- Handhuura aangoo dimokraatawaa----------------------------------------------------------------------11

**KUTAA AFUR**
**CINAACHA DHADHABAA SIRNA ABAA-IRREE** ------------------------------------------------------------ **12**

- Mogolee Achiles Adda Baafatanii Beekuu --------------------------------------------------------------12
- Cinaachoota Dadhaboo Sirna Abbaa-irree -------------------------------------------------------------12
- Cinaacha Dadhabaa Sirna Abbaa-irree Haleeluu --------------------------------------------------------13

**KUTAA SHAN**
**HUMNA QABANIIN SIRRITTI FAYYADAMUU** --------------------------------------------------------------------**14**

- Akkaataa qabsoon karaa kagayaa ittiin Adeemsifamtu -------------------------------------------------14
- Meeshaaleefi naamusa qabsoo karaa nagayaa ----------------------------------------------------------14
- Basaqeeysummaa, iccitaawummaa fi cichooma--------------------------------------------------------16
- Hariiroo humnaa faalleeysuufi jijjiiruu-----------------------------------------------------------------16
- Karaalee afran jijjiiramni ittiin dhufu--------------------------------------------------------------------17
- Dandeettii diddaan siyaasaa haala dimokraasii fiduuf qabdu --------------------------------------------18
- Xaxoommii aabsoo karaa nagayaa ----------------------------------------------------------------------18

**KUTAA JAHA**
**BARBAACHISUMMAA KAROORA TARSIIMOO** ---------------------------------------------------------------**19**

- Karoora malchiisu qabaachuu ---------------------------------------------------------------------------19
- Gufuulee wixinsa karooraa ------------------------------------------------------------------------------19
- Qophii tarsiimoo karoorsuu keessatti jechoota afran muummeeyyii -------------------------------------21

**KUTAA TORBA**
**TARSIIMOO KAROORSUU------------------------------------------------------------------------------------------------23**
- Mala qabsoo filachuu----------------------------------------------------------------------------------------23
- Demokraasiif karoorfachuu ------------------------------------------------------------------------------------ 24
- Deeggarsa Alagaa ---------------------------------------------------------------------------------------------------24
- Tarsiimoo muummee wixinuu ----------------------------------------------------------------------------------24
- Tarsiimoolee duulaa wixinuu ------------------------------------------------------------------------------------25
- Yaada Tumsa-dhowwannaa babali'suu ------------------------------------------------------------------------26
- Cunqursaafi tarkaanfii farra-cunqursaa -----------------------------------------------------------------------27
- Karoora tarsiimoorratti amantii aqbaachuu ------------------------------------------------------------------27

**KUTAA SADDEET**
**DIDDAA SIYAASAA HOJIIRRA OOLCHUU --------------------------------------------------------------29**
- Diddaa dhimma murtaawaarraatti fuulleeffatte -------------------------------------------------------------29
- Diddaa Fakkeenyummaa-----------------------------------------------------------------------------------------29
- Itti-gaafatamummaa qargar qoddachuu -----------------------------------------------------------------------30
- Aangoo abbaa-irretirratti akeekkachuu ------------------------------------------------------------------------ 30
- Xurree tarsimoo jijjiiruu ------------------------------------------------------------------------------------------31

**KUTAA SAGAL**
**SINRA ABBAAIRREE UNKUTEESSUU ------------------------------------------------------------------33**
- Bilisummaa saffisiisuu --------------------------------------------------------------------------------------------34
- Sirnaafi caasaa abbaa-irree diiguu -----------------------------------------------------------------------------34
- Injifannoo argatan of eeggannoon qabachuu -----------------------------------------------------------------35

**KUTAA KUDHAN**
**SIRNA DIMOKRAASII WAARAA IJAARUUF BU'URA KAAYUU --------------------------------------------36**
- Sirna Abbaa-irree haraaya ofirrraa ittisuu ------------------------------------------------------------------36
- Fonqolcha mootummaa ittisuu ---------------------------------------------------------------------------------36
- Heera mootummaa tumuu ---------------------------------------------------------------------------------------37
- Immaammata dimokraatawaa dhimma ittismaataa ---------------------------------------------------------37
- Dirqama kabajaa qabu --------------------------------------------------------------------------------------------38

**MALOOTA QABSOO NAGAYAA ------------------------------------------------------------------------39**

**JECHOOTA QABSOO NAGAYAA KEESSATTI JAJJABOO TA'AN ---------------------------------------46**

**QARQABA HIIKKAA JECHOOTAA ------------------------------------------------------------------47**

## AKEEKA JAARMAYA ALBERT EINSTEIN

Akaakni jaarmaya Albert Einstein, qurannaanifi itti fayyadamni qabsoo karaa nagayaa akka addunyaa guututti babal'atu tajaajiluudha.

Jaarmanyi kun:

- Mirga dimokraasitifi jarmiyaalee walaba ta'an cinaa dhaabbata
- Cunqursaa, sirna-abbaa irreetifi duguggaa sanyii ni morma; kana malees
- Imaammata ofii hojiirra oolchuuf jecha hokkaratti fayyadamuun akka hir'atu carraaqqa.

Akeeka kana milkeessuuf karaalee sadihitti fayyadama:

- Maloota qabsoo nagayaatifi faaydaa isaan amma dura kannan irratti qu'annaafi qorannaa geggeeffamu jajjabeessuun
- Itti baha qu'annaafi qorannalee kanaa bifa barruuleetiin, konfarasiileefi sabahimaatti fayyadamuun ummataan gahuun, akkasumas
- Gartuulee adda addaatiif tarsiimoo qabsoo nagayaatirratti gorsa kennuun

The Albert Einstein Institution
P.O.Box 445
East Boston, MA 02128, USA
Tel: USA +1 617-247-4882
Fax: USA +1 617-247-4035
E-mail: einstein@igc.org
Website: www.aeinstein.org

**DHAAMSA HIIKTOTAA**

Wahumaatu wahitti nama kaasa. Nutis kitaaba xiqqaa dhaamsa guddaa qabu kana gara Afaan Oromootti hiikuuf wahumaaatu nu kaase. Garuu, wanni ajaa'iba nutti tahes ni jira; Nu sadeenuu, osoo marii hin qabaatin, kitaaba kana dubbisuuf hiree gaarii argachuu keenya. Kana qofaa miti. Kitaaba tokko dubbifneeti hubannoo gostokkee (akka walii) horre. Walodeeffachuun gaarii ta'uu wanni ittiin hubannu kunoo kanaafaadha yoo jenne hin dogongorru.

Kitaaba kana gara Afaan Oromootti deebisuuf hiree argachuun keenya hedduu nu gammachiise. Afaan Oromoo, afaannan afurtamman kitaabni kun itti hiikame keessaa tokko akka tahu gochuun hammam akka nama gammachiisu isinumaaf dhiifna. Kitaabni kuni barruu haadhoo Afaan Ingilizitiin barreeffamerraa hiikame. Bifa dandayameenis, dhaamsa barruun haadhoon qabdu guututti Afaan Oromootti dabarsuuf yaalameera. Yoo isinitti tole, tattaaffiin teenya milkii qabdi jechu. Isinitti toluu baattu, tattaaffii biraatif isin affeerti.

Kitaabni kun, warra haqa ofii barbaachaaf mala tokko qofarratti cichanii, bara dheeraaf tattaafatanii bu'aa qabsoo ofii ijaan arkuu hanqataniif, bu'aa guddaa qabaata jenneeti amanna. Xurreefi malli qabsoo, biftokkee qofa akka hin tahin nuhubachiisa. Dhaamsi kitaab kanaa, akkaataa milkiin saffeen, gatii xiqqaadhaan itti argamtu nu barsiisa. Kitaabni kun, hawaasa keenya keessatti, faaydaa guddaa qabaata jenneeti amanna. Qalbii caphxe ni dhinsa; hawwii shakkiidhaan dhaalamte ni wal'aana; abdii golgoluu mudattes ifatti baasa jenneeti amanna.

Addunyaan kees jirru guddoodha; wanni baadhettes baay'eedha. Ummatootni weeraramanii, boortaadhaan oggolchiifamanii, bar dheeraadhaaf gadadoo mudachiifamanis hedduudha. Isaan keessaa, tokko, sab keenya. Sab kanarraa dhalannee, waan sab kanaaf bu'aa qabaatu gumaachuun keenya, nu qofaa miti, war sab kanaaf anaannatu maraaf gammachuu ta'a. Hiree akkanaa argatanii, hawwii ofii fiixa baafachuun nama boonsisa. Kana malees, dirqama garanaan jiru, ofitti fudhatanii, aadaafi afaan sab ofii, barruu tana fakkattuun, lammii ofiitiif dhiheessuun hammam akka nam gammachiisu isinumti murteessaa.

Hawwiin teenya diigmaya sirna abbaa-irreeti. Tanaas osoo lubbuudhaan jirru arguu barbaanna. Yoo waaqni nuun fedhe, ni argina; nuun fedhuu baatuus isinuu ni argitanii, nuuf gaya. Dhaamsi kitaab kun qabate garuu hin du'u, hin dulloomu. Bara fedhettuu tahu meeshaa farra sirna abbaa-irree taheeti, falmattoota haqaatif tumsa. Qabsaawota hawwii dhugaa, abdii taadhii, kaayoo haqaa ladda'atanii, akeeka sirriifi gurmuu cimtuudhaan, bobbahaniin haa milkaawan jenna. Waa hunda asumatti himnee fixuu hin feenu. Namuu, kitaab kana dubbisee, faaruu dhaamsi kitaab kanaa qabu nu waliin tarree galee haa faarfatu jenna.

Dhumarratti, barruun Afaan Oromootiin bifa kanaan dhiheessine kuni ija qaroo garanatti akka fuulleyfatu kajeella. Sadarkaafi gulantaa afaan kuni yeroo gabaabduu keeysatti irra gaye hubachuurra taree, hamtuufi gadadoo warri afaan kana hin beeyne afaanicha mudachiisaa jiran, adda baafannee akka beeynu nu gargaara jennee abdanna. Kitaabni kun rakkoo saba keenya mudatteef fala baalchu hin dhabu jennee afaan keenyatti hiiknee. Rakkoo harkaa nu qabduuf mala barbaacha garayyutti bobbaanee kuusaa beekkumsaa ta addunyaa keessaahiis mala luqqifatee warra ittiin hojjatatu nu haa godhu jenna!Tattaffiin kan abbaati, milkiin rabbirraayi. Nu haa milkeessu!

Dr. Abdulsamad Muhaammad
Boruu Barraaqaa
Jawaar Siraaj Muhammad
Ebla, 2011

# SEENMAYA

Waggoota dheeraadhaaf wanni akkaan na yaachisaa as gaye akkaata ummanni tokko sirna abbaa-irree ofirraa ittisuufi dhabamsiisuu itti dandayani. Kuniis, hamma tokko, ilmi namaa cunqursaa akkanaa mudachuus, sarna akkasiitin dhabamsiifamuus hinqabu yaanni jedhu na keessatti uumamuurraa dhalate. Amantii tuniis waa'ee barbaachisummaa bilisummaa ilma namaa, waa'ee akkaagara abbootii irree (Arstootilirraa hanga xiinxaltoota sirna ukkaamsaatti) seenaa sirna abbootii irree (keessumattuu sirnoota Naaziitiifi kan Staaliinistootaa) dubbisuu kiyyaan daranuu na keessatti akka cimtu taate.

Waggoota dabran keessatti warra mooraalee hidhaa jumlaa (concentration camps) Naazii keessa hiraariin jiraateefi kanneen dandamatanii as gayan qunnamee dubbisuuf hiree argadheera. Norweeyitti warra bittaa faashistootaatiin mormeefi kanneen dandamate qunnameera; warra laboobamaniis waa'ee saanii dhagayeera. Yahuudoota mooraa Naazii keessaa baafataniifi warra isaan dandamachiisees argee odeeyfadheera.

Shoorarkaa bittaa koominstootaa jalatti biyyoota adda addaa keessatti taate oduudhaan osoo hintahin kitaaboota garagaraa dubbisuudhaanin hubadhe. Shoorarkaan sirnoota kanaa maqaa cunqursaafi samicha jalaa bilisoomutiin waan irratti fe'ameef baay'ee nama gaddisiisa.

Kurneelee muraasa as dhihoo kana keessattiis warra biyyoota sirna abbaa-irree jalatti kufan kanneen akka Panama, Poland, Tibetiifi Burma waliin walqunnamee dhugaa waa'ee sirna abbaa irree kanneenii hubadheera. Warra Tibet kanneen weerara koominstoota China dura dhaabbatee lole, warra Russia kanneen yaalii fonqolcha mootummaa ji'a Hagayyaa bara 1991 keessa fiinxaaleyyii godhame cabse, Taaylaandota yaalii biyya isaanii gara bittaa waraanaatti deebisuuf godhamte karaa nagayaatiin fashalsiisan ilaalchisee amala hamaafi ajaa'ibsiisaa sirni abbaa irree waan baay'ee barachuu dandayeetin jira.

Qabsoon bittoota garajaboo kanarra aanuuf godhamteefi aarsaan kafalame gadda hadhaawaa haa uumu malee, biyyoota ammayyuu balaa irra-hamaa jala jiraniifi mormii jajjabduun keessatti mul'atu daaw'achuun murannoofi gootummaan haawaasa biyyoota sanii nama jajjabeessa. Kanneen keessaa, Panama bittaa abbaa irree Noriega jalatti, ummanni Vilnius /Lithuania ukkaamsitoota Sooviyeet durii jalatti, Beijing murruqii addababayii Tiananmen irratti raaw'atameefi balaa 'Burmaa bilisa baate' keessatti waajjira humnoota demokraatawoorratti bakka Manerplaw jedhamutti raaw'atame akka fakkeenyaatti kaafamu.

Takkee bakkoota gootoonni itti kufan dhaqee daaw'adheera: awwaalaafi utubaa TV Vinius/Riga/ keessatti argamu, parkiilee namoonni itti rashanaman, Ferrara kaaba Italia keessatti bakka fashistoonni mormitoo murruq itti godhan, akkasumas, Manerplaw keessatti awwaala jimlaa reefki azeebban kichuutiin guutame arguu danda'eera. Abbootiin irree hundinuu fixiinsaafi badiinsa nama suukaneessu dhiisanii dabruu isaaniiti hubanna.

Moyxannoofi yaaddoo tana keessaahis cunqursaa ittisuun akka dandayamu, ,murriqiin osoo hinjirre qabsoo milkii qabdu sirna abbaa irreerratti akka dandayamu, sirna abbaa irree cabsuufi hahhaarayniniis daaraa duraanii keessaa akka hin dhalanne ittisuun akka dandayamu abdii guddoo murannoo cimtuu qabdu arganne. Gaaga'ama lubbuutiifi gadadoo ummataa hamma danda'ametti gad xiqqeessuudhaan sirna abbootii irree cabsuuf karaalee qabsoo milkii qabdu gochuun itti dandayamu qajeellotti if eeggachaa itti yaaduu yaaleen jira.Waggoota baay'eef waa'ee sirnoota abbootii irree, sochiilee diddaa cunqursaa, warraaqsa garagaraa, ilaalcha siyaasaa adda addaa, sirnoota taligaa mootummaatiifi keessaafuu qabsoo malchiiftuu karaa nagayaatiin godhamtu qorachuudhaan waanin hubadherraahin ka'e.

Kitaabni kuniis qormaata kanarraa dhalate. Huuba tokkollee hin qabu jechuu hin danda'u. Haa tahu ammo, sochiilee bilisummaa akka baratame caalaa ciminaafi milkii qabaatan gochuuf yaadaafi karoora baafachuuf, hamma taheefuu, akka qajeelfamaatti ni gargaara.

Akeekni kitaaba kanaa akkaataa sirna abbootii irree itti cabsaniifi hahhaarayniniis akka hin dhalanne ittiin ittisan fuulleeffata. Qabsoo biyyoota adda addaatti geggeeffamtuuf matamatatti qajeelfama bal'aa wixinuufi heesabuuf dandeettii hin qabu. Haa tahu ammo, xiinxalliin bifa hundanneetiin dhihaatte tuni qabsoo, biyyoota baay'ee keessatti, ummatoonni har'allee bittaa sirna abbaa irree jalatti hiraaraa jiran gochaa jiraniif bu'aa akka qabaatu abdiin qaba. Isaanis dhugooma xiinxallii kanaa haala isaanii wajjiin walcinaa qabanii gorsa bifa waliigalaatiin dhihaate akkaataa qabsoo bilisummaa isaaniitiif hoojirra oolfamu itti dandayayamu qorachuudha qaban.

Xiinxallii tana keessatti bakka tokkolleettuu yaanni diddaan sirna abbaa-irreerratti godhamtu dhimma salphaafi wareegummaa hinqabne jedhu hinjiru. Qabsooleen bifa kamiinuu godhaman xifaafi gatii itti kafalamu ni qaban. Abbootii irreetiin loluun gaaga’ama ni qabaata. Haatahu ammo, hoggantoonni qabsoo diddaa tarsiimoolee humna isaanii cimsee gaaga’ama dhufuuf malu xinneessu akka karoorfatan xiinxalliin tuni faaydaa ni qabdi jedheen abdadha.

Gara biraatiin, xiinxalliin tuni akka waan kufiinsi sirna abbaa-irree tokko xumura rakkoolee hundaa jechuutti fassaramuu hinqabdu. Kufaatiin sirna tokkoo hawwii qaban mara hin dhugoomsu. Garuu, hariiroo diinnagleefi siyaaslee haqarratti ijaaramte hundeessuufi cunqursaafi hanqinna haqaa bifayyuun mul’attu dhabamsiisuuf hojii jajjabduufi qabsoo dheertuudhaaf karaa ni banti. Qorannoon gabaabduun akkaataa sirni abbaa irree itti diigamuurratti waa jettu tuni ummatoota cunqursaa jalatti kufanii bilisummaaf hamuunan hundaaf akka fayyadu abdiin qaba.

Gene Sharp
Caamsaa Bara 1993
Dhaabbata Alber Einstein
Boston, Massachusetts

## KUTAA TOKKO
## BIFA MALCHIISUUN SIRNA ABBAA-IRREETIIN MORMUU

Waggoota muraasa dabran keessatti  mootummoonni abbaa-irree bifa adda addaa qaban diddaa ummanni garsiiseen unkutaawanii kufaniiru. Hammamuu hundee cimtuu hin uggamne kan qaban fakkaatanillee mootumoonni abbaa-irree garii mormii ummanni gama siyaasaatiin, dinagdeefi hawaaasatiin bifa qindoomeen godhu  ifirraa ittisuu hindandeenye. Fakkeenyaaf, bara 1980 irraa eegalee biyyoota akka Istooniya, Laatiiviyaa, Liituwaaniyaa, Poolaand, Jarman Bahaa, ChekozlovaakiyaafiSlooveeniyaa, Maadaagaaskaar, Maalii, BooliiviyaafiFilippiins keessatti mootummoonni abbootii irree diddaa ummataatiin kufaniiru.

Neeppaal, Zaambiyaa, Kooriyaa Kibbaa, Chiilee, Arjentiinaa, Heytii, Biraaziil, Uraagwaay, Maalaawii, Taaylaand, Bulgaariyaa, Hangaarii, Zaayer, Naayjeeriyaafi kanamalees Tokkummaa Sooviyeet Duraanii (USSR) keessatti bara 1991 mormiin karaa nagayaa  ummatoota biyyoota kanneeniitiin godhamte biyyoota san gara ijaarsa sirna demokraasiitti ceesiseera. Dhihoottis China, BermaafiTiibeet keessatti mormiiwwan karaa nagayaatiin geggeeffaman matootii abbaa-irree taaytaarraa kaasuu hanqatanillee, gama tokkoon gara jabeenya cunqursaa matootii sanii hawaasa addunyaatiif saaxiluu danda’aniiru. Gama biraatiin ammoo ummatoonni rakkoolee siyaasaa walfakkaatoo jala jiran qabsoo jabeessanii akka itti fufaniif mooyxannoo kennanii dabaraniiru.

Kufaatii mootummoota abbaa-irree biyyoota gararretti himamanitin booda  rakkoolee akka hiyyummaa, yakki, laafiinsi biirokraasii, faalamni naannoo uumamaafi kan kana fakkaatan yoggasuma dhabamaniiru jechuun hin danda’amu. Haa tahuu malee bittaan sirna cunqursaa ummatootarratti diriiree ture dhabamsiifamee mootummoonni dimokraatawoon mirgoota siyaaslee, bilisummaafi hawaaslee dhugoomsan bakka bu’aniiru.

### Rakkoo gargar hincinne

Waggoota kurnoota dabranirraa jalqabee ummatoonni addunyaa baay’een gara sirna bilisummaafi demokraasii wayyina qabutti deemaa jiru. Sadarkaa idil-addunyaatti odeeffaannoo haala  mirgoota siyaasaatiifi sadarkaalee bilisummaa ummatootaa galmeessuudhaan kan beekamu jaarmayni  ‘*Freedom House*’ baroota dhihoo keessatti lakkoofsi biyyoota ‘bilisa’ tahanii haalaan dabalaa deemaa jiraachuu akka armaangadiitti mul’isa.

| | Biyyoota bilisa | Hanga tokko bilisa | Kan hin bilisoomin |
|---|---|---|---|
| 1983 | 76 | 64 | 64 |
| 1993 | 75 | 73 | 38 |
| 2003 | 89 | 55 | 48 |
| 2009 | 89 | 2 | 42 |

Lakkoofsi ummatoota mirga isaanii kabajsiifatanii dabalaa haa deemu malee, ummanni hedduun ammayyuu sirnoota cunqursaa jalatti hiraaraati jiran. Bara 2008 keessa baay’ina ummata addunyaa biiliyoona 6.68 tahu keessaa dhibbeentaa 34  kan tahu ‘biyyoota hin bilisoomin’ jedhamanii ramadaman keessa jiraata. Biyyoonni afurtamii-lameen  tarree ‘hin bilisoomin’ jalatti argaman keessaa fakkeenyaaf: Barmafi Sudanfaan bittaa abbaa-irree waraanaa jalatti, Saud Arabiyaafi Butanfaan sirna mootoma ukkaamsaa jalatti, China, Iraqifi Kooriyaan Kaabaa fa’a paartiilee siyaasaa gara jabeeyyii jalatti, Tiibeetifi Sahaaraa Dhihaa fa’a ammoo humnoota weerartoota alaa jalatti qabamaniiti  hiraara muidachaa jiran.

Har’a biyyoonni baay’een karaa dinaggee, siyaasaafi hawaasaatiin jijjiirama saffee agarsiisaati jiran. Lakkoofsi biyyoota mirgaafi bilisummaa ummatoota isaanii kabajsiisaniifi  dinagdee isaanii guddisanii dabalaa haa deemu malee, faallaa kanaan haalli biyyoota gara duubaatti deemaa jiranii ammoo yaaddessaa taheera. Biyyoonni akkasii kunniin matootii abbaa-irree bifa haaraan as bahanii maqaa demokraasiifiguddina biyyaatiin kakatan jalatti kufanii argamu. Mootummoota akkasii kana keessatti murnoonni waraanaa, garaaf bultoonni, murnoonni maqaa filmaata ummataatiin of gurmeessaniifi  namoonni paartiilee dantaa matayyaa tikfachuuf jaarratan keessa maadheffatan fedhii isaanii ummata irratti fe’u. Fonqolchi  mootummaatiis deddeebi’ee mul’ateera. Mirgoonni

namoomaafi siyaasaa ummatootaatis akkuma mulqamanitti itti fufaa jiru.

Wanni nama gaddisiisu, bittaan ukkaamsaa dabre hundi ammallee gateettii ummataarraa osoo hin bu'in jira. Tooftaan ukkaamsaafi gara jabeenyaa matootii abbaa-irree gadi fagoodha. Ummatoonni biyyoota baay'ee keessatti argaman sirna cunqursaa ilmaanumti biyyaa yookiis alagoonni irratti fe'aniin waggoota kurnootaaf yookiis bardhibbeewwaniif hiraaraa jiran. Yeroo baay'ee namoonni mirgoota isaanii yoo mulqamaniifi yoo cunqurfaman maaliif jedhanii gaafachuu mannaa 'hiree kiyya' jedhanii fudhachuun ni mul'ata. Kun rakkoo bara dheeraaf tureefi kan akka hin sossoones nama sakaale. Matootiin abbaa-irree jaarmayoonni hawaasaa, dinaglaa, siyaasaafi amantii walaba tahan akka hin jiraanne gochuuf karaa danda'ameef hundaan irratti hojjetu. Yoo jiraatanis ni dadhabsiisu. Yeroo hundumaa fedhiin isaanii waldayoonni ummataafi jaarmayoonni hundi kan aangoo isaanii jabeessaniifi umrii isaanii dheeressaniif qofa akka tahan kajeelan. Jaarmayoonnifi waldayoonni kunniin akka meeshaatti isaan tajaajiluu yoo didan, akka laaffatan taasisu, sana birayyuu dabaranii diiganii dhabamsiisuun aadaa isaaniti . Ummanni akka hin gurmooynee dhoorkuudhaanifi bilisummaatti bahuufis waliin qabsaawuu akka sodaatu, wal shakkuufi wal baqatu godhu. Ummanni waanuma matoonni abbaa-irree sun murteessaniif eehamee akka fudahtufi, ittiis amanu godhama malee kaka'umsa ofiitin waa fiixa baafachuu akka hin dandeenye taasifama.

Kanarraa bu'aan argamu beekamaadha. Hawaasni hamileen isaa caphxeefi ofirrattis amantaa dhabe waan tahuuf harka walqabatee ka'ee mirga isaa akka hin falmanne godhama. Namoonni waliin mari'achuudhaan jibba matootii abbaa-irreerratti qaban ibsachuun hin yaadamu. Hangamuu dheebuu bilisummaa qabaatanillee inni tokko isa kaan faana dubbachuuf sodaata. Kan biraa dhiisii miseensota warra tokkoo keessattillee sodaatu gooba. Gamtaadhaan bahanii ifatti mormanii mul'ifachuu ni sodaatan. Jireenyi ummanni akkasii jiraatu kun hiraarifi dukkanaa hegereef abdii hin qabne taha.

Haalli sirnoota abbaa-irree kan ammaantanaa kan durattii daran hamaadha. Gaafa dur mormii mul'ifachuun bifayyuunuu hin cancalamne. Al tokko tokkos matayyoonni yookiis murnoonni xixiqqaan mormii bifa hiriira mul'ifatan milkaayuu baatullee, diddaa cunqursaaf qaban mul'ifachuurraa if duubatti hin deebine. Akeekni tarkaaanfilee ummataa kun hammamuu faarfamaa ta'us, sodaa hawaasa keessa babal'ate jirtu san buqqasuu hin dandeenye. Sudaa buqqasuun ammoo sirna abbaa-irree buqaasuuf tarkaanfii bu'uraati. Sochiileen akkanaa milkii argamsiisuu dhiisii gadadoofi roorraa daraniitiif isaan saaxile.

**Bilisummaan hookkaraan ni dhuftii?**

Haala akkasii keessatti maaltu godhamuu qaba? Tarkaanfiin hookkara humnaa faayidaa hin qabaatu. Matootiin abbaa-irree heera mootummaatif, murtiilee xaddachoota seeraatifi yaada ummataatif dantaa hin qaban. Cunqursaa bifa nama hidhuutifin, ajjeesuutinfi, hiraarsuutin abbootin irree ummatarratti raawwatan qawweedhaan malee dhabamsiisuun akka waan hin dandayamneetti warri yaadu hedduudha. Warri haala akkanaa isaan mudate yeroo baay'ee meeshaa argatan kamittuu fayyadamanii ija dunuunfatanii diina isaaniirratti ka'u. Ittibahni duula akkasii waan fedheyyuu yoo tahe isaan hin yaachisu. Murannoodhaan qabsaawu; wareegama qaamaafi lubbuutis itti kafalu. Deemsa akkasiitiin yeroon bilisummaa isaanii itti gonfatan garuu baay'ee muraasa. Finciloonni humnaan geggeeffaman kanneen akkanaa akka abbootiin irree gocha hammeenyaatiif daranuu eeboo qaratan sababa tahaaf.

Barbaachisummaan karaa hookkaraa waan fedheyyuu tahu qabxiin tokko garuu ifaadha. *Ummanni tokko tarkaanfii karaa hookkaraa filate jechuun, tooftaa qabsoo kan matootiin abbaa-irree yeroo baay'ee ol'aantummaa itti qaban filate jechuudha.* Abbootiin irree meeshaalee waraanaa xixiqqaafi gurguddaa hunda guuttatanii waan hidhataniif yoo haalli akkasii uumamu tarkaanfii gara jabeenyaa barsiifatan fudhachuuf hiree gaarii argatu. Cunqurfamtoonni gootummaa haa qabaatan malee, harka duwwaa waan tahaniif gara hidhannootiin abbootii irreetiin (yeroo baay'ee) wal gituu hin dandayan.

Warri qabsoon karaa waraanaa barbaachisaa tahuutti amanu cunqursaa jalaa furmaanni ittiin bahamu riphee-loltummaa akka tahetti fudhatu. Haa tahu malee karaan kun ummata cunqursaa jalaa yoo baasu yookiis dhufiinsa demokraasii yoo damboobu ykn dhawwaaqu dilas hin mul'anne. Qabsoon riphee-loltummaa furmaata filatamaa waan hin taaneef ummatuma lolamuuf sanirratti gaaga'ama akkaan ol'aanaa dhaqqabsiisa. Tooftaan kun kufaatii irraa ooluuf wabii hinqabaatu. Lammii biyyaarratti balaa akka qe'eerraa buqqa'uu, qaama ir'achuu, murruqii mudachuu, baqattummaafi hamtuulee akkanaa kanneen biroo akka mudatan gochuu malees qabsoon isaanii yeroo dheertuu akka fudhattu taasisa. Karaan kun akka bu'uura yaadaafi akka xiinxala tarsiimoo tokko tokkotti deeggaramaa tahuillee, injifannoo gonfachuuf ammoo amansiisaa akka hin tahin beekamaa dhufeera.

Osoma itti milkaawamee injifannoon gonfatamtellee, warri qabsoo riphee-loltummaatiin aangoo qabatu jaarmayoota ummataa kan duraa diigee kan ofii bakka buusuudhaan sirna duraanii caalaa cunqursaafi ukkaamsaa taha. Jaarmayootaafi dhaabbiilee walaba kan ijaarsa demokraasiif bu'uura tahan diigee namoota abbaa-irrummaa irratti jibba qaban hunda ija shakkiitiin laala. Kanaafuu ummatoonni cunqurfamoon mormii hookkara qawwee dhiisanii furmaata karaa nagayaa barbaaduutu irra jiraata.

**Fonqolcha mootummaa, filmaata, humna alagaa abdachuu**

Fonqolchi mootummaadhaa, sirna abbaa-rree kuffisuuf mala hundarra salphaafi saffee fakkachuu ni mala. Haa tahu malee adeemsi akkasii balaa baay'ee fiduu danda'a. Taaytaafi humna waraanaa mootummaa san toyachuuf adeemsa tahu keessatti wal laaqiinsa aangoo mootummaa dhalchee jeequmsa haaraya uumuu mala. Namootaafi murna cunqursaa aangoorra turan kaasee murna cunqursaa kan biraa bakka buusuudhaan balaa hin eegaminis fiduu danda'a. Tarii murni haarayni aangoo qabte kan duraarraa wayyaa qabuufi jijjirama qooybaa fiduu danda'u fakkaachuun ni mala. Dubbiin garuu faallaa kanaa ta'uu mala.

Murni haarayni aangoo qabate dhawaataan hundee jabeeffachaa deemee sirna duraanii caalaa gara jabeessaafi garaaf buleessa tahuu mala. Itti fufuunis, murni haarayni abdiin irra kaayamte kun, demokraasiifi mirga namoomaatif f osoo hin dhimmine waan fedhe raaw'achuutti fuula deeffata. Sun ammoo gaafii qabsoo farra-abbaa irrummaaf deebii tahuu hin danda'u. Kanaafuu, fonqolchi mootummaa tooftaa bilisummaa ittiin argatan tahee filatamuu hin danda'u.

Sirna bittaa abbootii irree jalatti filmaanni geggeeffamu karaa ittiin jijjiiramni siyaasaa dhufu aanjessuu hin dandayu. Sirnoonni abbaa-irree gariin, (kan akka mooraa Bahaaleeysaa, Sooviyeet duriitiin dursamu) demokraatawoo fakkaachuuf jecha maqaaf waan filmaata itti faakaatu geggeessu turan. Demokraatawaa fakkaatanii akka ummanni bahee filatu lallabaniyyuu, duraan dursanii ofiif akka filmaata sana injifatan haala mijeeffatan. Dorgoommii filmaataatiin duraafi boodaas kaadhimamtoota paartiilee mormituu doorsisu, dhaansisu, hidhu, kana hunda bira dabraniis ni ajjeesu. Akkuma bara 1990tti Barmaatti, bara 1993 Naayjeeriyaatti mul'atee turetti, humnoonni mormituu filmaata keessatti dorgoomanii yoo injifatanillee, injifannoon mormitootaan galmaahu kun fudhatama hin qabaatu. Filatamtoonni hiraar, hidhaafi baqa mudachuudha malu. Matootiin abbaa-irree bifa fedheenuu tahu ittibaha filmaataa kan barcuma aangoo irraasaan kaasuu danda'u hin fudhatan.

Ummanni yeroo ammaa cunqursaa jalatti gadadoo mudachaa jiran baay'eenifi kanneen baqatanii biyya alagaatti bahan, akka ummanni qabsoo ofiitin bilisoomuu dandayu hin amanan. Bilisummaa argachuudhaaf dirmannoon humnoota biyya alaa akka waan barbaachisaa ta'eetti fudhatan. Abb-irree taaytaairraa qaarsuu kan danda'u gargaarsa humna idil-addunyaa qofa sehan.

Ummatoonni ulee cunqursitootaatin bututan yeroo haamma tokkoof if bilisoomsuu hanqachuun dhugooma qabaachuun. Kuniis beekkomsa dhabarraa, dandeeytii ofirratti amantii qabaachuu dhabuufi akkaataa ittiin qabsaa'an wallaaluurraa tarkaanfii cunqursitootaa dura dhaabbachuu ni sodaatan. Humna ofiitiin mudaanno tanarraa of baraarsuu waan dandayan hin sehan. Kanaafuu humna alagaati abdatan: jechuunis yaadaa ummataa, jaarmayoota idil-addunyaa, biyya humna qabdu abdachuufi qobqobbii diinagdee, siyaasaafi waraanaa saran abbaa-irree sanirraa akka kaayamtu hawwan.

Haalli akkasii kun aanjawaa fakkaatullee, dirmannoo alagaa abdachuun kun balaalee gurguddaa qabaachuun ni mala. Humniti alagaa dirmannoof dhuftu marti, yeroo baay'ee, ummata biyya sanii bilisa baasuu qofa akeekkatee hindhufu. Yoo dhufes kan amanamu hin tahu.

Kanarratti waa'ee humnoota alaa kanneen dirmannoof dhufan ilaalchisee qabxiilee barbaachisoo armaangadii kana hubachuun gaariidha:

- Yeroo baay'ee biyyoonni alagaa dantaa dinagdeefi siyaasaa ofiitiif jecha gocha garajabeenyaa Amatootii abbootii irree obsanii bira dabru, inumaa gargaarsa godhuuf.
- Boyyoonni alagaa irbuu qabsoo cunqurfamootaa jajjabeessuuf seenan, akeekaa biraatif jecha ganuun mala
- Mootummoonni garii tooyannoo gara diiangdee, siyaasaafi waraanaatin biyya sanirratti qabaachuuf jecha mootummaa abbaa-irree sanirratti tarkaanfii fudhachuun ni mala.

- Mootummoonni alagaa eega qabsoon cunqurfamoo jajjabaattee sirna abbaa-irree sossoosuu jalqabde booda, qaamaa qalbiidhaan qooda fudhachuun ni mala.

Jireenyaa sirna abbaa-irreetiif murteessaan qoodmaya humna biyya keessaati. Yoo qabsoon cunqurfamootaa sirna abbaa-irree gaaga'uu dadhabde, humnaafi leeccalloon biyyaa hundi harka matayyoota muraasaatti galti. Sirni abbaa-irree deeggarsaafi qoqqobbii biyyoota alaatin itti godhamturraa miidhamuus, fayyadamuus ni danda'a. Garuu, aangoorra turuu isaatif haaluma biyya keessa jirutu murteessa

Mormiin humnoota alaa faayidaa-qabeessa kan tahu qabsoon keessaa yoo jabaatte qofa. Fakkeenyaaf qoqqobbiin diinaggeefi waraanaa kaayamuun, hariiroon dippilomaasii cituun, dhaabota idil-addunyaa keessaa baafamuun, qaamota mootummoota Gamtootamaniin balaaleffatamuufi kan kana fakkaatan faayidaa akka qabaatan hin haalamu. Tahullee, mormiifi qabsoon qindaawaan biyya keessaa jiraachuu baannaan tarkaanfiileen humnoota alaa tun bu'aa fiddi jedhanii eeguun gowwummaadha.

**Dhugaa Amananii Fudhachuu**

Dhugaa fudhachuun ulfaataa tahullee, matootii abbaa-irree bifa milkaawaafi gatii wareegamaa xiqqaadhaan taaytaarraa kaasuuf wantoota afran armaangadii kun raaw'atamuu qaban:

- Ummatoonni cunqurfamoon murannoo qabsoof qaban, ofirratti amantii qabaachuufi rakkoowwan mudachuu malan irra aanuuf gahummaa isaanii jajjabeessuu
- Gurmuuleefi jaarmayoota hawaasaa kanneen walaba tahan ciccimsuu
- Humnoota mormituu jajjaboo tahan biyya keessatti uummachuufi
- Tarsiimoo haadhoo bifa milkii qabaattuun karoorsuu qajeellotti hojiirra oolchuu

Qabsoon bilisummaa ofirratti irkannoo qabaachuu murnoota qabsaawoo biyya keessaa jabeessuudhaan geggeeffamti. Bara 1879fi1880 keessa yeroo warri Ayerlaand lagannaa kiraa kiraa kafaluu gaafa didan waan gaafas namni Charles Stewart Parnell jedhaniin dhawwaaqe tokko yaadachuun gaariidha.

*"Mootummaa abdachuun homaa faayidaa hin qabu…. Murtiifi murannoo ofii qofa abdachuudha qabdan… Waliin dhaabbachdhaan of gargaaraa….humna-laafeyyii gidduu keessan jiran jajjabeessaa…of gurmeessaa, of ijaaraa,…. ni injifattu….*"

Humni ofirratti abdatu yoo jiraate, tarsiimoo milkiqabeettiin yoo wixinamtee, naamusni sirnaan yoo jiraatefi jabeenyi dhugaa yoo as bahe sirni abbaa-irree ni unkutaawa. Haa tahu malee, yoo xiqqaate ulaagaaleen afran gararreetti himaman guututti jiraachuudha qaban.

Ifsi olitti ka'e akka agarsiisutti, abbaa-irree jalaa bilisa bahuun dandeettii ummanni cunqurfamaan of bilisoomsuuf qaburratti hundaawa. Waa'ee mormii siyaasaa milkaawaa, yookiis qabsoo karaa nagayaa karaa ummanni tokko ittiin bilisa of baasu taha. Haa tahu malee dhugaan kuni hanga ammaatti hin babal'anne. Waa'ee barbaachisummaa dhimma kanaa kutaalee itti aanan keessatti bal'innaan ibsuuf jiraanna. Jalqaba garuu abbaa-irrummaa diiguu keessatti waa'ee marii araaraa (negotiations) haa laallu.

## KUTAA LAMA
## GAAGA'AMA WALIIN HAASAWNI QABAACHUUF MALTU

Akkuma kutaa duraa keessatti hubachuuf yaalletti, qabsoon sirna abbaa-irreetirratti godhamtu rakkoolee ciccimtuu yemmuu namatti fiddu, namoonni garii fedhii ofiitiin sirna suniif oggaluutti tarkaanfatu; garii ammoo, abdiin demokraasiif qaban itti golgoltee waan mul'attuuf tarii yoo bu'aan hammi tokko irraa argamee rorroonis hanqatte jechuudhaan abbootii irree waliin 'araarmaya' (reconciliation), 'dubbii-walii-dhiisuu' (compromise)fi' 'marii araaraa' (negotiations) qabaachuu filatu. Haala filmaanni malchiisaan hinjirre fakkaatu keessatti yaada akkanaatiif nama saaxiluun nimala. Haa tahu malee sunis furmaata waaraa tahuu hin danda'u.

Qabsoo cimtuu Abbootii irree hahhamoorratti gochuun dhimma laaftutti hobbaafatanii miti. Akkas taatu karaan kuni maalif filatame? Namuu surrii qabuun sirritti yaadee roorroo jirtu dhawaataan xumuruuf walitti siqee haasawuufi marihachuun hindandayamuu? Dimookraatoonni hoo abbootii irreetti dhihaatanii naatoo keessatti uumanii suuta suutaan hacuuccaan isaanii xiqqaachaa deemtee dhumarrattiis sirna dimokraatawaadhaan akka bakka bu'u gochuu hindandayanii?

Takkee dhugaan gartokko qofa hinjirtu jechuudhaan warra falmuutu jira. Tarii tarkaanfiin abbootiin irree mudannoo hamtuu keessatti niyyaa gaariidhaan fudhatan kana dimokraatootaaf galuu dhabuutu mala. Akka namoonni tokko tokko jedhanitti abbootiin irree yoo dhaadeffamaniifi jajjabeeffaman, haala yaaddessaa biyti isaanii mudatte keessaa moggatti of baasuu nimala. Warri furmaanni garri martinuu injifatoo itti tahan abbootii irreetiif dhiheessuunis nimala jechuudhaan falmuus ni jiran. Mormitoonni demokraatawoon karaa nagaatiin abbaa-irree waliin haasawanii (tarii araarqaboo namoota beekkamoo ykn mootummaa biraatiin taatuun) jijjiirama fiduun yoo danda'ame, balaan karaa hookkaraatiin dhufuuf malu ni hafa jechuun falmiin dhihaatus jira. Qabsoo hadhooytuu karaa nagayaatiin godhamturra (ta qawweedhaan godhamtullee tahuu baattu) akki kuni irra hinwayyuu muggutiin jettuus ni jirti.

### Toltuufi hanquu waliin haasawni qabaattu

Mariin araaraa dhimmoota wal dhibdee uuman furuuf meeshaaa akkaan barbaachisaa waan taheef bakka barbaachisaa tahetti didamuu hin qabdu. Al tokko tokko dhimmoota hundeerratti rakkoo biraa hamma hinfidinitti waan garii walii dhiisanii wal tahiinsarra gayuun dandayamnaan mariin araaraa waldhabbii qabbaneessuuf faayidaa gaarii qabaatti. Daballii mindaa gaafachuuf jecha mormii hojii dhaabuu [hirgii] hojjetootaa furuuf waliin-haasoyni taasifamu akka fakkeenyaatti laalama. Hojjetoonni waldaya hojjetoota isaanii wajjin waldhabdeen uuman waldhabdee abbootii irree gara jabeeyyii waliin uumamu wajji gonkumaa wal hin fakkaatu. Abbootii irree gara-jabeeyyii waliin marii araaraa keessa seenuun bilisummaa siyaasaa rakkoo keessa buusuudha.

Dhimmi irratti walqaban dhimma bu'uraa yoo tahe, kan kaayoo amantii, bilisummaa ilma namaatiifi hegeree dagaagmaya hawaasaa kan faalleessu yoo tahe mariin araaraa furmaata garri lameenuu ittiin quufan laachuu hindandayu. Gaafiilee bu'uraarratti dhiifmayni jiraachuu hinqabu. Madaalli humnaa gara dimokraatootatti kan conqolu yoo tahe qofa dhimmi bu'uraa sun furmaata amansiisaa argata. Kana jechuun mariin araaraa tasumaahuu taasifamu hinqabu jechuu miti. Asirratti wanni hubachuu qabnu, bakka humniti cimtuun dimokraatootaa hinjirretti abbaa-irree cimaa tokko aangoorraa qaarsuuf mariin araaraa furmaata malchiisuaa hintahu.

Mariin araaraa akka furmaataatti filatamuu dhabuun nimala. haalli itti hin dhihaannes ni jira. Abbootiin irree hundee cimtuu qaban aangoo ofiittis amanan humnoota demokraatawoo isaaniin morman waliin marii araaraa diduun ni mala. Yookaanis erga mariin jalqabamte booda dimokraatoonni mariif dhihaatan ukkaasamanii fudhatamuun achi buuteen isaaniitiis dhabamuun nimala.

### Waliin hasawni harka kennachuudhaa?

Matayyootaafi murnoonni abbootii irreetiin morman marii araarmayaa qabaachuu yemmuu filatan yeroo baay'ee sababa dhiheeyfatanis ni qaban. Keessaafuu hoggaa umriin qabsoo hidhannoo dheerattee injifannoo maayyiitiis galmeessuu hanqatte abbaan ilaalchaafi ejjenno fedhe qabuuhuu nageenya akka hawwu ni hubatama. Keessumattuu abbootiin irree gara waraanaatiin caalmaya ykn ol'aantummaa yoo qabaataniifi gaaga'amaafi balaan ummatarra gahuus baadhachuun hoggaa dadhabame marii araaraa qabaachuun nimala. Haalli akkasii akeeka dimokraatootaa jiraachisuufi hokkoraafi faal-hokkoraa walfaana dabranii mul'atan xumuruuf xurree furmaataa barbaadutti fuula deeffachuun nimala.

Marii araaraa mormitoota dimokraatawoo waliin qabaachuudhaan ‘nagaya’ buusuuf yaanni mootummaan abbaairree dhiheessu waan itti amanamu hintahu. Abbichi irree mariidhaan malee, waraana ummata ofiirratitti godhan dhaabuufi hokkora garasiin jiru xumuruu nidandaya. Kana malees, murtii ofiitiin kabajaafi mirgoota ilma namaa deebisee siransuu, hidhamtoota siyaasaa gadi lakkisuu, nama cafaquu dhiisuu, duula waraanaa dhaabuu, mootummaarraa moggatti bahuufi ummata dhiifama gaafachuudhaan waldiddaa tana xumuruu nidandaya.

Sirni abbaa-irree mormii cimtuu hoggaa mudate akka mormitoonni maqaa nagayaatiin harka kennetan marii araaraa hawwuun nimala. Afeerraan garanaan dhihaattu nama hawachiisuun nimala. Wanni galma marii keessatti dhalachuuf deemu ammoo, gaaga’ama cimaa tahuun nimala.

Gama biraatiin humniti mormitootaa cimee jireenya sirna abbaa-irree sodaachise, sirni sun aangoo isaa tikfachuufi qabeenyaa kuufate balaarraa oolchuuf jecha marii araaraa barbaaduun ni mala. Haallan lameenuu keessatti dimokraatoonni akka akeekni abbootii irree galma gayu gargaaruurraa of ugguruu qabu.

Kanaafuu humnoonni demokraatawoon deemsa waliin-haasayaa keessatti shira dhokataa abbootii irreetiin xaxamurraa yoomuu dammaqanii of eeguu qaban. Haala gaaffiileen bilisummaa siyaasaa jiran keessatti yaamichi marii araaraa abbootii irreetirraa dhihaatu warra demokraatotaa afanfaajjessuufi qabsoorraahis laaffisuuf akeekkatama. Warri demokraatotaa gaafii isaanii laaffisanii karaa nagayaatiin akka dhiheeffatan jechaa isaanimmoo hookkara ummata irratti geggeessan akka itti fufan kajeelu. Wal dhibdee akkasii keessatti dhugaadhaan marii araaraa geggeessuun qabsoo murteessaa booda abbootiin irree yeroo moohamanii lubbuu of baasuuf baqaaf gara dirree xayyaaraatti fuula deeffatan qofa taha..

**Shoora humnaafi danee waliin haasawa keessatti maali?**

Marii Araaraa ilaalchisee yaanni dhihaatu xiqqo ulfaataa yoo tahe mala ittiin laaffifamee ilaalamuu qabu barbaachisa. Akkaataa mariin araaraa ittiin hojjetu ilaalchiseetis hubannoo ifa tahe qabaachuu gaariidha.

‘Marii araaraa’ jechuun yaada lama kan wal dhaburratti walqixa taa’anii furmaata barbaaduu jechuu miti. Asirratti dhugaa gurguddaan lama ifatti beekamuu qaba. Inni duraa, waliin haasawa keessatti dhimmoota irratti wal tahamu kan murteessan ilaalchaafi akeeka murnoota haasawarratti hirmaataa jiran saniiti miti. Kan lammaffaa ammoo, dhimmoota marii araaraatiin wal tahiinsarra gahamu kan murteessu madaala humnaa garri lameen qabaatan taha.
.
Gaaffiilee rakkisoo xiinxaluun baay’ee barbaachisa. Warra waliin-haasawa irratti hirmaatu keessaa gamni tokko haasawa saniin wal tahinsairra gahuu didee yoo diige gamni hafe akka akeeka isaa milkaawuuf gara fuulduraatti maal gochuu qaba? Wal tahiinsi eega tahee booda gamni tokko wal tahiinsa san diigee humna qabutti dhimma bahuun akeeka ofiimilkeessuuf yoo sosso’e gamni kaan hoo, maal gochuu qaba?

Marii araaraa keessatti wal tahiinsarra gahuun dhimmi irratti marihatamu sirrii ykn dogongora tahuu madaaluudhaanii miti. Ittibahni marii araaraa humna garri lam,een walmorman qabaatan madaaluudhaan beekkama. Humnoonni demokraatawoon yoo xiqqaate gaaffiilee isaanii xixiqqoof deebii jiru mirkaneeffachuuf maal goochuu qaban? Abbootiin irree hoo, olaantummaa isaanii akka mirkaneeffatanitti turuuf demokraatota gaaffii isaanii irraa fageessuuf maal fa’a godhu?

Marii araaraa tokkorratti gamni lameenuu maal lakkisuu akka eehaman laaluun barbaachisaadha. Waliin-haasaa milkaawaa tokko keessatti dubbii-walii-dhiisanii karaa walakkaa deemuu (splitting differences)tu jiraata. Gamni tokko waan gaafatu keessaa hanga tokko ni argata; kan ofii barbaadurraahis haga tokko ni lakkisa.

Sirna abbaairree daangaa hin qabne keessatti humnoonni demokraatawoon abbootii irreetiif maal lakkisuu danda’an? Akeeka abbootii irree keessaa humnoonni demokraatawoon maal fa’a fudhatu? Mootummaa gara fuul duraatti jaaramu keessatti humnoonni demokraatawoon abbootii irreetiif qooda hojii heera keessatti raggaasifame kenuufiif jiraatuu? Yoo akkas tahe demokraasiin baananuu eessarratti ree?

Osoma mariin araaraa sirnaan deemaa jiru gaaffiilee tokko tokko kaasuun nifeesisa: nageenyi kanarraa argamu kan akkamiiti?, dimokraatoonni qabsoo yoo eegalan ykn itti fufan jireenyi ummataa haala duraan turerra ni wayyaawa

moo daranuu hammaata? Gaaffiilee kanneeniif deebii argachuun barbaachisaadha.

**Abbootii Irree "gaggaarii"**

Abbootiin irree ummata dhiitanii bulchuuf sababootaafi akeeka adda addaati qabu. Kunis: humna, taaytaa, leeccalloo, biyyas akka isaaniif tahutti geggeessuufi kan kana fakkaatan. Wanni beekuu qabnu jarri yoo aangoo lakkise akeeka isaanii kana kessaa tokkolleenuu hinmilkaawu. Kanaafuu marii araaraa keessatti akeeka isaanii milkeeffachuuf tattaafatu. Abbootiin irree marii araaraarratti hangamuu waadaa yoo seenanillee, kaayoo ofii fiixa baasuufi demokraatota afanfaajjessuufi jilbeenfachiisuurraa duubatti akka hin jenne beekamuu qaba.

Demokraatonni cunqursaafi ukkaamsaarraa yeroofillee tahu hafuura baafachuuf jecha sochii mormii isaanii yoo dhaaban booda qalbiin isaan cabuun ni mala. Mormiirraa dhaabbachuun takkee qofa roorroo hanqisuu dandaya. Mormiin biyya keessaafi idil-addunyaarraa itti dhufu yoo irraa qabbanaawe, abbootiin irree gocha garajabeenyaa ummatarratti raaw'atan bifa kan durirra hammaateen itti fufuun ni mala. Mormiin karaa nagayaatiin ummanni taasisu dadhabe jechuun bittaan gara jabinyaa abbootii irree daranuu hammaate jechuudha. Yeroo akkasiitti cunqursitoonni abbaa barbaadan wayta barbaadanitti rukutuu danda'u. Biyya Hindiitti waa'ee tooftaa qabsoo Maahtama Gaandiin geggeesseefi injifannoo argamerratti qorannoo kan geggeesse Kiriishnaalaal Shiriidaraanii, *'Ummatoonni gara jabeenya abbootii irree of irraa qolachuuf humna yeroo dhaban irreen cunqursitootaa daranuu jabaata.'* Jechuudhaan addeessa.

Mirgoonni ummataa yeroo rakkoo seenanitti furmaata kan fiduu danda'u haasawa osoo hintahin diddaa siyaasaa geggeessuudha. Yeroo fedhettuu tahu abbootii irree aangoorraa qaarsuuf diddaan siyaasaa itti fufuu qaba. Diddaan siyaasaa yookiin mormiin karaa nagayaa mala cimaa warri bilisummaa ofiitiif falmatan qabaatani jenna.

**Dada (nageenya) akkam?**

Abbootiin irreetiifi demokraatonni waa'ee nageenyaarratti kan waliin haasawan yoo tahe balaa booda as bahuu malu ilaalchisee ifatti yaaduun barbaachisaadha. Kan waa'ee 'nageenyaa' lallabu hundi nageenya bilisummaafi haqa dhugoomsu hawwa jechuu miti. Cunqursitoota tarkaanfii hammeenyaa ummata kumdhibboota irratti raaw'ataniif jilbiinfatanii buluun nagaya dhugaa fiduu hin danda'u. Hitlariilleen yeroo baay'ee waamicha nageenyaa dhiheessa ture. Yoggaa 'nageenya' jedhu garuu, hundumtuu fedhii isaatiif akka bitamee bulu kan gaafatu ture. Waamicha nageenyaa abbootii irree jechuun nageenya mana hidhaa keessaa yookiin awwaala keessaarraa addatti kan laalamu miti.

Balaawwan birootiis ni jiran. Gartuun abbaa-irree kan akeeka dhokataa qabatee waliin haasawaaf dhihaatu al tokko tokko akeekaafi adeemsa marii sanii waliin dhawuutu argama. Karaa qaceelloo akka hin qabanne taasisa. Kanarratti gaaffiin nageenyaa tan gama abbootii irreetirraa dhihaattu tan demokraatonni dhiheessanirraa haalaan adda tahuu isii hubachuu feesisa.

**Abdii qabaachuun maalif?**

Akkuma duraan ibsametti, matootiin humna mormituu qabsoo karaa demokraasiitirraa abdii dhabuudhaan akka marii araaraa qabaachuuf dirqamaniitti itti dhagayamuun nimala. Hamilee darree humna-dhablee namatti fakkeessitu tana garuu, jijjiiruun ni dandayama. Sirni abbaa-irree sirna waaraa miti. Ummanni sirna akkasii jalatti kufe dadhabaa tahee hafuu hinqabu; abbaa-irreetiis baraagadaaf jabeenya qabaatee itti fufuu hayyamamuu hinqabu. Aristootil bara jireenya isaatti, '*Umriin sirna abbaa-irree sirna mootummaa bifa fedhee kamirraayyuu gabaabaadha'* jedhee ture. Bittaan abbaa irrummaa bara kanaatiis kufaatiif saaxilamaadha. Dadhabbiin isaanii hammaachuu, humniti isaatiis unkutaawuudha mala. (KUTAA Afur keessatti dhimma kana bal'inaan laaluuf jirra.)

Seenaan baroota dhihoo sirni abbootii irree kufaatiif saaxilamaa tahuufi diigamuun isaaniis kan hin oolle tahuu mul'iseera. Fakkeenyaaf abbaa irrummaa koomiinistii biyyoota Poolaand, Jarman Bahaatiifi Chekozlovaakiyaa kuffisuuf waggoota kudhan (1980-1990) kan fudhate yoo tahu, bara 1989 keessatti torbaanota muraasa keessatti xumura argateera. El Saalvaadoorfi Guwaatiimaalaatti qabsoo ummatoonni bittoota abbaa-irree waraanaa tahanirratti karaa nagayaatiin taasisan bara 1944 keessa torbaanota lama keessatti injifannoo ummataatiin goolabame. Iraan keessatti humna waraana isaatiin kan sodaatamaa ture sirni Shaah baatiiwwan muraasa keessatti raaw'ateef. Abbichi irree Filippiins kan Maarqoos jedhamu akkasuma qabsoo ummanni karaa nagayaatiin irratti

taasiseen bara 1986tti torbaanota keessatti gombifame. Sirna Maarqoos deeggaraa kan turte Ameerikaanis mormitoonni sirna sunii jabaachaa dhufuu garraan gargaarsa isii dafteeti irraa murte. Gama birootiinis, Hagayya bara 1991 keessa fiinxaaleyyii  kooministi Tokkummaa Sooviyeetiin yaaliin fonqolcha mootummaa taasifamee ture mormii siyaasaa ummataatiin harkatti fashaleet jira. Sanii asis, ummatoonni addunyaa hedduun qabsoo walfakkaataa taasisaniin guyyoota, torbaanotafi ji'oota muraasa keessatti bilisummaa isaanii gonfataniiru.

Ilaalchi dullachi 'qabsoon qawweedhaan oofamtu bu'aa saffee argamsiisti; tan karaa nagayaatiin godhamtu garuu yeroo dheertuu fudhatti' jedhu har'a bakka hinqabu. Kuniis fakkeenyota reefuu tarrissine keessatti mirkanaaweera. Haa tahu malee haallan qabsoon karaa nagayaa yeroo dheertu  akka fudhatu dirqaniis ni jiran. Tahuyyuu, qabsoon ummanni karaa nagayaatiin abbootii irree kuffisuuf taasisu bifa kamirrayyuu yeroo gabaabaa keessatti akka bu'aa fiddu amanameera. Injifannoo gonfachuuf qabsoo taasifamu keessatti mariin araaraa filmaata tokkicha qofaa miti. Akkuma kutaa duraa keessatti laalletti, warra nagayaafi bilisummaa hawwaniif filmaanni biraatiis ni jira; innis diddaa siyaasaa kan karaa nagayaati.

## KUTAA SADI
## HUMNI YOOM HORATAMA?

Ummata tokko bilisummaafi nageenya akka argatu dandeessisuun hojii salphaa miti. Ogummaa jabduu tooftaafi tarsiimoo ittin baafatan, jaarmaya cimaafi karoora milkii qabaatu barbaachisa. Waan hunda caalaa ammoo humna gaafata. Demokraatonni dandeettii isaanii gahummaadhaan dalagaatti osoo hin hiikin dura matootii abbaairree buqqisuu hawwuu hin qaban.

Duuba kun akkamitti dhugoomuu danda'a? Humnoonni demokraasii humna akkamiitiin abbootii irree, caasmaya basaasaa poolisiitiifi humna waraanaa isaanii waliin taaytaarraa buusuu danda'u? Gaaffiilee akkaataa humni siyaasaa itti horatamurratti dhihaatan kana deebisuun ni danda'ama.

**Sheekkoo 'Gooftaa Jaldoo'**

Sheekkoo [oduu durii] biyya Chaaynaa tan bardhibbee 14ffaa keessaa takka mee haa ilaallu.
Kutaa Chaaynaa tan Chuu jedhaniin takka keessatti manguddoo jaldeeyyii tiksuun jiraatu tokkotu ture. Manguddoon kun fudraalee jaldeeyyiin sun bakka adda addaatirraa funaananii fidaniif nyaachuudhaan jiraata. Ummanni biyyaa manguddoo saniin akka afaan biyyaatti, '*Ju Gong'* (Goofta Jaldo) jechuudhaan yaamaan. Hoggayyuu ganama ganama jaldeeyyii san mooraa keessatti walitti qaba. Jaldeessa isa bulessa tahe keessaa filee ajajuudhaan warra hafe hogganee gaara dhaqanii akka fudraalee finaananii fidan bobbaasa. Jaldeeyyiin hundi matamatatti fudraalee guuranirraa dhibbeentaa kudhan jaarsa saniif fiduu amalfataniiru. Jaldeessi kana gochuu dadhabe ni reebama. Kanaafuu jaldeeyyiin baay'een seera kana guutuu dadhabanii yeroo hedduu manguddoo saniin hiraarfamu. Haatahu malee, tokkoon isaaniituu mormuudhaaf huxuchanii hin beekan.

Gaaf tokko garuu jaldeessi xiqqaan tokko, 'Ofii mukkeen fudraa san kan dhaabeefi kan kunuunse jaarsichuma nu ergatu kanaa?' jechuun warra kaan gaafate. 'Lakkii, inni hin dhaabne, mukkeen sun kan biqilanii guddatan uumamumaani.' jechuun deebisaniif hiriyoonni isaa. 'Eehama jaarsa kanaa malee mukkeen sanirraa fudraa guurrachuu hin dandeenyuu?' jedhee deebisee gaafate xiqqaan sun. 'Ni dandeenya.' jedhaniin. Jaldeessi xiqqaan gaaffii isaa itti fufuun, 'Duuba maaliif harka jaarsa kanaa keessatti kufne? Maaliif isa tajaajiluuf dirqamne?...' jechuun osoo gaaffii isaa hin xumurin jaldeeyyii maraafuu dubbiin galteef.

Guyyuma kana halkan hoggaa jaarsi irribni isa fudhate jaldeeyyiin hundinuu mooraa itti hidhamanii jiraataniifi karaa gara san geessu diigan. Itti fufuunis fudraalee armaandura isaanirraa sassaabee walitti kuuffatee qabu hunda guurratanii fudhachuudhaan gaaratti galan. Lamuutiis manguddicha sanitti as hin deebine. Manguddochiniis beelaan miidhameeti du'e jedhama.

Yuu Lii Ziin kitaaba isaa keessatti yoo dubbatu, 'Namoonni addunyaa kanaa tokko tokko ummata isaanii karaa qaceelloon osoo hin taane toftaa gowwoomsaadhaan bitan. Jarri akkasii kun goofticha jaldeessaa kanarraa maaliin adda tahu? Mataan fayyaa isaan hinqabu. Maayyiirratti hoggaa ummanni itti dammaqu toftaan isaanii sun akka jalaa fasahlu hin beekan.' [1]

**Maddeen aangoo siyaasaa**

Dubbiin laaftuudha. Abbootiin irree ummata bitan sunirraa deeggarsa barbaadu. Deeggarsa ummataa kanaan maleetti aangoo siyaasaa isaanii mirkaneeffachuu hin danda'an. Maddeen aangoo siyaasaa kanaas akka armaangadiitti ibsina.

- *Taaytaa*: sirni aangoorra jiru sun seeraqabeessa jedhanii amanuufi saran saniif ooggaluun dirqama jedhanii amanuu
- *Humna namaa*: lakkoofsaafi faayidaa namoota mootumaaf ajajamanii, tumsanii, yookiis mootummaa san deeggaranii;
- *Ogummaafi beekkomsa*: hujii murtaawe tokko raaw'achuuf gama mootummaatiin fedhii mul'atuufi namoonni yookiin murnoonni fedhii tana dalagaatti hiikuuf dandeettii qaban jiraachuu;
- *Haallaan qabatamoo tahin*: kan akka yaadqalbiifi aydiyoolojii mootummaa ooggaluufi haraagaru godhan jiraachuu

- *Leeccalloo meeshaalee*: Bittoonni leecalloo (resources) biyyattii, qabeenyaa uumamaa, madda maallaqaa, sirna dinagdee, sabaa himaaleefi tooftaalee qunnamtii irratti toyannoon taasisan bal'achuufi,
- *Qobqobbii:* warra sirna saniif oggoluu dide yookan morme adabanii of jalatti deebisuu

Maddeen aangoodhaa kunniin hundi, sirni sun ummata biratti fudhatama qabaachuu, ummanni sirna suniif caphee ooggaluu, namootaafi jaarmayoota hawaasaa kanneen adda addaa tumsa argachuurratti hirkatan.Tumsi akkanaa jiraachuun, waan aangoodhaaf barbaachisaan ni dabala; humnaafi aangoo mootummaatis nicimsa.

Gama biraatiin, abbootii irreetif tumsa akkanaa dhoowwachuun, madden aangoo sirna suniif barbaachisan gogsuu ni mala. Maddeen aangoodhaa kana dhabnaan abbootiin irree ni laaffatan; maayyii irrattis baqaniiti dhabaman.

Abbootiin irree uumamaan, yaadaafi dalagaa humna isaanii dhoru arguufi dhagahuu garmalee sodaatu. Kanaafuu kan isaaniif ajajamuu diduufi kan isaan dura dhaabbatu hunda doorsisuufi adabuutti cehu. Haa tahu malee yeroo hundumaa doorsisaafi adabbiin isaanii kun jilbiinfannaafi tumsa hawwan hin argamsiisuuf.

Otuma cunqursaafi hacuuccaan ummataa itti fufaa jirtuu, madden aangoo sirna sanii yoo hornagaman yookaan gogan, ittibahni sadarkaa duraa mootummaa san keessatti shakkiifi afanfaajjin uumamuudha. Itti aansuunis laafiinsi aangoo isaanii ifatti mul'atuu jalqaba. Deemsa yeroo keessattis yoo ummanni maddeen aangoo bittootaa san dhoowwachuu itti fufe, sirni sun ni laamshessa; dhumarrattis ni unkuteessa.

Gulantaan bilisummaa yookinis cunqursaa biyya kamuu keessatti mul'atu, bifa waliigalatiin, fedhiifi dandeeytii ummanni sun cunqursaadhaan mormuuf, bilisummaa ofiiti goonfachuufi humnoota isa gabroomfachuuf tattaafatan ofirraa ittisuuf qaburratti hirkata.

Abbootiin irree akkaan hamoonilleen (totalitarian)aangoon isaanii ummatuma of jalatti bitan sanirratti irkatti. Hayyuun siyaasaa Kaarl Duuchee jedhamu bara 1953 keessa akka hubachiisetti:

*"Humniti abbaa-irree tokko cimtee kan itti fufu dandeessu, yoo irra deddeebi'amee itti fayyadamuu baatan qofa taha. Humna akkasii saniin itti dedddeebi'anii ummata hunda doorsisuun, mootummaan san cimina san qabaattee yeroo dheertuuf akka hin tujiraanne taati Sirni abbaa-irree hamaan, ummata of jalatti bulchuudhaaf sirnoota biraa daran humna guddaa qabaachutti haajama. Kunis ummanni bal'inaan mootummaaf ooggaluu amalfachuufi kutaan hawaasaa wayyabni sirna saniif deeggarsa laachuu jechuudha taha."*

Bardhibbee 19ffaa keesa hayyichi seeraa biyya Ingliz, John Austin jedhanin, haala mootummaan abbaa-irree mormiifi jibbinsa ummanni mirga ofii baree mul'ifatu hogguu isa qunnamte haala uumamuuf malu ibseera. Akka Awustiin jedhutti, ummanni bittaa abbaa-irree of irraa kaasuuf murteeffatee yoo sosso'e, sirni suniis hangamuu deeggarsa biyya alaa qabaatullee, biyya keessatti sirna jibbamaa waan taheef hireen qabu diigamuu taha. Ummanni al tokko mormiif gadi baanaan deebisanii akka duraaniitti ooggalchiifachuun hin danda'amu.

Namichi Niccolo Machaivelli jedhaniin ammoo achiin dura *"Mootiin tokko ummata mara walitti qabee yoo diineyfate nageenya isaatiif wabii hin qabaatu; bittaan cunqursaa isaa lakkuma jabaataa deemuun sirni bittaa isaatiis laaffachaa adeema"*"jedhe.

Dhugoomni dubbii tanaatis, akkuma kutaa duraa keessatti himametti, qabsoo gootonni Norway bittaa sirna Naaziirratti godhaniinfi, bifa fakkatti kanaatin, qabsooleen biyyoota akka Poolaand, Jarman, Cheek, Slovaak fi biyyoota Kooministi kaneen biro keessatti hojii irra oolanii sirna Koominiizimii Awrooppaa keessaa buqqisaniin mirkanaa'eera.

Qabsoon karaa nagayaatiin ummanni geggeessu waan yeroo dhihoo keessatti mul'achuu jalqabdee miti. Inumaa dhaloota Kiristoos dura 494 B.C. keessa wayta Pileebiyaanonni gooftoota isaanii Roomaaf gabbarsa gochaa turan addaan kutanitti mul'ataa ture. Qabsoon karaa nagayaa yeroo gara garaatti Iisiyaa, Afriikaa, Ameerikaa, Awustiraaliyaafi odoollan Paasfiik keessatti akkasumas Awrooppaatti geggeeffamaa tureera.

Qabxiileen sadeen aangoo mootummaa tokko hammam takka tooyatamufi tooyatamuu dhabuu murteessan: 1) Fedhii ummanni aangoo mootummaa hoornaguuf qabu, 2) *Jabeenya* jaaramayootaafi waldayoonni ummatootaa madda aangoo mootummaa gogsuuf qabaniifi 3) *Dandeettii* ummatoonni deeggarsaafi eehama isaanii abbootii

irreetiif kennuurraa of qusachuuf qabani.

**Handhuura aangoo demokraatawaa**

Mallattoo hawaasa demokraatawaa keessaa, tokko murnoonnifi jaarmayoonni too'annoo mootummaatirraa walaba tahan baay'innaan jiraatuudha. Kunis, jaarmayoota amantii, waldayoota aadaa, paartiilee siyaasaa, gumiiwwan ispoortii, jaarmayoota daldalaa, waldayoota ogummaa, waldayoota barattootaa, waldayoota eegumsa naannoo, dhaabota mirga namoomaa, hawwisoolee, waldayoota ogbarruufi gurmuu sadarkaa warra tokkootti mul'atus ni dabalata. Qaamonni kunniin akeeka jaaramaniif milkeessuufi fedhii hawaasa sunii guutuuf fayyadan. Kun kan tahu garuu toyannaa mootummaarraa walaba tahanii fedhii hawaasa suniitiif yoo sossohan qofa.

Kana malees qaamonni kun gara siyaasaatin faaydaa guddaa qabaatu. Akka miseensonni waldayoota sanii daandii beekamaa tokko qabatan gochuufi warri biroo yookiin mootummaan akeeka ofii isaanirratti fe'uu akka hin dandeenyetti ofirraa faccisuuf gargaara. Warri jaarmayoota akkasiitiin ala jiran dhiibbaa gama kamiinuu itti dhufu of irraa deebisuuf gahummaa hin qabaatani.

Waldayoonni kun bilisummaafi amantii ofirratti qaban kana abbootii irreetiin yoo mulqaman ummanni sun abdii-dhabeessa taya. Kana malees, waldayoonni kun toyannoon abbaairree yoo itti hammaate, yookiis waldayoota toyannoo abbootii irreetiin sosso'aniin yoo bakka buufaman, miseensota waldayoota sanii qofatu cunqurfama osoo hin tahin qaamota hawaasaa kan naannoo san jiraatan cufatu ukkaamamuu mudata.
Haa tahu malee, qaamonni kun toyannoo mootummaarraa walaba tayanii bilisummaadhaan kan of sossoosan yoo tahe cunqursitoota ofirraa dhiibuufi mormii siyaasaa geggeessuuf baay'ee barbaachisan. Kun kan milkaawu garuu hawaasni sun jaarmayoota kanatti dhimma bahee mormii siyaasaa bal'innaan geggeessuu yoo dandaye qofa.

Olitti akkuma eerame handhuurri humnaa kunniin akka ummanni cunqursitoota irratti dhiibbaa ol'aanaa gochuu danda'uuf haala mijeessu. Fuulduraafis, hawaasa walaba jaaruuf caasaalee barbaachisan tahuun tajaajilan. Kanaafuu guddinnifi itti fufni isaanii, qabsoo bilisummaatiif akkaan barbaachisaadha.

Matootiin abbaa-irree jaarmayoota walaba kana dhabamsiisuu yookiin toyannaa jala galfachuu yoo dandayan humnoonni demokraatawoon sirna saniin morman jaarmayoota walaba kan biroo jaarrachuun dirqama taha. Yoo dandayames, toyannoo abbootii irreetirraa kan hafan yookiis hanguma tokko qofa kan toyannoo jalatti kufan san deebisanii akka ummata tajaajilan gochuu barbaachisa. Bara 1956-57tti biyya Hangaariitti warraaqsa geggeeffame keessatti, gumiiwwan demokraasii baay'een jaaramanii as bahuudhaan bulchiinsaafi jaarmayoota mootummaa sirna federaalummaatti torbaanotaaf caasessuu dandayanii turan. Poolaanditti xumura bara 1980mootaa keessa dafqaan bultoonni gurmuulee tumsaa kan beekkannoo seeraa hin qabne jaarratanii sosso'uu isaaniitiin, waldaya hojjetootaa kan seeraan jaaramee Koominastoota tajaajilu toyachuu dandayanii turan. Dagaaginni jaarmayoota akkasii kun gumaacha siyaasaa guddaa qabaatan.

Dhugaatti abbootii irree kamuu aangoorraa buusuuf sochiin godhamu salphaa godhamee laalamuu hin qabu. Yaaliin tokko tokkoon godhamu hundi galii lafa kaayame rukutuu dhabuun ni mala. Sochiin akkasii wareegama malee kan milkaawu hin tahu. Abbootiin irreetiifi jalleewwan isaanii, ummanni akka toyannaa isaanii jalaa hin baane tolchuuf jecha ummatarratti lola ofuufii balaa kamuu irraan gayuurraa duubatti hin jedhani. *Haatahu malee, akka olitti ifsametti ummanni jabaatee mormii isaa yoo finiinse, diigamsi sirna abbaa-irree dhugoomuun ni mala jechuudha.* Abbootiin irree amala wal fakkaataa kan qabsoo ummataarraa dandamachuu hin dandeenye tokko waliin qabu. Hundi isaaniituu daandii ukkaamsaafi cunqursaa calqaban saniin karaa dheeraa deemuun hin dandayamuufi. Kanas kutaa itti aanu keessatti bal'innaan laaluuf jirra.

## KUTAA AFUR
## CINAACHA DADHABAA SIRNA ABBAA-IRREE

Abbootiin irree yeroo baay'ee humna hin sarmine fakkaatu. Jaarmayoonni basaasaa, humni poolisiitiifi waraanni biyyaa, manneen hidhaa, bakkoonni ukkaamsaatiifi humni ajjeechaaf bobba'u hundi toyannoo matootii abbaa-irree muraasa jala jiran. Maallaqni biyyaa, leecalloon uumamaatiifi omishni hundi akka fedhanitti saamamee dantaafi fedhii abbootii irree guutuuf oolfama.

Faallaa kanaatiin ammoo, humnoonni demokraasii yeroo baay'ee dadhaboo, bu'aa-maleeyyiifi humna-dhabeeyyii fakkaatanii mul'atu. Hinsarmitummaa abbootii irreetiifi humna-dhablummaa ykn laafina gartuu mormituu kana arbeeysanii gurra guddisanii hubachuun akka qabsoon milkii hinqabaanne yaaduutti nama geessa. Dhugaan garuu akkasii miti.

### Mogolee Achiles adda baafatanii beekuu

Irreen hincabne fakkaattu takka, akka unkutaawuuf maltu sheekkoo warra Giriik takkaatu ifa godha. Dur Goota maqaan isaa Achiles jedhaniin tokkootu ture. Gooticha kana haleellaan isa miituufi habaleen gogaa isaa urtu hinjirtu jedhan. Jabeenya kana argachuun isaatiis osoo inni daa'imaa haatii isaa laga falfalaa "Styx" jedhaniin keessatti waan cuuphxeefi jedhan. Akkasinuu Achiles cinaacha laafaa hindhabne. Gaafa bishaan lagaa sanitti cuuphamu, mogolee isaa qabanii mataa isaa gadi gombisanii laga sun keessatti waan cuuphaniif mogoleen isaa bishaan suniin walqunnamuu hindandeenye. Kanaafuu falfalli sun mogolee Achiles balaarraa baraarsuun hin malle. Achiilees guddatee gaafa nama jabaa tahu eenyuufuu kan hin sarmine fakkaatee mul'ate. Gaaf tokko loltoota isaa wajjin tahee warra Troyiin loluuf waraana keessatti qooda fudhate. Yeroo kanatti namni hanquu Achiilees beeku dadhabbii tana qabaachuu isaa waan himeef loltuun gama diinaa tokko xiyya isaa mogolee Achilesirratti biiflatee darbachuudhaan Achiles ajjeese. Kanaafuu hanga har'aatti qaama namaa, karoora yookiin qaama jaarmayaa keessaa kan salphaatti rukutamuu dandayuun 'Mogolee Achiles' jechuun akkasiin jalqabame.

Kanarra akka hubannutti sirni abbaa-irree, hammamuu jabaa fakkaatu cinaacha dadhabaa ni qaba. Kanaafuu hanquun tuni eessa akka taate adda baafatanii beekuudhaan xiyyeeffatanii yoo haleelan yeroo gabaaduu keessatti bahii xiqqaadhaan cabsanii injifachuun ni dandayama.

### Cinaachoota dadhaboo sirna abbaa-irree

Cinaachoota dadhaboo sirna abbaa-irree keessaa, hamma tokko, armaangaditti tarreessina.

1. Namoonnifi gartuuleen sirna abbaa-irree san tajaajilan, walta'uudhaan ajajamuu yoo didan, dalagaaleen mootummaa ni dhibooyti ; dandeeytiin sirni sun ummata ukkaamsee of jalatti bulchuuf qabuus ni hir'ata.
2. Imaammannooifi tarkaanfileen abbaan irree sun kanaan dura ittiin fayyadamaa ture, dandeettii sirni sun rakkolee hahhaaraya furuuf tarsiimoo haraya baasuufi hojiirra oolchuuf qabaatu ni hornaga.
3. Sirni abbaa-irree yeroo dheertuuf bifa tokkoon hojii hobbaafachuu aadeeyfate, yeroo rakkoon harayni isa mudatte jijjiirama saffee haala suniin malu gochuu dadhabuun nimala.
4. Qabeenyaafi humna namaa hojii takkaaf qaata ramadame tokko laaftutti hojii haarayaaf oolchuun ni rakkisa.
5. Qoldaaltonni mootummaa sadarkaa gadi, irroolee isaanii muufachiisuu waan sodaataniif, odeeffannoo murtiidhaaf barbaachisu dhugatiifi guututti gabaasuu dhabuun nimala. Kun ammo abbaan irree tarsiimoo rakkoo isa mudatteen walsimattu baasuuf akka hindandeenye taasisa.
6. Tura keessa aydiyooloojinifi mallattooleen sirni sun ummata ittiin gowwomsaafi amansiisaa ture moofayaa deemuu danda'u.
7. Deeggartoonni abbaa-irree aydiyooloojii sirna saniitti akkaan malee yoo amanan, dugaafi dhara ddan baafachuu dadhabuudhaan, hujii sirna san ittisuuf brbaachisu rogaa hojjachuu dadhabuu malu.
8. Dandeettiinfi ciminni birokraasii laaffachaa deemuun, ykn haalli sirni abbaa-irree hojjattoota mootummaa iittin tooyatu akka malee cimuurraa kana ka'e imaammannoofi hojii sirna sunii milkii dhabsiisuun ni mala.
9. Waldhabdiin jaarmaya keessa jiraachuun, waldorgommiifi waljibbiinsi hojjettoota jiddutti mu'achuun, sirna abbaa-irree sun miidhuu qofa osoo hin tahin hojii isaatis ni jeeqa.

10. Haala, uggura, qajeelfamaafi cunqursaa sirni isaanirratti fe'e diduudhaan hayyoonniifi barattoonni finciluun sirna san sabata dhabsiisuun ni malu.
11. Tura keessa ummanni biyyaatuu sirna suniif dantaa dhabuu,tuffachuufi shakkiifi jibbiinsa horachuun ni mala.
12. Deeggartoota sirna abbaa-iirree keessatti garaagarummaan naannoo, gita, aadaa yookin saboota jidduu jirtu hammaachaa deemuun nimala.
13. Caasaan aangoo taligaa sirna abbaa-irree yoomuu sabata hinqabdu, takkee ammoo daran taha. Matayyoonni hojiifi taaytaa itti ramadamanirra daddaffi jijjiiruu qofa osoo hin tahin, gulantaa achii oliititti ykn achii gadiititti ramadamuun ykn achirraa qaarfamanii nama haarayaan bakka buufamuun ni mala.
14. Kutaaleen foolisii ykn kan humna waraanaa fedhii abbootii irreetiin alatti akeeka ofii raaw'achuuf sochii hamma fonqolcha mootummaatti gayu gochuun ni mala.
15. Sirni abbaa-irree tokko haaraya yoo tahe, hidda gad jabeeffachuuf yeroo isa barbaachisa.
16. Sirna abbaa-irree keessatti murtiileen hundi namoota muraasaan waan murteeffamaniif murtiirratti, imaammatarrattifi tarkaanfii fudhatamturratti dogongora mudachuun hin oolu.
17. Abbootiin irree balaalee akkanaa hambisuuf jecha toyannoofi murteessitummaa yoo qoqqoodan tooyannoo aangoo jiddoorratti qaban dhabaati deeman.

**Cinaacha dadhabaa sirna abbaa-irree haleeluu**

Humnoonni demokraatawoon cinaachoota dadhaboo gararreetti tarreeyfamaniifi kan uumamaan sirni abbaa-irree qabu kana hubachuufi qajeelfama 'mogolee Achiles' hordofuudhaan dadhabbiileen kuni daranuu akka hammaatan godhanii akka sirni sun jijjiiramu ykn unkutaawu taasisuu ni dandayan.

Abbootiin irree halaalaa jajjaboo haa fakkaatan malee, cinaacha dadhabaa, darrina keysaaleeysaa, waldorgommii matayyootaa, darrina wajjiroota hojii, waldiddaa jaarmayootaafi dameelee garagaraa jiddutti mul'attu akka qaban beekuu barbaachisa. Dadhabbiileen kuniis dhawaataan dandeettii sirna sunii darroomsanii haala jijjiiramaatiifi diddaa ummataatiif saaxiluun ni mala. Waan karoorfatan hunda hojiitti hiikuu hanqatu. Takkee, fakkeenyaaf ajajni Hitler gad dabarselleen qoondaloonni garjalee jiran waan didaniif suduudaan hojii irra hin oolu hindandeenye. Kana yoo jedhamu garuu, matootiin abbaa-irree gaaga'ama tokkoon maleetti dhabamsiifamu jechuu miti. Tarkaanfiin bilisummaaf jecha fudhatamtu tamuu, balaafi gadadoo qabaachuufi yeroo dheertuus fudhachuuu ni mala. Tarkaanfiin tamuu haala kamuu keessatti injifannoo saffee fiduu hindandeessu. Tahuyyuu, qabsoo humnaa kan abbootiin irree jabeenya itti qaban filachuurra tan cinaacha dadhabaa sirna sunii adda baafattee haleeluu xiyyeeffatuutu milkiif hiree wayyaa qabaata. Asirratti gaaffiin guddoon qabsoon tuni *akkamitti* haa geggeeffamtu tan jettu.

## KUTAA SHAN
## HUMNA QABANIIN SIRRITTI FAYYADAMUU

Kutaa duraa keessatti akka ibsametti, qabsoon hidhannoo sirna abbaa-irreerratti godhamtu cinaacha laafaa osoo hintahin cinaacha jabaa sirna suniiti haleelti. Bifa kanaan dirree mormii keessa seenuun dorgommii gara humna waraanaatiin, hidhannoo meeshaa waraanaatiin, dhiheessaafi teknoolojii meeshaa waraanatiifi wanneen kana fafakkaataniin hireen humniti mormattootaa gadicaphxuudha taati.  Karaa kanaan yeroo hundaa abbootiin irree hireen isaanii caalmaya qabdi.  Humnoota alaa baraarmayaaf abdachuun balaa nama mudachiisuuf maluus tarree galchinee jirra.  Kutaa lammaffaa keessattiis abbootii irree aangoorraa qaarsuuf marii araaraaraa akka malaatti fudhachuun rakkoolee akkam akka qabaatuus qoranneerra.

Duuba cinaacha dadhabaa abbootii irree adda baafatanii rukutuudhaan daranuu dadhabsiisuuf malli humnoota dimokraatawoof hiree caalmaya qabdu goonfachiisu maalfaatu jira? Kutaa Sadaffaa keessatti akka ibsametti tooftaalee tarkaanfii keessaa kammee faatu tiyoorii aangoo siyaasaatiif mijjooma qaba?  qajeelfama siyaasaa irratti hundaawan kam fa'a dalagaatti hiikuutu danda'ama? Eeyyee! Filmaanni jiru diddaa siyaasaa qofa.

Diddaan siyaasaa akkaagaroota armaan gadiiti qabaata:

- Itti bahni qabsoo tanaa tooftaa abbootiin irree filataniin murteeffama jechuu hinfudhatu.
- Sirni abbaa irree qabsoo bifa kanaan godhamtu dura dhaabbachuun isa dhibdi.
- Dadhabbii abbootii irree daranuu hammeesseeti madda humna isaanii xuuxee gogsa.
- Dalagaatti yoo hiikamtu qabsoon akka babal'ifamtu, akeeka murtaaweef ammoo, fuullee takkatti tuutteeyfamuun ni mala.
- Murtiifi tarkaanfiin abbootii irree dogongoraaf akka saaxilamu godha.
- Waldayootaafi jaarmayoota hawaasa keessa jiraniif ummata idilee qabsoof bobbaasanii sirna bittaa murna bicuu xumuruu nama dandeessisa.
- Humna taligaa hawaasa keessatti qooduufi sirna dimokraatawaa ijaaruufi tiksuun caalatti akka dandayamu godha

### Akkaataa  qabsoon karaa nagayaa ittiin adeemsifamtu

Akkuma waraanni dandeettii garagaraa qabutti  qabsoo karaa nagayaatis bifa adda addaatiin ittiin fayyadamuun ni mala. Kuniis mormitoonni  tarkaanfii adda addaa akka fudhatan kakaasuurraa eegalee, waldiddaan jirtu karaa nagayaatiin furmaata akka argattu haala mijjeessuu, yookinis sirna bittaa abbaa irrummaa sun diiguu nama dandeessisa.  Haa tahu malee qabsoon karaa nagayaa tarkaanfii humnaan godhamturraa bifa gargar taheen hojiirra famti Tooftaaleen lamaanuu karaa qabsoon ittiin geggeeffamtu haa tahan malee, mala ittiin dhimma bahaniifi bu'aa argamsiisaniin walirraa adda. Akkaataafi itti bahni qabsoo humnaa beekkamaadha. Deemsifibu'aan filannoo karaa humnaan argamu maal akka tahu beekamaadha. Ilma namaa doorsisuuf, miidhuuf, ajjeesuufi dhabamsiisuuf meeshaalee waraanaatiin gargaaramu.

Qabsoon karaa nagayaa kan karaa hidhannoo caalaa xaxamtuudha; tooftaaleen ittiin fayyadamtuus baay'eedha. Qabsoon karaa nagayaa jaarmayoonni hawaasa keessa jiraniifi hawaasni bal'aan meeshaalee yaadqalbii, hawaasaalee, dinagleefi siyaaslee tahanitti fayyadamuudhaan gaggeeffamti.  Kunis sochiilee diddaa kanneen maqaa adda addaa qabaniin beekama: fincila hojii dhaabuu, ajajamuu diduu, deeggarsa waakkachuu, hammeeffachuufihumna ummataa agarsiisuu faa taha.  Akkuma gararreetti ibsametti  mootummaan takka ummataafi jaarmayoota hawaasaatirraa oggoluu, ajajamuufi tumsa yoo argatte qofa aangoorra turuu dandeessi. Diddaan siyaasaa, tarkaanfii humnaa caalaa maddeen mootummaan taaytaaf barbaaddu kana gogsuuf mijjooma qabaata.

### Meeshaaleefi Naamusa qabsoo karaa nagayaa

Mormii karaa nagayaa kan osoo lafjalatti sirriitti itti hin yaadamin godhamtu keessatti  dogoggorri deddeebi'ee mul'atu, tooftaalee qabsoo tokko ykn lama kan akka hojii dhaabuufi hirriira bahu qofa abdatanii bobbohuudha. Dhugaan isaa garuu, qabsoo diddaa siyaasaa akka barbaachiseetti bal'ina akka qabaattu ykn dhimma tokko fuulleeffattu gochuuf tooftaalee bay'eetu jira.

Yeroo ammaatti tooftaalee qabsoo karaa nagayaa lakkoofsaan dhibba lama caalan ifatti beekkamaniif kanneen sunii oliitiis jiraachuun beekkamaadha. Tooftaaleen kuniis murnoota gurguddaa sadihitti gargar ramadaman. Isaanis: Karaa nagayaatiin mormuufi amansiisuu, Tumsaa-dhoowwachuufi, booreysuudha.

Malli karaa nagayaatiin mormuufi amansiisuu jennuun kuni hiriira bahuu, deemsa miilaa taasisuufi guyyaa mormii addaa dabalatee maloota 54 qaba. Tumsa waakkachuun ammoo dameelee sadihitti gargar qoodama. isaanis: Tumsa hawaaslee dhowwachuu (maloota 16 of keessaa qaba);Tumsa dinaglee dhorkachuu, lagannoo (boycotts) dabalatee (maloota 26) fi; hojii dhaabuu (maloota 23),Tumsa siyaasaa dhorkachuu (maloota 38)

Karaa nagaya taheen mala qorqalbaawaa, hawaasaawaa, dinagdaawaa yookiis siyaasaawaatiin hojii mootummaa booressuu, fakkeenyaaf waan akka soomanuu, qubannaa karaa nagayaafi faallaa mootummaatiin of gurmeessuun (maloota 41 qaba) isa maayyii ti.(Maloonni 198 kan guutummaatti waan kana ibsan xumura kitaaba kanaarratti argamu)

Malaafi tooftaaleen galii qabsootiif eeggannoodhaan filaman kun siiviilota qaroodhaan gargar citii malee hojiirra yoo oolfaman sirna seera-maleessa kamuurrattuu rakkoo cimtuu fiduun isaanii hin'oolu. Kunis mootummaa bifa hundaarratti hojjechuu ni danda'a.

Tooftaaleen qabsoo karaa nagayaa qabsoo karaa waraanaatirraa bifa adda taheen dhimmoota fiffiniinoorratti suduudaan akka xiyyeeffatamu godhu. Fakkeenyaaf, dhimmi abbootii irree dhimma siyaasaa waan taheef, tooftaaleen qabsoo karaa nagayaa bifa siyaaslee taheen hojiirra oolfamuun murteessaa taha. Kunis aangoo abbootii irree akka seera-qabeessaatti fudhachuu diduufi ajajamuu diduu faa dabalata. Tumsa dhowwachuun imaammatoota mootummaa kanneen addatti akka xiyyeeffatu gochuunis ni danda'ama. Wanta tahe tokko yeroo murtaaweef gufachiisuun akka barbaachisummaa isaatti iccitiidhaan raaw'atamuu kan danda'u yoo tahu, akkasumas ammoo ajajamuu diduu, hiriira nagayaa bahuufi hojii dhaabuun ifatti geggeeffamuu danda'u.

Gama biraatiin ammoo, mootummaan abbaa'irree kan taaytaarra jiru dhiibdeelee diinnaglee yoo mudate yookinis gaaffiin ummataa, garri caalu, dhimma dinagdeerratti yoo tahe, meeshaalee bituu diduufi tajaajiloota mootummaa lagachuun, akkasumas hojii dhaabuun tooftaalee qabsoo filatamoodha. Mootummaan sun sirna diinnagdee dantaa ofiitiif oolchuuf yaaliin godhu tarkaanfiilee hojii dhaabuu, hojii dhibeeysuufi diddaa ogeeyyii murteessoo tahaniin daranuu akka miidhamu godhan. Bakkoota murteessoo akka dhaabota omishaa, jaarmayoota geejjibaa, dhiheessii meeshaa dheedhiifi raabsii oomishaa keessatti diddaan hojii dhaabuu geggeeffamuun ni mala.

Namoonni tooftaa qabsoo karaa nagayaa tokko tokko keessatti qooda fudhatan haala jireenya isaanii geggeessaa turanii irraa bifa adda taheen dirqama biraa bahachuutu irraa eegama. Fakkeenyaaf, waraqaalee odeeffannoo (leaflets) raabsuu, maxxansa iccitii keessaa qooda fudhachuu, soora nyaachuu diduu (hunger strike) yookiniis karaa cufanii tattaa'uu fa'a taha. Yoo haalli qabsooitti nama dirqe malee tooftaaleen kun namoota gariitii dhibuun ni mala.

Tooftaalee qabsoo nagayaa kan biroo keessatti garuu namoonni hojii isaanii kan guyyayyuu raaw'achaatuma qabsoo san keessaa qooda fudhachuu dandayan. Fakkeenyaaf, hojii dhaabuu mannaa hojii irratti argamuu danda'u. Haa tahu malee, beekaa hojii san qabbaneessu yookaan bu'aan hojii sanii hanga baratamerraa akka gad xiqqaatu taasisu. Kana malees beekaa hojii sana keessatti irra deddeebi'anii 'dogoggoroota' raaw'atu. Namoonni tokko tokkos, beekaati 'dhukkubsadhe' jechuun beeksisu, yookiis ifa baasanii hojjechuu 'hin dandayu' jechuu malu. Ayyaanota amantii kan calaqqee siyaaslee qaban fa'a irratti hirmaatu. Daa'imman isaaniis barnoota ololaan guutame kan manneen barnootaatti kennamuuf irraa tiksuuf jecha mana keessatti barsiifatu. Dhaabota dirqamatti irratti hirmaachuu qaban irraa hafuunis mala diddaa tokko. Tooftaaleen qabsoo akka fakkeenyaatti kaafaman kun ummanni sochii jireenya isaa injifachuuf taasisu waliin wal fakkaachuun yookiis wal cinaatti geggeeffamuu danda'uun, akka namoonni heddumminaan qabsoo farra-abbaa irree sanirratti laaftutti hirmaatan taasisa.

Qabsoon karaa nagayaatiifi qabsoon hookkaraa karaa wal hin fakkaaneen waan geggeeffamaniif, mormiin humnaan deeggarame qabsoo karaa nagayaa keessatti makamuun, qabsoo sana roga jabeenya abbootii irree tahe gara lola qawweetti waan jijjiiruud kasaaraa guddaa qabaata. Diddaan karaa nagayaatiin godhamtu injifannoof murteessaa waan taateef tuttuqaafi gocha garajabeenyaa abbootii irreetiifi jaleelee isaaniitiin raaw'atamtu hangamuu jiraatullee naamusa eeggachuutu barbaachisa.

Akka armaangaditti laaluuf jiraannutti tarkaanfii humnaatiirraa of qusatanii mormii karaa nagayaarratti cichuun

qajeelfamoota afran akkaataa qabsoo karaa nagayaa ittiin geeggssan ni saffisiisa. Qabsoon karaa nagayaa madaala humna siyaasaa gara mormitootaatitti conqolchuun murteessaadha. Sirni abbaa'irree qabsaawota nagayaarratti tarkaanfii garajabeenyaa kan fudhatu yoo tahe, gargaartota sirna saniitiifi qaamota sadaffaarraa deeggarsi gara mormituu akka dhufu gochuu isaa caalaa, abbootii taaytaa sirna sunii ni shororkeesa.

Haatahu malee, takkee tarkaanfiin humnaa sirna sunirratti fudhatamuun hin oolu. Jibbiinsaafi abdidhabiinsi ummanni sirna sunirratti qabu gara tarkaanfii humnaatti jijjiiramuun ni mala.  yookiin ammoo, qaamonni hawaasaa garii faaydaa qabsoon karaa nagayaa qabdu osuma beekanuu filannoo humnaa sanirraa of qusachuun itti ulfaachuun ni mala. Wanti beekamuu qabu garuu, mormiin siyaasaa karaa nagyaatiin geggeeffamtu waakkatamuu hinqabdu. Yoo tarkaanfiin humnaa kan itti makamu tahes hanga danda'ametti tarkaanfii humnaa sun qabsoo karaa nagayaatiin geggeeffamturraa addatti baasuu barbaachisa. Kunis, teessuma lafaa, qaamota hawaasaa kanneen adda addaa, haala yerootiifi dhimmoota fiffiniinoo mul'atanirratti hundaawee ilaalamuudha qaba. Kuni tahuu dhabee humnaan fayyadamuu filachuun diddaa karaa nagayaa kan silaa bu'aafi jabeenya caalaa qaburratti gaaga'ama afeeruudha taha.

Ragaaleen seenaa akka mul'isanitti, qabsoo diddaa siyaasaa keessatti kanneen du'aniifi madaawan hindhabaman;  balaa karaa qabsoo hidhannoo keessatti mudatamurra ammoo, haalaan xiqqaadha. Kana malees, qabsoon karaa nagayaa wal ajjeechaafi tarkaanfii garajabeenyaa dhuma hin qabneef gonkumaadabarsitee nama hinkennitu.

Qabsoon karaa nagayaa humna mootummaatiifi tarkaanfii fudhatamuuf maltu sodaachuurraa baraaramuu gaafata. Sodaa hanqisuun yookiin toyachuun bittaa humnaa sirni ukkaamsaan sun ummatarratti fe'e dhabamsiisuuf murteessaadha.

**Basaqeeysummaa, iccitoommiifi cichooma**

Iccitiin, sobaafi shirri dhooksaan qabsoo karaa nagayaatiin godhamturratti rakkoo ciccimtuudha uuma. Ijibbaata humnoonni poolisiifi basaasoonni sirna sunii sagantaafi  karoora qabsoo karaa nagayaa kana baruuf goodhan ittisuun nama dhiba. Iccitaawummaan adeemsa qabsoodhaa keessatti sodaarraa haa magartu malee, soda biraa  uumuudhaan murannoo mormiif barbaachiftu nama keessatti ajjeeftee baay'ina namoota mormii keessatti hirmaachuuf malaniitis ni hanqisti. Kana malees, eenyu michuu qabsoo akka taheefi eenyu ergamaa diinaa akka tahe laalchisee walshakkiifi walyakkiinsi, yeroo baay'ee ragaa tokkoon maletti, mooraa qabsoo keessa akka jiraattu godha. Kuniis akka qabsoon karaa nagayaatiin itti hinfufne godha.

Faallaa kanaatiin, wantoota raaw'atamuuf karoorfataman gama ilaaluun tashannoofi ifabahiinsi jiraachuun bu'aa gaarii fida; cimina ykn jabeenya qabsoon mormii sun qabduus ni mul'isa. Dhimmi kuni garuu, kana caalaa xaxamaadha; adeemsi qabsootiis hammi iccitiidhaan eeggamuu qabu jiraachuun hubatamuu qaba. Dhimma kana ilaalchisee gamaaggammiin ragaarratti irkatte warra adeemsa qabsootiifi dandeettii sirni abbaa-irree basaasmayaaf qabu qajeellotti hubataniin  godhamuudha qabdi. Barruulee dhoksaadhaan gulaalamanii maxxamfamanii raabsaman, sagantaan raadiyoona laf dhokoorraa dabarfamuufi sochii mootummaan abbaa irree raaw'achuuf deemurratti odeeyfannoo sassaabuun sochiilee iccitii cimtuudhaan tikfamuu qaban keessaa hama tokko jechuudha.

Qabsoo karaa nagayaa keessatti sadarkaa kamittuu haalaafi amala kabajaa ol'aantii qabu goonfatanii argamuu barbaachisaadha. Sodaa qabaachuu  dhabuufi naamusa qabsoo karaa nagayaa eeguun hoggayyuu dirqama. Jijjiirraa barbaadamu tokko dhugoomsuuf hirmaannaan namoota baay'ee hoggayyuu akka barbaachisu yaadatamuu qaba. Namoonni kun hundinuu haalaafi amala qabsoon barbaaddu qabaatanii argamuudha barbaachisa.

**Hariiroon madaallii humnaa hijjijjiiramuu**

Warrii tarsiimoo qabsootirratti hojjetu waldiddaa gartokkeen mormii karaa nagayaatiin oofamtu keessatti jijjiiramni gargar citii hinqabne bifa falmii walfaanoooommii qabduun adeemtu jiraachuu beekuudha qaban. Wanti sabatee bakka tokko taa'u hinjiru.  Hariiroon humnoota walmorman jidduu jirtu jijjiirama saffee gargar hincinne qabaatti. Kana dhugoomsuuf, cunqursaan hammamuu hammaatullee mormattoonni qabsoo isaanii tan  karaa nagayaarratti cichanii itti fufuu qabu.

Jijjiiramni karaa madaala humnaatiin qabsoo akkanaa keessatti murnoota walmorman jiddutti mul'atu, isa qabsoo

qawwee keessatti mul'aturra hammaachuu, daddaffitti tahuufi itti baha walirraa addaa dhiibbaa gara siyaasaatiin hubatamu qabaata. Garaagarummaan akkanaa jiraachuu isiitiin tarkaanfiin mormitoonno roga tokkoon fudhatan itti baha yeroofi bakka itti fudhatamte suniin gama taru qabaachuun ni mala. Kunis murna tokko ykn kaan jabeessuu ykn laaffisuun ni mala.

Kana malees, gartuun karaa nagayaatiin qabsooytu humna diinaa cimsuu ykn laaffisuuf dhiibbaa niqabaata. Fakkeenyaaf, diddaan tarkaanfii garajabeenyaa abbaan irree fudhatu dura murannoofi naamusa gaariidhaan sabattee dhaabbattu sirna sunirratti jeeqamni, jibbiinsi, amantii dhabuun akka dhalattu godha; takkkee ammoo waraanaafi humni tikaa ummataaf golisanii sirna sunirratti akka fincilan gochuu ni dandaya. Mormiin tuniis mootummaan abbaa'irree idil addunyaatti akka balaaleffatamtu gochuun nimala. Kana malees, mormiin siyaasaa naamusa qabaattee, gamnummaafi bifa sabata qabduun gaggeeffamtu warra silaa mootummaa deeggaruufi kanneen osoo gartokkottillee hingolisin jiddoo tahanillee gara qabsootti hawaachuun ni mala.

**Karaalee afran jijjiiramni ittiin dhufu**

Qabsoon karaa nagayaa karaalee afuriin jijjirama fiddi. Isaanis: *jijjiiruu, waldandayuu, nagayaan dirqisiisuu*fi *diina diiguu*dha. Karaa inni duraa sun garuu milkaawuuf hireen jirtu dhiphoodha. Miseensonni mootummaa cunqursituu sunii sirni isaanii qabsaayota karaa nagayaatiin mormii isaanii ibsatanirratti hamtuu akka raaw'atu yoo argan, yookiin akeekni qabsaawotaa sunii kan haqaa tahuu yoo amanan mooraa mormituu sanitti makamuun isaanii nimala. Kunis karaalee qabsoon nagayaa ittiin geggeeffaman afran keessaa, tokko, kan *jijjiiramuu (conversion)* jedhamu ibsa. Jijjiiramni akkasii kun dabree dabree kan mul'atu tahullee, yeroo baay'ee waldiddaa siyaasaa keessatti inumaa mul'achuu dhabuun ni mala.

Yeroo baay'ee qabsoon karaa nagayaaa haala wal dhabdiitiifi haala hawaasaa jijjiiruudhaan humni faallaan waan barbaadu akka fedha isaatti akka hin raaw'anne danqa. Jijjiirraa akkasii kanaatu karaalee sadeen hafaniif jechuunis: wal daneettiin, karaa nagayaatiin boorteeyyuufi diigamsi sirna diinaatiif haala mijjeessa. Karaalee sadeen kana keessaa, kammeen akka dhugoomu kan murteessu madaalli humnaa bifuma fedheenuu tahu gara demokraatotaatti yoo conqole qofa taha.

Dhimmoonni kun murteessoo hanga hin tahinitti gaaffiin mormitoonni duula isaanii keessatti kaasan dhiibbaa kan uumuu danda'an fakkaatanii hin tilmaamaman. Qabsoon mormitootaa madaala humnaa bifuma murtaaween jijjiiruu yoo danda'e garuu, waldhabbiin jirtu waliigalteerra gahuun, garaagarummaa jirtuus dhiphisuu yookiin waldanda'uudhaan xumuramuun ni mala. Karaan kun *waldandayuu (accommodation)* jedhama. Fakkeenyaaf mormii hojii dhaabuu keessatti humnoonni waldura dhaabbatan lamaan, fedhii isaanii akka gaaritti guuttachuu baatanillee karaa waldanda'uu kanaan furachuu danda'u. Mootummaanis muddama jiru laaffisuuf jecha gaaffiilee barbaachisoo tahan akka fudhatu hawaasatti agarsiisuuf jecha yookiis maqaa isaa kan hawaasa addunyaa biratti xuraawe qulqulleeffachuuf waan isa gargaaruuf tarkaanfii kana akka bu'aa gaariitti fudhata. Waan taheefis dhimmoota araaraan furamuu danda'an filuurratti of eeggannoo cimtuu gochuu barbaachisa. Akkasuu tahee garuu, karaan kun karaalee abbootii irree taaytaarraa ittiin buusan keessaa tokkoo miti.

Qabsoon karaa nagayaa karaalee jijjiirraafi wal danda'iinsaa jechuun ifsame caalaa jabaafi abdachiisaadha. Tumsa dhowwachuufi diddaa siyaasaa ummata wayyaba hirmaachisu geggeessuudhaan, haallan siyaasaafi hawaasummaa keessumattuu hiriira humnaa jijjiira. Ol'aantummaa abbootiin irree dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa irratti qaban jalaa dhaweeti ummataas toyannoo isaanii jalaa baasa. Humnoonni waraanaa mootummaa abbaa irree saniis amanamtummaa dhabuudhaan ajaja mormitoota akka haleelan itti kennamu fudhachuu diduutu mala. Matootiin abbaa irree ilaalchuma qabaachaa turanitti cichanii aangoorra yoo turanillee, dalagaa karoorfatan itti fufuuf humna hin qabaatan. Kunis *nagayaan dirqisiisuu (nonviolent coercion)* jedhama.

Haallan toyannoon ala bayan tokko tokko irraa ka'uun, nagayaan dirqisiisuun qabsoo tana caalaatti fuulduratti dhiibuufi bu'aa mirqaansaa argamsiisuu ni dandaya. Hogganni mootummaa abbaa irree sanii humna waan dhabuuf caasaan ajaja isaa laamsha'aa taha. Mormitoonni ofiin of qaceelchuu, tumsa dhowwachuufi diddaa jabeessuudhaan daranuu yoo of cimsaa deeman abbootiin irree toyannoo tokkoillee isaan irratti gochuudha dhaba. Biirokraasiin mootummaatiis hogganoota jiraniif ajajamuu dhaaba. Waraanafi poolisnis ni fincilu. Qaamonni hawaasaa mootummaa abbaa irree san deeggaruun beekaman illee sirna sun gananiiti hogganoonni isaanii biyya bulchuuf mirga akka hin qabne ifatti dubbachuu jalqabu. Deeggarsaafi ajajamtummaan sirnichaaf godhamaa ture hundi biyyee nyaata. Kanaafuu karaan jijjiirraa afraffaan, jechuunis, gartuun bittootaa sirna isaa waliin diigama ilaalchi

jedhu yoo dhugoomu sirnichi harkuma kennachuuf illee humna dhaba. Dhumarrattis mootummaan abbaa irree sun ni jiga. *Diina diiguu (disintegration)* jechuun kan afraffaa irratti ibsames akkasitti dhugooma.

Qabsoo farra-abbootii irree cabsuuf qophii godhamu keessatti karaaleen jijjiirama fidan afran kun qomatti qabatamuu qaban. Al tokko tokko karaaleen jijjiirama fidan kunniin kan hojjetan akkuma tasaa ti. Haa tahu malee karaalee kanneen keessaa tokko yookiis tokkoo ol fudhachuun akka wal dhabbii furanitti yoo itti dhimma bahame, maloota ittiin galii qabsootti dhihaatan argamsiisuuf ni gargaaru. Kana jechuun, karaalee kanneen keessaa tokko filachuudura wantoonni laalamuu qaban baay'eedha. Hiriiraafi cimina humnoota gartuulee faallaa, akkasumattiis ilaalchaafi kaayoo murna human nagayaatis laalamuudha qaba.

**Dandeettii diddaan siyaasaa haala dimokraasii fiduuf qabdu**

Qabsoo karaa humnaatiin godhamtuufi jiddoommii cimsitu caalaa qabsoon karaa nagayaa karaalee hedduudhaan hawaasa sun demokraatessuuf gumaacha.

Deemsi demokraatessuu kun karaa tokkoon dhiibbaa diigaa qabaata. Kunis haala faallaa qabsoo karaa qawwee taheen, akka hogganni mootummaa gara jabeessa tahee ummata irratti abbaa irrummaa isaa mul'isee jibbamu taasisuu hanqachuu isaa ti. Akka mormii karaa siyaasaa kanaatti, hogganoonni hordoftoota isaanii irratti dhiibbaa siyaasaa bulchuu danda'an illee, hordoftoonni isaanii yoo diddaa garsiisanii hogganoota fedhan biroo filatan hidhuu yookiis rashanuu hin danda'ani jechuudha.

Tooftaan qabsoo demokraatessaan kan biraa ammoo gumaacha ijaaraadha qaba. Innis, qabsoon karaa nagayaa ummanni mirgootaafibilisummaa ittiin waan jibbe mormee waan jaalate deeggaru akka abbootiin irree isa hin sarbine of irraa ittisuuf gargaara. Faayidaaleen qabsoo demokraatessuudhaan argaman baay'een akka armaan gadiitti tarrifamaniiru.

Mooyxannoon hawaasni tokko qabsoo nagayaa irraa argatu caalaatti akka of abdatu waan isa taasisuuf dabaafi cunqursaa murna abbaa irree faccisuuf isa dandeessisa.

Hawaasni mooyxannoo qabsoo nagayaa kan akka tumsa dhoorgachuufi mormii siyaasaa fa'a horate, murni abbaa irree kamuu ukkaamsaafi gochaa farra demokraasummaa irraan gahu qolachuu danda'a.

Qabsoon nagayaa faallaa toyannoo abbootii irreetiin mirgoota demokraasummaa kan akka mirgoota dubbachuu, mirgoota maxxansuu, walabummaan jaaramuufi walgahuu dhugoomfachuuf gargaara.

Akkuma olitti eerame qabsoon karaa nagayaa akka hawaasa keessatti gurmuuleefi jaarmayoonni walabni dhalataniifi hundee gad jabeeffatan qooda guddaa gumaachiti. Jarri kunis humna hawaasaatitti dhimma bahuun abbootii irreerratti iggitii gochuudhaan akka demokraasiin diriirtee daraartu fayyadu.
Qabsoon karaa nagayaa akka hawaasni tarkaanfiilee waraanaafi poolisiin mootummaa abbaa irree fudhattu dura dhaabbachuu danda'utti haala mijijjeessaaf.

Hawaasaa jaarmayoonni tooftaalee qabsoo karaa nagayaatiin demokraasii gad jabeessuudhaan madda humna mootummaa abbaa irree ni daangessu yookiis guutummaatti gogsu. Humna sirni sun acunqursaa ittiin geggeessus akka laaffatu godha.

**Xaxoommii qabsoo karaa nagayaa**

Marii kana keessatti akkuma laalaa jirru, qabsoon karaa nagayaa maloota, karaaleefi amaloota heddu guuttachuufiitti dhimma bahuudhaan tarkaanfiilee hawaasummaa wal xaxoo tahan fudhata. Keessumattuu abbaa irree tokko taaytaa irraa buusuuf mormiin siyaasaa godhamu akka firii-qabeessa tahuuf of eeggannoodhaan karoorfachuufiitti qophaawuu gaafata. Qaamonni qabsocha keessatti hirmaachuu danda'anis maaltu akka irraa barbaadamu ifatti beekuu qabani. Leecallooleen barbaachisanis argamuu qabu. Qopheessitoonni tarsiimoodhaa, karoora galiitti isaan dhiheessu yeroo wixinan karaa caalaatti ittiin bu'aa-qabeessa tahuu danda'an qorachuu barbaachisa. Kana booda kutaa murteessaa tahe Qophii Karoora Tarsiimootitti ceena.

## KUTAA JAHA
## BARBAACHISUMMAA KAROORA TARSIIMOO

Mormiin siyaasaa tan farra sirna abbootii irreerratti godhamtu karaalee adda addaatiin eegalamuudha malti. Dur mormiin akkanaa tuni bifa waliigalaatti karoorfamoo hinturre; inumaatuu akkuma tasaatti tan eegalamtu turte. Roorrooleen akka qaanqee jalqabaatti mormiilee akkasii qabsiisan walirraa adda haa tahan malee, yeroo baay'ee haallan kanatti aanan of keessaa qaban: tarkaanfiilee hahhamoo hahhaaraya abbootii irreetiin raaw'ataman, namni beekamaan ykn kabajamaan tokko hidhamuu yookiin ajjeefamuu, imaammanni ykn qajeelfamni cunqursaa hahhaarayni bahuu, hanqinni nyaataa jiraachuu, amantiin kabajaa dhabuu, yokiniis kabajaa ayyaana beekamaa tokkoorratti fa'a tahuudha mala.

Al tokko tokkos tarkaanfiin abbootiin irree fudhatan ummata waan dheekkamsiisuuf akkaataa itti xumuramu osoo hinbeekne fincila kaasuun ni mala. Yeroo garii ammoo tarkaanfiin namni murataan tokko yookiin murni xiqqaan tokko fudhatu deeggarsa bal'aa argamsiisee ummata kakaasuun ni mala. Roorroon ummata bal'aarratti raaw'atamtu kutaalee hawaasaa waan waliif anaannachiiftuuf waliif tumsanii waliin akka qabsaawan isaan godha. Takkee ammoo, waamichi namni ykn murni tokko qabsoodhaaf godhu haala hin eegaminiin ummata bal'irraa deeggarsa bal'aa argachuun ni mala.

Karooraan malee deemuun toltuu muraasa qabaatullee yeroo baay'ee hamtuu namarraan gayuutu irra caalee argame. Yeroo baay'ee humnoonni demokraatawoon hiraar abbootiin irree isaanirraan gayuuf malu dursanii beekuu dhabuurraa balaa cimtuu mudataniiru; qabsoon diddaa cunqursaatis caccabuu mudatteera. Al tokko tokkos humnoonni demokrasii karoora qabaachuu dhabuu isaaniitiin murtiilee akkaan barbaachisoo tahan nasiibaaf dabarsinii waan lakkisaniif gaaga'ama hamaa mudachuuf malu. Eega sirni cunqursaa cabe boodallee, akkaataa yeroon ceehumsaa gara sirna demokraasiitti itti tarkaanfattu ilaalchisee karoora qabaachuu dhabuun dhaloota sirna abbaa'irree haarayaaf nama saaxila.

### Karoora malchiisu qabaachuu

Hegere, tarkaanfiileen karooraan maletti ummanni fudhatu qabsoo farra sirna abbaa'irree keessatti shoora guddaa akka qabaatan shakkiin hinjirtu. Haa tahu malee, yeroo ammaa karaalee abbaa'irree kuffisuuf milkii qabaatan herraguu, sadarkaa bilchina haala siyaasaatiifi hammamii fedhii ummataa gamaaggamuufi akkaataa duulli qabsoo ittiin eegalamu filanii murteeffachuun ni dandayama. Haala akkasii keessatti bilisummaa goonfachuuf haala qabatamaa lafa jiru qormaata malchiisaarratti irkachuudhaan hubachuu, dandeeytii ummataatiis madaaluudhaan of eeggannoodhaan itti yaadanii karaalee bu'aa-qabeessa tahan filachuun ni danda'ama.

Eenyumtuu waan tokko raaw'achuu yoo barbaade dursee karoorfachuun barbaachisaadha. Milkaawiinsaafi hoongawiinsa akeeka tokkootiif karoorri lafjalatti dursamee karoorfatame murteessaadha. Karoora tarsiimoowaa qopheessuuf wantoota barbaachisan dursanii walitti qabachuun karoorri sun haala bu'aa-qabeessa ta'een akka raaw'atamu gargaara. Keessumattuu mormiin demokraatawaan qophii gahaa tokko malee geggeeffamu humna abbaa'irree kan hanga funyaaniitti hidhateen falma waan taheef ni gaaga'ama. Faallaa kanaan mootummaan abbaa'irree akkuma barame humna leeccalloo meeshaalee, jabeenya jaarmayummaafi gochaalee garajabeenyaa raaw'atuuf dandeettii qabaata.

'Tarsiimoo Karoorfachuu ' jechuun, qabsoon bakka amma jirturraarraa kaatee hamma sirna hegere bu'uureffamuuf yaadame bira geessutti tarkaanfii sadarka sadarkaadhaan fudhatamtu herreguu jechuudha. Gabaabumatti kana jechuun, ceehumsa bittaa sirna abbaa'irree tokkorraa gara sirna demokraatawaa tokkotti taasifamu karooraan qaceelchuu jechuudha. Karoora kana dalagaatti hiikuu keessatti, duulaafi sochiilee gurmaawoo tartiibaan geggeessuudhaan ummata cunqurfamaa jabeessanii sirna abbaa'irree san dadhabsiisuu gaafata. Asirratti waan dagatamuu hin qabnetu jira. akeekni cehumsa kanaa sirna abbaa'irree aangoorra jiru buqqisuu qofa osoo hin tahin sirna demokraatawaa taheen bakka buusuudha. Karoorri haadhoon bittaa abbaa'irree qofa dhabamsiisuu fuulleeffate sirni cunqursaa kan biraa akka bakka bu'u godhee balaa daranii fiduudha mala.

### Gufuulee wixinsa karooraa

Humnoonni bilisummaaf anaannataniifi kutaalee addunyaa kanneen garagaraa keessa jiran akkaataa bilisummaan itti argamturratti dandeettii qabaniin guututti hin gargaaraman. Osoo qabsootti hin seenin dura tarsiimoo karoorfachuun

akka barbaachisuus takkeedha hubatu. Sababa kanaafiis hoggaa dhimmi kun raaw'atamu hin garru jechuun nidandayama.

Warri bilisummaa ummata ofii argamsiisuf yaadan lafa garaa saanii kana gayuuf maalif tarsiimoo hundaammat hinqopheeffanne? Deebiin gaaffii tanaa gabaabduudha. Humnoonni demokraatawoon qabsoo tana hoogganan kuni yeroo baay'ee tarsiimoo karoorfachuun barbaachisaa tahuu hinhubatan yookiin moyxannoofi leenjii dhimma kanaaf barbaachisan hinqaban. Hojiin tuni garuu, laaftuu miti. Hacuuccaa abbaa'irreetiin muddamaa, itti gaafatamummaa dhimma guyyayyeetiin guutitti waan qabamaniif hoggantoonni qabsoo diddaa sirna abbaa'irree ogummaa ija tarsiimootiin waa yaaduu isaan dandeessisu uummachuuf nageenyaas yeroos hinqaban.

Waanuma abbaan irree darbatuuf deebii kennu. Kanaafuu qabsaawoonni kuni mirgoota muraasa tikfachuu, sanirra yoo dabrees amna toyannoo sirna cunqursaa dhibeessuu, ykn imaammata haraya sirna suniitiif dhibdee garii uumuu qofa taha.

Matayyootaafi murnoonni garii qabsoon bilisummaa karoora bal'aa yeroo dheertuuf karoorfame akka barbaaddu isaanitti mul'achuu dhabuun ni mala. hojii isaanii karooraan geggeessuu mannaa cimanii jabeeynaan yeroo dheertuuf yoo hojjetan akeekni qaban bakka ni gaya jechuudhaan fayyaalummaadhaan (*naively*) yaadu. Kanneen biraa ammoo, haala rakkisaa keessa akeekaafi yaada qabanirratti cichanii dabruu danda'uun qaabsoo milkeessuuf of qusannoo tokko malee hojjechuu qofa itti fakkaata. Galii qabsoo hubatanii akeekarratti cichanii dhaabbachuun kan dinqifamu tahullee, sirna abbaa'irree buqqaasee bilisummaa argamsiisuuf gayaa miti.

Mormitoonni sirna abbaa'irree dura dhaabbatan kanneen biroo ammoo, yoo humnaan dhimma bahan bilisummaa gonfachuun ni danda'ama jedhanii fayyaalummaadhaan yaadu. Akkuma armaan olitti eeramettí hookkarri (humnaan bobbahuun) milkiidhaaf wabii hin tahu. Inumaatuu bu'aan garanaan argamu bilisummaa osoo hin tahin kufaatii yookin gaaga'ama guddaa yookin lameenuu tahuun ni mala. Sirni abbaa'irree, hidhannoofi gurmuu waraanaatiin caalmaya waan qabaatuuf, bobbaan humnaan deemtu dimokraatootaaf milkii goonfachiisuun akka jabaadha. Warri tarkaanfii fudhatan hawwii isaan qoma jirturratti hundeeffatanis ni jiran. Adeemsi akkanaa yaada ofii dhageeffachuu (egocentric) tahuu qofa osoo hintahin qajeelfama tarsiimoo haadhoo qabsoon bilisummaa ittiin masakamtu karoorsuuf qajeelfama tokkollee hin gumaachu.

Tarkaanfiin 'Yaada bayeessa' jedhamu tokkorratti hundeeffamee dhihaatuus hornagamaadha. Kanaa mannaa tarkaanfiilee walfaanee 'sadarkaan itti aantu hoo maali?' jechuudhaan akkaataa sirna cunqursaa sun buqqaasuuf malutti qajeellotti itti yaadamee kaayame feesisa. Hoggantoonni qabsoo tanaa sadarkaalee walfaanee milkiidhaaf barbaachisan jiraachuu waan itti hinyadiniif xiinxallii tarsiimootiin maleetti, 'sadarkaan itti aantu' maal tahuuf akka maltu hinbeekan. Waa uumuuf dandeettii qabaachuufi yaada babbareedaa burqisiisuu dandayuun hedduu barbaachisoodha; garuu akkaataa tarsiimoo humnoota dimokrasii galmaan gayuu itti dandayanitti faaydaarra oolfamuudha qaban.

Namoonni muraasni tarkaanfiilee jajjaboo walitti aansuudhaan abbootii irree irratti fudhatamuu qaban haa beekan malee, eessarraa akka eegalamu waan hin hubanneef 'waan hundumaayyuu wal cinaa geggeessuun akka fayyadutti yaadu. Deemsi akkasii tarii fayyaduu ni danda'a; tahuyyuu, keessaafuu sochiilee demokraatawoo hundee hin jabeeffatin biratti waan yaadamu hin tahu. Kana malees deemsi akkasii kun, qabsoon eessarraa eegaluu akka qabdu, eessarratti xiyyeeffannoo guddaa akka barbaaduufi leecalloo jirtutti fayyadamuun akkataa itti danda'amurratti karaa hin akeeku.

Kanneen karoorri tokko jiraachuun ni barbaachisa jedhanii amananilleen, kan yeroo gabaaduu ykn tooftaarratti hundaawe qoftiitu barbaachisa jedhu. Karoora yeroo-dheertuu wixinuun barbaachisaa tahuun isaanitti hin mul'atu, yookiinis ni danda'ama jedhanii goonkumaa hin yaadan. Al tokko tokko dhimmoota guyyayyee walfaana mudataniin waan shaaqalamaniif barbaachisummaa dhimmoota tarsiimoo yaaduufi xiinxaluuf yerumaahuu hin argatan. Hogganoonni akkasii kun humna guddaa qaban sochiilee yeroo gabaabduu akkasiitiirra waan oolchaniif yeroo baay'ee tattaaffiilee gama galmaatti isaan butan gochuuf hireelee garagaraa qorachuu hin dandayan. Sochiileen demokraatawoon tokko tokko dhimmoota guyyayyeerratti fuulleeffachuufi sababoota akkanaa kanneen birootiin waan qabamaniif tarsiimoo haadhoo mootummaa abbaa'irree kuffisuuf malan qopheeffachuu dadhabuudha malan. Keessa isaaniitti tattaaffii ofii qofaan abbootii irree kuffisuun akka danda'amu hin amanan. Kanaafuu abbootii irree kuffisuuf karoora baafachuu jechuun yeroo qisaasuu yookiis dadhabbii gatii hin qabne jedhaniiti fudhatu. Humnoonni bilisummaaf falman yeroo baay'ee humna waraanaatiifi foolisii mootummaa kan akkaan

hidhatatoo tahanirratti qabsaawu waan taheef abbootiin irree sun waanuma fedhan gochuu kan danda'an itti fakkaata. Sababa kanaafis abdiin milkii halaalatti gartu isaan keessa hinjirtu. Namoonni akkasitti yaadan abbootii irree dura kan dhaabbatan ilaalchuma haqaatiifi seenaaf jecha seehan. Dogongora isaanii kana osuma hin xiinxalleehuu deemsi isaanii kun isaanumaafuu abdii-dhabeessa akka tahe ni hubatu. Kanaafuu warra akkasii kanaaf karoorri tarsiimoo gatii tokkollee hin qabaatu.

Akka kanatti tarsiimoo karoorfachuu dhabuun itti-baha tasa dhalatu qabaata. Kana jechuun, jabeenyi nama yookiin murna tokkoo bilaashatti bada; hojiiniis bu'aa hawwamu hin fiddu; humnis dhimmoota xixiqqaarratti qisaasama; hireelee silaa faayidaa qabaachuuf malanitti dhimma bahuun ni hanqata. Hunda caalaa ammoo wareegamni kafalamu bilaashitti hafa. Humnoonni demokraatawoon hojii isaanii tarsiimoo karoorfamteen hin geggeessine galma isaanii hanqachuun ni mala. Karoorri gadi fageenyaan hin qophaawiniifi makaa dhimmoota wal hinsimnee tahe qabsoo fuulduratti hin tarkaanfachiisu. Inumaatuu akka mootummaan abbaa'irree sun toyannoo isaa jabeeffatee humna isaatiis jaarratu gargaaruudha mala.

Hiree jal'aa tahee, karoorri tarsiimoodhaa kan bifa waliigalaatiin qabsoon ittiin qajeelfamtu jiraachuu baannaan, sirni abbootii irree garmalee tasgabbaawaafi waaraa fakkaateeti mul'ata. Kanaafuu hamma silaa jiraachuu qaban caalaa waggoota ykn tarii kurneewwan baay'eedhaaf aangoo taligaa dhuunfatanii jiraachuun ni mala.
Qophii Tarsiimoo Karoorsuu Keessatti jechoota Afran muummeeyyii

Yaada karoora tarsiimoo qopheessuu jedhu gabbifachuuf akka nu gargaaru hiikkaa jechoota afran muummeeyyii ifa goochuu qabna. Isaanis: *tarsiimoo haadhoo, tarsiimoo addayyaa, tooftaa*fi *mala* jedhamu.
*Tarsiimoo haadhoo* jechuun leecalloowwan barbaachisoo walitti qabamuu danda'an kamuu, (dinagdee, humna namaa, hamilee, polotikaa, dhaabaafi kan kana fakkaatan) walitti qindeessanii fayyadamuudhaan akkaataa galii qabsoo sunii ittiin gayan akeeka. Tarsiimoon haadhoon walitti bu'iinsa tokko keessatti kaayoofi leecalloo gartuu tokkoorratti xiyyeeffachuudhaan, qabsoon teekniika mijjaawaa (qasoo hidhannootiifi tan karaa nagayaa keessaa) kammeedhaan akka gaggeeffamuu qabdu murteessa. Matootiin mormitootaa tarsiimoo haadhoo wixinuu keessatti haala gartuu faallaarratti dhiibbaa gayaa itti uumuu dandayan xiinxaluu qaban. Kana malees, tarsiimoo haadhoon akkaataa duullan mormiilee addayyaa ittiin geggeeffaman ilaalchisee haallaniifi yeroolee mijjaawoo tahaniis ni murteessa.

Tarsiimoon haadhoon tarsiimoolee murtaawoo qabsoo geggeessuuf tolan filatatti. Kanatti dabaluunis gartuulee `murtaawaniif dirqama waliigalaatiifi leecalloo(qabeenya) qabsoodhaaf barbaachisan murteessa.

*Tarsiimoo* duula addayyaa jechuun ammoo, walitti bu'iinsa tokko keessatti tarsiimoo haadhoo filatame keessaa akeeka tokko bifa irra-wayyaa taheen milkeessuu yaada jedhu ibsa. Falmiin yoomiifi akkamitti akka geggeeffamuu qabduufi akeeka qabsoodhaa keessaahis hamma danda'ame milkii argamsiisuu ilaalchisee karaan irra-wayyaan kammee akka tahe agarsiisa. Tarsiimoo jechuun yaada fakkeessaan (namni fakkii kaasu) tokko qalbii keessaa qabuun yoo wal fakkaatu, karoora tarsiimoo jechuun ammoo wixina fakkii kaasaan sun lafa kaayuun wal fakkaata.

Kana malees tarsiimoon humnoonni diinaa moohatamuuf akka jiran hubatanii ifatti falmii keessa osoo hin seenin akkaataa harka itti kennatanirratti haala tarsiimlee uumuu dabalachuus ni mala. Sana tahuu baatus haalli tarsiimleen fooyya'e tokko qabsoon qabsaawotaa firii-qabeessa akka taatu mirkaneessa. Kana malees, tarsiimoo kanaan milkiin yoo argamtu akkaataa qabsoo tana fuulduratti tarkaanfachiisuun itti danda'amurratti faaydaa ni qabaata.

Tarsiimoon, adeemsa qabsoo keessatti duulli tokko akkamitti akka eegalamuufi akkaataa qaamonni karoora tarsiimoo kanneen adda addaa itti wal simanii qabsoo galii akeekameefitti dhiheessuuf akka gumaachan gochuun yaada bu'uuraati. Kana malees gartuuleen murtaawoon akka ogummaa qarooma qabaniin dirqamoota xixiqqaa hobbaafachuuf itti bobbahuu qaban agarsiisa. Tarsiimoon malaan qopheeffamte, tooftaan qabsoof filatamte takka ulaagaalee ittiin milkaawuu danda'u kan xiinxalu tahuu qaba. Teekniikoonni adda addaa haallan adda addaa guuttachuudha qaban. Haa tahu malee 'haallan' barbaachisoo guuttachuu qoftiin milkii mirkaneessuuf gahaa miti. Dhimmoota birootiis dabalachuun barbaachisaa taha.

Humnoonni demokraatawoon karoora tarsiimoo wixinuudhaan galii isaanii ifatti kaayuufi milkiin qabsootis maaliin akka madaalamtu akkaataa shakkiifi falamaa hinqabnetti ifa gochuudha qaban. Hiikkaafi xiinxalliin kun tarsiimessituun (abbichi tarsiimoo san qopheessu) haallan galiilee filatamoof akkaan barbaachisoo tahan akka adda

baafatu isa gargaaran. Ibsi kuni wixinsa karoora tooftaatiifis bu'aa ni qaba.

*Tooftaa* jechuun galii murtaawe tokko dhaqqabuuf humna barbaachisutti qaroominaan fayyadamuu jechuu agarsiisa. Tooftaa jechuun tarkaanfii murtaawaa galii murtaawe tokko ittiin dhaqqabuuf fudhatamu jedhameetis ni ibsama. Filannoon tooftaalee, sadarkaalee qabsoo murtaawoo keessatti tarsiimoo bahe hojiitti hiikuuf mala barbaachisaa tahetti dhimma bahuudhaan geggeeffama. Sirriitti bu'aa-qabeessa tahuuf akka gargaaruuf, tooftaaleefi mala gara galiiwwan tarsiimootti nama dhiheessan bifa walirraa hin cinneen fuulleeffatamee filatamuu qabu. Raaw'iin tooftaalee galiiwwan tarsiimoodhaa hin jabeessine maayyiirratti humna qisaasame taheeti hafa.

Kanaafuu akkuma tarsiimoon tarsiimoo haadhoo keessatti hubatamtutti, mallis gocha murtaawaa tarsiimoo keessatti beekama. Tooftaalee jechuun akkaataa falmii yoo agarsiisan, tarsiimoo jechuun ammoo mala falmii adda addaa ittiin geggeessan xiinxaluu dabalata. Tooftaan takka qaama tarsiimoo falmii yookiinis duula waliigalaa tokko jedhamee ibsamuudha danda'a. Tooftaaleen tarsiimoo mannaa yeroo gabaabduufi naannoo murtaawe tokkotti, yookiis jaarmaya yookiin murna akeekoota murtaawoo raaw'achiisuuf oolu tahuun ni mala. Deemsa qabsoo karaa nagayaa keessatti garaagarummaan galii tooftaatiifi galii tarsiimoo jidduu jirtu xiqqeenya yookiin guddina galii filatame saniitiin adda baafama.

Dirqamoonni haleellaa tooftaatiis (tooftaan deeggaraman) galii tarsiimoo saffisuudhaaf filataman. Dirqamoonni tooftaadhaa meeshaalee tarsiimoo dhugoomsuuf murteessitummaadhaan diina haleeluuf haala mijjeessan. Kanaafuu, namoonni qabsoo sun karoorfachuufi hogganuuf itti gaafatama qaban, haallan jiran madaaluufi mala barbaachisuus filachuuf beekkoomsa isaan dandeessisu qabaachuun dirqama. Warri qabsoo tana keessatti qooda fudhatuus teekniikaafi mala filatamaniin fayyadamuu akka danda'an leenjiifamuudha qaban.

*Mala* jechuun meeshaalee ykn waan sochiin ittiin geggeeffamtu jechuudha. kutaa Shanaffaa keessatti akkuma hubanne maloota qabsoo karaa nagayaa kan akka hojii dhaabuu, hirmaannaa lagachuu, tumsa siyaasaa dhoorgachuufi bifoota qabsoo kana fafakkaatan kanneen birotiis ni dabalata.

Qabsoo karaa nagayaatiin geggeeffamtu tokkoof karoora tarsiimoo bu'a-qabeessaafi fiixabaheessa tahe wixinuun *tarsiimoo haadhoo, tarsiimoolee, tooftaalee*fi *maloota* qajeellotti itti yaadamee of eeggannoodhaan kaayamanirratti irkata.

Barnoonni kutaa kanaa inni guddaan, abbaa'irree tokko jalaa bilisa bahuuf beekkoomsa qabaniin qajeellotti fayyadamanii karoora tarsiimoo of eeggannoodhaan wixinuun barbaachisaa tahuudha hubanna. Kana gochuu dhabuun kufaatii hamtuurraan nama gaya. Dandeettiifi beekkoomsa qabaniin sirriitti gargaaramuun ammoo, qabsoon karaa tilmaamameef irra akka deemtuufi qabeenya jiruttis sirnaan fayyadamaa namaa bifa bu'aa-qabeessa taheen fayydamaa hawaasa guutuu gara galma bilisummaatiifi dimokraasiitti oofuu nama dandeysisa.

## KUTAA TORBA
## TARSIIMOO KAROORSUU

Hiree milkiin ittiin argamtu guddisuuf, hoggantoonni mormitootaa karoora tarkaanfii waliigalaa, kan cunqurfamoo jajjabeessu, sirna abbaa-irree laaffisee dhabamsiisufi sirna demokraasii waaraa ijaaruu nama dandeessisu wixinuudha qaban. Karoora dalagaarra oolu akkasii wixinuuf haala qabatamaa xiinxaluu, tarkaanfiilee bu'a-qabeessa tahan adda baafachuu barbaachisa. Xiinxallii akkasiitirraahis tarsiimoo haadhoofi bobbaalee addayyaa walabummaa ittiin goonfatan wixinuun ni dandayama. Tarsiimoon haadhooniifi tarsiimoon bobbaalee addayyaa walitti hidhata qabaataniis akkaataa walrraa addaatiin karoorfaman. Tarsiimooleen bobbaalee addayyaa erga tarsiimoon haadhoon wixanamte booda qopheeffaman. Tarsiimooleen bobbaalee addayyaa akkaataa tarsiimoo haadhoo fiixa baasuufi jajjabeessuu itti dandayanirratti wixinaman.

Tarsiimoon qabsoo diddaa siyaasaa gaaffiileefi hojiilee baay'ee fuulleefachuu nama gaafata. Asirratti, dhimmoota sadarkaa tarsiimoo haadhootiifi bobbaalee addayyaa keessatti akkaan barbaachisoo tahan ilaalla. Warri tarsiimoo qabsoo diddaadhaa karoorsan haala waldiddaa hawaasa sunii qajeellotti hubachuufi dhimmoota mujlee, mootumlee (taliglee), waraanlee, aadlee, hawaaslee, siyaaslee, qaruutlee, diinnagleefi idiladdunylee xiinxaluudha qaban. Tarsiimoon takka haalli qabsootiifi akkaataan itti dhalatte yoo beekame qofa wixinamuuf malti. Hoggantoonni demokraatawooniifi karoorsitoonni tarsiimoodhaa, hunda dura, kaayoofi barbaachisummaa akeeka qabsoo sunii xiinxaluudha qaban. Akeeka kana bakkaan gayuuf qabsoo guddoo gochuun ni barbaachisaa?; maalif hoo? Akeekni qabsoo sunii maal akka tahe sirritti beekuun baay'ee barbaachisaadha. Akkuma ibsuuf yaalletti sirna abbaa-irree fonqolchuun ykn abbicha irree aangoorraa arihuu qoftiin gayaa miti. Akeekni qabsoo tanaa hawaasa walaba taligaa dimokraasiitiin bulu ijaaruudha. Qabxiin tuni ifa tahuun tarsiimoo haadhoofi tarsiimoolee bobbaalee addayyaa achirraa maddaniif murteessaadha.

Kessumattuu wixintoonni tarsiimoo qabsoo tanaa gaaffiilee bu'uuraa armaangadii kanaaf deebii laachuudha qaban.

- Bilisummaa gonfachuuf gufuuleen gurguddoon maali?
- Haallan daddaffitti bilisummaa nama goonfachiisan maali?
- Jabeenyi muummeen sirna abbaa-irree maali?
- Cinacchoonni dadhaboon sirna abbaa-irree maal fa'a?
- Maddeen aangoo abbaa-irree haleellaaf hammam saaxilamoodha?
- Jabeenyi humnoota demokraatawooaafi ummata waliigalaa maali?
- Laafinni humnoota demokraatawoo maali ? akkamiin wal'aanamuuf mala?
- Ejjennoon murnoota sadaffaa ammaaf gola qabsoo kamuu keessa hinjirre, kan immoo sirna abbaa-irree yookiin sochii demokraatawaa deeggaraa jiran ykn hegere deeggaruuf malan eenyuu faadha? Bifa kamiin?

**Mala qabsoo filachuu**

Sadarkaa tarsiimoo haadhootti, warri karoora wixinu gara fuulduraa walitti bu'iinsa dhalatu keessatti maloota qabsoo gurguddoo hojiitti hiikaman filachuutu irra jira. Tooftaaleen qabsoo kan akka waraana qawwee, waraana riphee-loltummaa, mormii siyaasaafikan biroon faayidaafibarbaachisummaan isaanii hagam akka tahe madaalamuu qaba. Filannoo kana geggeessuu keessatti namoonni tarsiimoo qabsichaa wixinan gaaffiilee armaan gadii kana qalbifachuutu irraa eegama.

- Tooftaan qabsoo filatame humna demokraatotaa wajjin wal gitaa?
- Teeknikni qabsoo filatame sun jabeenya ummata bal'aatti ni fayyadamaa?
- Teekniikni qabsoo filatame sun dadhabbinoota abbootii irree manii (target) ni godhata moo, jabinoota isaanii irratti qiyyaafataa?
- Maloonni qabsoo filataman akka demokraatonni caalaatti of abdatan ni godhu moo, qaamota sadaffaa yookiin humnoota alaa akka abdatan taasisu?
- Maloonni qabsoo filataman sun abbootii irree kuffisuu keessatti seenaan qaban maal fakkaata?
- Maloonni qabsoo filataman sun qabsoo keessatti gaaga'amaafibarbadaawinsa dhaqqabuu malu dabalu moo ni xiqqeessu?

- Sirna abbaa irrummaa irratti xumura gochuuf qabsoon godhamu yoo milkaawe, mootummaa haaraya qabsoo san keessaa dhalachuuf jiru murteessuuf maloonni qabsoo filataman sun dhiibbaa hangamii qabaatu?

Deemsa kanaan tooftaan qabsoo bu'aa-dhabeessa tahuun isaa mirkanaawe tarsiimoo haadhoo keessaa haqamuu qaba.

Kutaalee dabran keessatti mormiin siyaasaa tooftaalee qabsoo biroo caalaa faayidaa irra-wayyaa akka qabu hubanneerra. Wixintoonni tarsiimoo qabsichaa, haala walitti bu'iinsaa gadi fageenyaan qoratanii gaaffiilee olitti ka'aniif tooftaan qabsoo karaa nagayaa (mormiin siyaasaa) deebii quufsaa kennuu ni danda'a moo hin danda'uu irratti murteessuutu irraa eegama.

**Demokraasiif karoorfachuu**

Kaayoon tarsiimoo haadhoo abbootii irree aangoorraa buusuu qofa osoo hin taane, sirna demokraatawaa bu'uuressanii abbaa irrummaan haaraan akka hin dhalanne ittisuu tahuun dagatamuu hin qabu. Maloonni qabsoo tarsiimoolee kana galmaan gahuu danda'an wayta filamanis, hawaasa keessatti hirmaannaan aangoo irra-wayyaa tahe akka jiraatu kan gumaachan tahuutu irra jiraata. Bittaa abbaa-irree jalatti, hawaasichifi jaarmayoonni siiviiliin baay'ee dadhaboo yoo tahan faallaa saniin ammoo, mootummaan haalaan jabaa taya. Madaalli humnaa jallaan kun osoo hin sirreeffamin matootiin haarayatti as bahan yoo barbaadan akkuma abbootii irree duraa san tahuurraa wanni isaan dhoorku hin jiraatu. 'Warraaqsi masaraa (palace revolution' yookiin fonqolchi mootummaas gonkumaa fudhatama hin qabaatu.

Akkuma kutaa Shanaffaa keessatti hubanne diddaan siyaasaa hawaasa sossoosuun ummata san keessatti hirmaanni aangoo madaalawaa tahe akka uumamu gumaacha. Deemsi kun karaalee hedduudhaan uumamuu dandaya. Humni qabsoo karaa nagayaa jabaannaan, mootummaan abbaa-irree humna hawaas ittiin doorsisuuf iajajamaa ittiin taasifatu ni dhaba. Hawaasnis tarkaanfii cunqursaa mootummaa abbaa-irree san dura ittiin dhaabbachuufi takes humna ittiin ifirraa daangessuu isa dandeessisu ni qabaata jechuudha. Kana malees, bifa qabsoo siyaasaatiin humna hawaas sunii sossoosuun yoo dandayame jaarmayoonni walabni hawaasa sunii ni jabaatu. Mooyxannoon siyaasaa humna ummataa kan akkasii uumuu dandayu salphaatti hin argamu. Beekkomsiifi mooyxannoo qabsoo akkasii keessatti horataman abbootii irree hahhaaraya as bahuuf malaniif salphaatti akka hin jilbiinfanne hawaasa sun gargaara. Jijjiiramni hiriira humnaa bifa kana fakkaatuun mul'achuun maayyii irratti hawaasa demokraatawaa waaraa uumuuf hiree jirtu abdachiisaa taasisa.

**Deeggarsa alagaa**

Tarsiimoon haadhoon yeroo karoorfamtu abbootii irree jilbiinachiisuufi qabsoon keessaatiifi dhiibbaan alaa qooda akkamii akka qabaatan madaaluun barbaachisaadha. Xiinxala kana keessatti humni qabsoo guddaan kan dhalachuu qabu biyyuma keessatti tahuu isaa kaafnee laallee jirra. Kana jechuun deeggarsi idil-addunyaa yoo dhabamellee qabsoon biyya keessaa jabaachuun dhiibbaa warra alaa dadammaqsuu akka dandayu ni tilmaamama.
Hawaasni idil-addunyaa dhimmoota namoomaa,gara hamileefi amantiitiin abbootii irreirratti dhiibbaa akka godhu sochoosuun ni danda'ama. Kana malees mootummoonnifi dhaabonni idil-addunyaa mootummaa abbaa-irree sanirratti qobqobii (sanction) dippilomasii, kan siyaasaatiifi dinagdee akka kaayan tattaafachuun ni dandayama. Tarkaanfiileen kunniinis, uggura (embargo) dinagdeefi meeshaa waraanaa kaayuu, hariiroo dippilomaasii gad xiqqeessuu yookiis guutummaatti muruu, gargaarsa dinagdeefi hiree investmentii dhowwachuu, mootummaa abbaa-irree san dhaabota idil-addunyaa adda addaatiifi qaamota Tokkummaa Mootummootaa keessaa ari'uu fa'a tahuulleen ni mala. Kana malees gargaarsonni idil-addunyaa kan akka gargaarsa maallaqaatiifi deeggarsa qunnamtii suduuddeen humnoota demokraatawaaf kennamuun ni mala.

**Tarsiimoo muummee wixinuu**

Warri wixina qabsoo karoorsan haala jiru qajeellotti madaalanii mala qabsoof malu filuufi qooda deeggarsi alaa qabaatu murteessuudhaan qabsoon akkamitti daandii bu'aa-qabeessa taheerratti itti geggeeffamtu yaaduu qaban. Karoorri qophaawus qabsoon sun sadarkaa jirturraa kaatee hanga sirni bilisaafi demokraatawaan itti ijaaramutti adeemsa jiru kan hammatu tahuu qaba. Warri tarsiimoo haadhoo wixinu gaaffiilee adda addaa baay'ee of gaafachuudha qaban. Gaaffiileen asii gaditti dhihaatan kun (kan armaan dura laalle irraa bifa bal'ina qabuun)

tarsiimoo haadhoo qabsoo siyaasaatiif qopheessuu keessatti dhimmoota hammatamuu qaban akeeku.

Qabsoon yeroo-dheertuu geggeessuuf akkamitti yoo eegale wayya? Ummanni cunqurfamaan karuma murtaaweenuu tahu ka'umsairratti mootummaa abbaa-irree san dura dhaabbachuuf ofirratti amanii qabaachuufi jabeenya gahaa akkamiin horachuu dandaya? Ummanni tumsa dhowwachuufi diddaa garsiisuudhaan qabsaawuuf humna isa dandeessisu akkamitti jabeeffachuu dandaya? Hawaasa keessatti toyannoo demokraatawaa gochuufi sochii mootummaa abbaa-irree san daangessuuf duulli geggeeffamu akeekani isaa maal tahuu qaba? Jaarmayoonni walabni mootummaa abbaa-irree sanirraa dandamatanii jiraataniifi bilisummaa fiduuf qabsaayuu danda'an jiruu? Osuma mootummaan abbaa-irree sun aangoorra jirutuu akkamitti walabummaa jaarmayootaa harkaa baafachuun dandayama, yookiis jaarmayoota demokraatawoo akkamiitu haarayatti jaaramuuf mala?

Qabsoo keessatti jabeenya dhaabaa akkamitti ummamuun dandayama? Qooda fudhattoonni hoo, akkamitti leenjifamu? Deemsa qabsoodhaa keessatti leecalloowwan (maallaqa, meeshaaleefi kkf…) akkamiitu barbaachisa? Ummata sossoosuuf gochi bu'aa-qabeessi akka fakkeenyaatti ilaalamu kan akkamiitu barbaachisa? Maddi humna abbootii irree suutuma suutaan qaqal'achaa deemee booddee akka citu gochuuf tarkaanfiin akkam sadarkaa akkamitti yoo fudhatame dhugooma? Ummanni mormii geggeessu tokko mormii isaatiifi naamusa qabsoo karaa nagayaa eeggchuu akkamitti wal simsiisee tarkaanfachuu dandaya? Hawaasni kuni adeemsa qabsoo keessatti fedhiilee isaa kanneen bu'uuraa akkamitti guuttata? Wayta qabsoon godhamtu kanatti seerriifi sirni akkamitti eegamuu dandaya? Injifannoon dhihaachaa yoo dhufte mootummaa ceehumsaa kufiinsa sirna abbaa-irree booda ijaaramtuuf humnoonni demokraatawoon akkamiin haala mijeessu?

Qabsoo bilisummaa abbootii irreerratti geggeeffamtu hundumaaf wixineen tooftaa qabsoo tokkicha lafa kaayuun akka hin dandandayamne sirriitti hubatamuu qaba. Qabsoon sirna abbaa-irree kuffiftee sirna demokraasii gadi dhaabuuf geggeeffamtu hundi amala ofdandaye qabaatti. Ummanni bilisoomuuf qabsaawu sunis humna sadarkaa adda addaati qabaata. Kanaafuu, wixintoonni tarsiimoo haadhoo, haala waldhibdeen mudattu qofarratti osoo hin tahin, mala a qabsoodhaaf filatamuu qabanrrattis hubannoo gahaa qabaachuutu irraa eeggama.

Tarsiimoon qabsoo haadhoon eeggannoodhaan qophaawe ummata biratti bal'inaan akka beekamu gochuunis faaydaa ofiiti qabaata. Maaliif yoo jedhame namoonni qabsoo sun keessatti qooda fudhatan yaada waliigalaatiifi qajeelfama bal'inaan jiran yoo hubatan qabsoo keessatti hirmaachuuf fedhii ni horatan. Kanarratti hubannoo qabaachuun hamilee isaanii guddiseeti milkii akeeka qabsootiif of kennan gargaara. Waa'een tarsiimoo haadhoo kun abbootii irree birattis yoo beekame mormii bal'aa isaan irratti ka'uuf jiru dursanii hubatanii gochaa gara-jabeenyaatiifi hacuuccaa ummatarraan gayan akka laaffisan dirqisiisuu ni danda'a. Amalli tarsiimoo haadhoon sun qabdu warra gita bittootaa biratti yoo beekame waldhabbiin isaan jiddutti uumamtee gariin isaaniitiis akka gananii baafatan hiree uuma.

Karoorri qabsoon sirna abbootii irree kuffiftee sirna demokraatawaa gad dhaabdu ittiin qajeelfamtu wixinamee booda humnoonni demokraatawoon karoora san jabaatanii hojii irra oolchuutu irraa eegama. Sochii karoora saniin ala tahe gochuun haallan nama dirqisiisan tokko tokko yoo dhalatan qofa taha. Akka tarsiimoo haadhoo sanirratti hubannoon akka hin horatamin yoo mirkanaawe yookiis haalli qabatamaan qabsoon ittiin geggeeffamuu qabdu jijjiiruu akka qabu irratti yoo walii galame, tarsiimoon haadhoon sunis jijjiiruu ni dandayama. Sadarkuma kana irrayyuu yoo gahame karoorri sun kan fooyyeffamuu danda'u, gamaaggamni barbaachisaan rratti geggeeffamee karoorri tarsiimoo mudaa hin qabne kan biraa wixinamee eega ragga'ee booda tahuudha qaba.

**Tarsiimoolee duulaa wixinuu**

Karoorri sirna abbootii irree kuffisuufi sirna demokraatawaa ijaaruuf wixinamu, hangamuu bilchaataafi abdachiisaa tahullee, ofumaan hoojirra oluu hindandayu. Humna abbaa-irree san diiguuf akka qajeelfamaatti kan tajaajilan tarsiimooleen adda addaa wixinamuu qaban. Tarsiimooleen kun gama isaaniitiin tooftaalee abbootii irree irratti haleellaa murteessaa raaw'achuuf gargaaran of keessatti hammatu. Tooftaafi malli tarkaanfii tana qaceelchan milkaawina galiiwwan tarsiimoo hundaafuu mata mataatti eegannoo cimtuudhaan filamuudha qabani. As irratti mariin geggeessinu sadarkaa tarsiimoo qofa fuulleeffata.

Warri tarsiimoolee duulaa karoorfatan, akkuma jara tarsiimoo haadhoo wixinaniitti amalaafi malli karoorri sun hojiirra ittiin oolu gad fageessanii hubachuudha qaban. Qondaaltonni tarsiimoo waraanaa wixinan haala caasaa waraana, tooftaa, loojistikaa, meeshaa waraanaa, dhiibbaa teessuma lafaatiifi kan kana fakkaatanii gad fageenyaan

qorachuu akkuma qaban, namoonni karoora mormii siyaasaa wixinanis amalaafi qajeelfamoota tarsiimoowaa qabsoo karaa nagayaatiif gargaaran sirriitti hubachuutu irraa eegama. Waanuma taheefuu garuu, beekkomsi qabsoo karaa nagayaa, xiyyeeffannoon yaadota barruu kana keessatti ka'aniif kennamu, akkasumas, gaaffiileen as keessatti ka'an ofumaa isaanii tarsiimoolee burqisiisuu hin dandayani. Tarsiimoolee qabsoodhaaf malan wixinuuf beekkomsarratti hundaawuun barbaachisaadha.

Duulota mormii murtaawoo filatamaniifi qabsoo bilisummaa yeroo dheertuuf taasifamtuuf qajeelfamoota malan qopheessuuf, warri tarsiimoo mormii siyaasaa wixinan dhimmootaafi rakkoolee baay'ee dursanii qorachuutu irraa eegama. Wantoota qoratamuu qaban keessaa kan armaan gadii haa laallu.

Galiiwwan duulaa filamoofi qooda tarsiimoo haadhoo hojiitti hiikuu keessatti qabaatan murteessuu.
Maloota yookiis meeshaalee siyaasaa tarsiimoolee filamoo san waliin deeman qorachuu. Karoora duulaa hundumaa keessatti tooftaaleefi maloonni akkamii akka barbaachisaniifi akkamitti aangoo abbaa-irree daangessanii dhiibbaa itti uumuu danda'an murteessuu. Galiiwwan gurguddoon kan milkaawuu danda'an, tarkaanfiileen xixiqqoon eeggannoodhaan filamanii yoo hojii irra oolan qofa akka tahe yaadatamuu qaba.

Dhimmoonni dinaggeetiifi qabsoon siyaasaa waliigalatti akka itti waliin deeman murteessuun barbaachisaadha. Gaaffiileen dinaggee qabsoo keessatti bakka guddaa akka qabatan yoo barbaadame, bittaan abbaa-irree sun eega kufee booda gaaffiileen kun akka furmaata argatanitti eeggannoo gochuu feesisa. Yeroo cehumsaa keessatti furmaanni saffeen kennamuu dhabuun afanfaajjiifi amantaa walirratti dhabuun dhalachuutu mala. Afanfaajjiin akkasii dhalachuun ammoo komiiwwan dhimma dinaggee akka furmaata argatan goona jechuudhaan haguuggii jalatti dahatanii abbootiin irree hahhaarayni akka as bahan haala mijjeessa.

Qabsoo eegaluuf caasaan hogganaafi sirni wal qunnamtii akkamii akka barbaachisu dursanii murteessuu barbaachisa. Kana malees deemsa qabsoo keessatti mormitootaafi walumaa galatti ummanni akkaataa murtiin ittiin kennamtu bifa walfaanoommii qabuun akka itti fufu akkaataan qunnamtii maal tahuu akka qabu dursee murteeffamuudha qaba.

Sadarkaa qabsoon irra jirtuufi irra geese ummataaf, humnoota waraana sirna abbaa-irreetiif, sabaa-himtoota idil-addunyaatiif himuun barbaachisaadha. Kana keessatti odeeffannoon kennamu yoomuu taanaan dhugaarratti kan hundaawe tahuudha qaba. Gurra-guddisanii labsuun injifannoo dharaa arbeessanii dhawwaaquun qabsoorratti amantii dhabsiisuu ni dandaya.

Deemsa qabsoo itti aanu keessatti fedhii ummataa guutuuf sochiilee hawaaslee, barnootlee, dinagleefi siyaaslee ofirratti amantaa qabaattu geggeessuun akka danda'amutti dursanii karoorfachuun barbaachisaadha. Projektoonni akkasii kun qabsoo keessatti warra suduudaan hin hirmaanneen geggeeffamuun ni dandayama.

Duula filatamaa yookiis qabsoo bilisummaa bifa waliigalaatti geggeeffamu keessatti gargaarsa alaa akkamii fudhachuu akka barbaaachisu murteessuu feesisa. Qabsoon biyya keessatti geggeeffamtu gargaarsa alaa kan amansiisummaa hin qabnerratti osoo hin irkatin akkamitti hojii irra ooluu dandaya? Gartuulee alaa keessaa warri kammeen qabsoo tana yoo gargaaran wayyina qabaatuus murteessuu barbaachisa. Fakkeenyaaf, dhaabota mitmootummee (dhaabota hawaasawaa, jaarmayoota amantii, gartuulee siyaasaa, waldayoota hojjetootaafi kan kana fafakkaatan), mootummoota yookiis Tokkummaa Mootummootaa, akkasumas, qaamota Tokkummaa Mootummootaa jalatti argaman fa'a tahuun ni mala..

Kana malees abbootii irree irratti fincilli ummataa hundee bal'aa qabu yoo dhalate seeraafi sirna eegsisuufi fedhiiwwan hawaasaa guutuuf jecha humnoonni demokraatawoon tarkaanfii barbaachisaa fudhachuudha qaban. Kunis, jaarmayoota walaba toyannoo mootummaa abbaa-irreetiin ala tahan uumuufi fedhii ummanni haqaan qabu guutuuf qofa osoo hin tahin, yeroo seer-dhablummaafi sirna-dhablummaan babal'atutti seeraafi sirna san kabajsiisuuf humnaan gargaaramuun ni barbaachisa laalcha jedhu gatii dhabsiisuuf gargaara.

**Yaada tumsa-dhowwannaa babali'suu**

Mormii siyaasaa sirna abbaa-irreetirratti geggeeffamu tokko milkeessuuf ummanni yaada tumsa-dhorkannaa akka qalbifatu gochuun barbaachisaadha. Akkuma kutaa Sadaffaa keessatti fakkeenya 'Gooftaa Jaldeessaa' jedhuun dhihaatetti yaada kana qabachuun salphaadha. Cunqursaan hammam yoo jiraatellee ummanni sirna akkasii yeroo

dheeraaf baate yoo tumsa dhoorkate sirni cunqursaan sun laaffataa deemee maayyiirrattis kufuun isaa waan hin oolle.

Ummanni abbootii irree jalatti bitamaa jiraate bifa adda addaatiin yaada kanaaf keessummaa tahuu dhabuun nimala. Yoo akkas tahes humnoonni demokraatawaan yaada tumsa-dhorkannaa haala nama quubsuun ummata keessatti babal'isuudha qaba. Sheekkooleen 'Gooftaa Jaldeesaa' yookiis kanneen kanuma fafakkaatan hawaasa keessatti babal'ifamuun ni dandayama. Ummannis sheekkoolee akkasii laaftutti qalbifata; hin irraanfatuus. Yaanni tumsa-dhorkannaa eega babal'ate booda waamichi qabsoo farra abbaa-irree yoo godhamu, ummata sanitti keessummaa hin tahu. Kana malees ummanni akkuma barbaachisaa tahetti karaalee tumsa-dhorkannaa baay'ee tahan bifa qabatamaadhaan qiyyaafachuu ni dandaya.

Bittaa abbootii irree jalatti hammamuu rakkisaafi gaaga'ama kan hin dhabne tahullee, yaada wal jijjiiruun, odeeffannoofi ajaja waliif dabarsuun akka danda'amu irra deddeebi'ee mirkanaayeera. Bara Naazii Jarmaniifi bara bittaa Koominostootaa keessatillee matayoonni waliif qofa osoo hin tahin waltajjii gurguddoorratti, gaazeexoota, waraqaalee dhaamsaafi kitaabota dhoksaatti maxxanfaman, akkasumas, baroota boodanaa keessa ammoo kaaseetota sagaleefi viidiyoodhaan fa'a yaada wal jijjiiruun danda'amee ture.

Karoora tarsiimoo lafjalatti dursamee wixinametti dhimma bahuun qajeelfamoonni qabsoo waliigalaa qophaawanii raabsamuu nama dandeessisa. Kunis ummanni waan mormuuniin qabuufi tumsa dhorkachuu qabu akkamitti akka hojii irra oolchu dandayu isa gargaara. Hoggana demokraatawaa waliin qunnamtiin jirtu rakkoo yoo mudatteefi qajeelfamoonni murtaawan qopheeffamuu yoo dhaban yookin bifa malchiisuun gadi dabrfamuun yoo hindayaminillee hawaasni dhimmoota faayidaa qaban tokko tokko irratti maal gochuu akka qabu ni hubata. Qajeelfamoonni akkasii kun qajeelfamoota dogoggorsoo foolisni mootummaa abbaa-irree qopheessu adda baafatanii beekuufis nama ni gargaaru.

**Cunqursaafi tarkaanfii farra-cunqursaa**

Wixintoonni karoora tarsiimoo deebiin mootummaan abbaa-irree tarkaanfii humnoonni demokraatawaan fudhataniif kennuu, keessumattuu tarkaanfii humnaa akka gaariitti gamaaggamanii beeksisuu qabu. Humnoonni demokraatawoon cunqursaa abbaa-irreetiif osoo hin jilbiinfanne akkamitti akka dura dhaabbatan, akkamitti akka tarkaanfii farra-cunqursaa fudhatan yookiis cunqursaa irra hamaa keessa seenuurraa akka itti baraaraman murteeffachuu qabani. Tooftaa ilaalchisee ummataafi matayoonni qabsoo keessaa qooda fudhatan, dabree dabree ukkaamsaa isaan mudachuuf jiru dursanii akka hubatan gochuun hirmaannoo qabsoorratti balaa jiraachuuf maltu akka tilmaaman gargaara. Tarkaanfiin humnaa cunqursaan fudhatu ulfaattuu yoo taate qabsaawota madaawaniif gargaarsa wal'aansaa kennuuf qophii gochuu barbaachisa.

Wixintoonni tarsiimoo tooftaafi mala galii filatamaatti geessu dursanii tilmaamuu dabalatee, tarkaanfiin humnaa akkasii akka hin mudanne taasisuus ni danda'u. Fakkeenyaaf, abbootii irree hamoodhaan mormuuf jecha mormiifi hiriironni daandiirratti geggeeffamuun maalalchiisaa tahullee, namoonni kumaatamaaan lakkaawaman du'uun ni mala. Haa tahuutii aarsaan hiriira nagayaa bahuudhaan kafalamuufi bu'aan argamu, manaa bahuu diduu, hojii dhaabuufi tarkaanfii tumsa-dhorkannaa fudhatuu, yookiis tumsa-dhorkannaa hojjetoota mootummaatiin raaw'atamu caalaa abbootii irreerratti dhiibbaa hin godhu.

Tarkaanfiin mormii duchiisa akeekkatee balaa guddaa waliin geggeeffamu akeeka tarsiimoof barbaachisu tahullee, bu'aa argamuufi faayidaa argamu eeggannoodhaan madaaluun barbaachisaadha. Yeroo qabsoo akkasiitti mormitoonnifi ummanni karaa nagayaafi naamusa-qabeessa taheen qabsaayuu ni danda'uu? Akka tarkaanfii humnaatti seenaniif duchiisa abbootii irreetiin godhamu obsanii habbuuqqachuu dandayuu? Tarkaanfiin humnaa hamaan yoo mudates naamusni qabsoo karaa nagayaa eegamee qabsoonis akka itti fuftu tarkaanfiilee akkamii akka fudhachuu qaban xiinxaluutu barbaachisa. Hogganoonni qabsoo akka duchiistonni (*agents provocateurs*) qabsoo karaa nagayaa san gara hookkaraatti jijjiirsisuuf boobba'an jiraachuu isaanii yeroo dammaqanii eeguudha qaban.

**Karoora tarsiimoorratti amantii qabaachuu**

Karoorri tarsiimoo kan hanqina hin qabne eega ragga'ee booda, humnoonni demokraatawaan tarsiimoo haadhoofi tarsiimoo duulaarraa akka ala bahaniif, akkasumas, dhimmoota faayidaa hin qabnerratti akka xiyyeeffatan gama mootummaa abbaa-irreetirraa dhiibbaa isaan mudachuu malu ofirraa eeguu qaban. Kana malees, tarii tarkaanfii

abbaan irree fudhatu tokkoon wal qabatee jeeqqalbii (emotion) dhalatuun tarsiimoo haadhoos tahee tarsiimoo duulaa irraa akka hin maqne eeggachuu barbaachisa. Gama mootummaa abbaa-irreetiin tarkaanfii hookaraa fudhatanii akka mormitoonni qabsoo karaa nagayaarratti hundaawanii jiran lagatanii gara tarkaanfii hookaraa seenaniif duchiisuudhaan salphaatti rukutanii moohachuuf shirri jiraachuun akka maluus beekuu feesisa.

Tarsiimoon qabsoon ittiin qajeelfamtuu sirrii tahuun eega mirkanaawee booda, hujiin humnoota demokraatawoo sadarkaa sadarkaadhaan fuulduratti kan tarkaanfatu tahuu qaba. Akkasiinuu tooftaafi galiiwwan maayyii irratti jijjiiramni jiraachuun kan hin hafne tahullee, hogganoonni bilchaatoon yeroo hundumaa hireewwan haarayatti dhimma bahuurraa duubatti jechuu hinqaban. Fooyyessi akkasii kunis galiiwwan tarsiimoo haadhoo yookiis tarsiimoo duulaa tokko wajjin wal dhawuu hin qabu. Tarsiimoo haadhoo filameefi tarsiimoolee duulaa adda addaa eeggannoodhaan hojiitti hiikuun milkii argamsiisuuf gumaacha olaanaa qabaata.

## KUTAA SADDEET
## DIDDAA SIYAASAA HOJIIRRA OOLCHUU

Haala abdi dhablummaafi sodaan ummata keessatti akkaan babal'atee argmatu keessatti, jalqaba duraarratti tarkaanfilee wareegummaa guddoo hin gaafannetti dhimma bahuutu barbaachisa. Fakkeenyaaf, wayaa walfakkaatu uffachuudhaan, mataa haaddachuudhaaniifi konkolaataa suuta oofuudhaan diiddaa sirna cunqursaarratti qaban mul'ifachuun kallattiidhaan humna mootummaa waliin walitti nama hin buusu. Gara biraatiinis tarkaanfilee alaa yoo laalan siyaasaa waliin walitti hidhata hinqabne fakkaatan: daandii haxaawuufi bishaan xaliila hawaasaaf dhiheessuun mootummaa salphina mudachiisuu ni mala. Walumaa galatti qindeessitoonni diddaa siyaasaa tooftaalee ummata bal'aa biratti fudhatama qabaniifi, kan mootummaanis laaftutti ukkaamsuu hindandeenye filachuudha qaban. Tooftaalee akkanaatti dhimma bahuun akka ummanni rakkoolee ofii furachuu dandayuufi humna guddaas akka horotuu qabu hubachiisuudhaan hamilee ummataa kakaaksa.

Bobbaa qabsoo dheertuu tana keessatti, sirna abbaa-irree hoggasuma kuffisuuf yaaluurra, tarsiimoo injifannoolee xixinnoo dhawaataan nama goonfachiisan baafachuutu wayya. Duula mara keessatti ummata biyyaa hunda hirmaachisuun dirqama miti. Akeeka garii hirmaannoo miseensoota hawaasaa keessaa, muraasa qofa hirmaachisuudhaan fiixaan baasuun ni danda'ama.

Tarsiimoo muummee fiixaan baasuuf, tooftaaleen dhawaataan, walduraaduubaan hojirra ooluu qaban. Qabsoon tuni sadarkaa jalqabaa, walakkaafi xumurarratti tooftaalee walirraa addaa, akka gaafattu warri qabsoo tana qindeessan beekuuqab an.

### Diddaa dhimma murtaawaarraatti fuulleeffatte

Qabsoo tana sadarkaalee jalqabaa keessatti duula mormiilee murtaawoo akeeka walirraa addaa qaban gochuun bu'aa qabaachuun nimala. Mormiilee akkanaatis walitti aansanii oofuu feesisa. Takkee ammoo, lama ykn sadii al tokkotti walirra dhufuunis ni mala.

Mormii dhimma beekkamaa tokko fuulleeffatteef tarsiimoo karoorsuuf, dhimma hawaasni irraa himatuufi kan kan cunqursaafi hiraar sirni abbaa-irree ummatarraan gayuuf fakkeenya tahee mul'atu adda baafatanii filachuun barbaachisaadha. Kuniis injifannoo waliigalaatirraa tan qabsoo sadarkaa jiddugaleeysaa oofuudhaan ittiin milkaawan taha.

Akeekni tariismolee sadarkaa jiddugaleeysaa dhimma qabsaawoonni humnaafi dandeettii yeroo sunitti qabaniin bobbahanii ittiinis milkaawan tahuudha qaba. Kuniis injifannoolee walitti aansanii galmeeffamaniif mirkanii, hamilee ummataatiif cimina, milkii galma xumuraatiifis hiriirri humnootaa gara qabsaawootaatti akka conqoluufi qabsoonis finiintu godha.

Tarsiimoon falmii murtaa'aadhaa dhimmoota diinaglee, hawaasleefi siyaaslee beekkamootti fuulleeffachuu qabdi. Kuniis, qaama hawaasaa hanga tokko tooyannoo sirna abba irree jalaa baasuuf, waan dhuunfaa abbaa-irree jala jiru harkatti deeffachuuf ykn akeekni sirna cunqursaa sunii galma akka hingeenye gochuuf bu'aa qabaata. Akkuma armaandura jennetti, qabsoonnagayaa cinaacha dadhaboo sirna sunii keessaa, tokko ykn tokkoo'ol, fuulleeyfattee haleeluu qabdi. Haala kanaan qabsaa'onni dimokraatawoon humna afi dandeettii qabaniin milkiilee gurguddoo galmeessuu ni dandayan.

Jalqaba bobbaa falmii tanaatti, warri tarsiimoo wixinu, yoo xiqqaate, tarsiimuma duula jalqabaa karoorfatuu qaban. Akeekni murtaawaan sadarkaa sunii maal akka tahe, tarsiimoo muummee dhugoomsuuf bifa kamiin akka gargaaru, yoo dandayamees tarsiimoolee duula lammaffaatiifi sadaffaatiis wixinasaa lafaa qabaachuu feesisa. Tarsiimooleen kun marti, galma maaheeysaa dhugoomsuufi qajeelfama lafa kaayamerraa osoo hinmaqne tarkaanfachuu nama dandeessisa.

### Diddaa fakkeenyummaa

Sirna cunqursaa laaffisuuf duulli jalqabaa takaanfilee fakkeenyumaaf ta'aniin eegaluu qaba. Kunis, haala hawaasaa madaaluufi falmii as deemtuuf isa qopheessuuf gargaara. Hojiin duraatiis tarkaanfiilee murtaawoo yeroo gabaabduuf fudhataman of keessaa qabaatti. Yoo namoonni tarkaanfii jalqabaa kanarratti hirmaachuuf fedhiifi

qophii  lakkoofsaan xiqqaa ta’an, tooftaalee nama hedduu hin barbaannee kan akka abaaboo awwaala (qabrii) goototaatirra kaayuutiin eegaluun ni danda’ama. Gama kaaniin,  duula jalqabaarraatti hirmaatuuf namoonni hedduun fedhii yoo agarsiisan,  daqiiqaa shaniif hojii mara dhaabuu ykn daqiiqaa hedduudhaaf calii siransuun(dubbachuu diduun) tooftaa gaariidha. Haala biraa keessattiis namoonni murraasni hirgii beelaa (waa nyaachuu diduu) raaw’achuu, fulaa seena qabeessatti duungoo bobeessuu, barattoonni yeroo gabaabaf barnoota dhaabuu, waajjiroota beekkamoo dura  tattaa’anii ka’uu diduuniis tooftalee dansaadha.  Asiratti, lakkuma  takaanfileen mormitootaa jabaachaa deemtuun  roorroon sirna cunqursaan ummatarraan gayuus hammaachaa akka deemu hubachuu barbaachisa.

Duula jalqabaa keessatti tarkaanfileen fakkeenyummaa miidhaa guddaa geessissuu waan malaniif of eeggannoo feesisa. Tarkaanfiin  akka maasaraa mootummaa abbaa-irree ykn waajjira guddaa humna poolisii afootti bahuun gaaga’ama guddaa namarraan gayuu waan maluuf duula mormii tarkaanfii akkasiitiin eegaluurraa of eeguu barbaachisa.  Bifa waliigalaatiin, tarkaanfileen fakkeenyummaa sadarkaa sunitti fudhatamtu, tan wareegummaaa guddaa hin gaafanne ta’uu mirkaneeffachuu barbaachisa.

Duulli sadarkaa jalqabaa kuni, takkee, argaafi dhageeytii ummata biyya keessattifi  kan biyya alaa hawachuun nimala: fakkeenyaaf,  hiriira ummata Barmaa kan bara 1988fi, hirgii beelaatiifi dhuunfannoo waltajjii Taaynaman biyya Chaaynaa barattootaan raaw’atame yaadachuun ni gaya. Duulli lameenuu milkii osoo hintahin gaaga’ama guddaa akka qunnaman hindagatamu. Kanaafuu, qindeessittoonni tarsiimoo wixinan,  duula jalqabaa bobbaasuudhaan duratti of eeggannoo guddaadhaan karoora baasuu qabu. Duulli jalqabaa kuni hamileefi yaadqalbii ummataa kan kakaasu tahuus bifa waliigalaatiin akka fakkeenyaatti haa fudhatamu malee, humna sirna abbaa-irree aangoorraa qaarsuu dandayu akka hin tahin hubachuu qabna.

Jalqaba bobbaa kanaatti,  madda aangoo sirna abbaa-irree gogsuun hindandayamu. Sun gochuudhaaf ummata biyyattii hunda hirmaachisuu, jaarmayoota hawaasaa achiindura oggolanii turan sirna sunirratti akka fincilan kakaasuu barbaachisa. Mormii sadarkaa jalqabaatti ciminni akkanaa waan hinjirreef injifannoo maaheeysaa goonfachuun waan dandayamuu miti. Kanaafuu, jalqaba qabsootirratti fincila waliigalaa geggeessuudhaan, mootummaa abbaa-irree aangorraa kaasuuf yaaluun gatii hin qabu.

**Itti-gaafatamummaa  qargar qoddachuu**

Yeroo falmiin murtooftuun taasifamutti ba’aan qabsoo, irrajireessi, qaama hawaasaa muraasa qofaan baadhatamuun ni mala. Garuu, adeemsa keessa, lakkuma qabsoon finiinaatifi babal’achaa deemtuun,  ba’aa sun qaama hawasaa birootti dabarsanii ba’aa qooddachuun ni danda’ama. Fakkeenyaaf, gaaffii waa’ee  sirna barnootaa ilaalchisee ba’aa jirtu barattonni akka baadhattan, qabsoo waa’ee amantiirratti hooggantootaafi hordoftoonni ammantiii sunii akka baadhatan, hojjattoonni baaburaa mala geejjiba laaffisuurratti, gaazexeessitoonni ammoo uggura mootummaan sabahimaarran gahu dura daabachuudhaan gaazexaa barruu hin qabne baasuudhaan, polisoonni gama isaaniitin mormitoota  qabuu dhiisuun dandeettiin mootummaan ummata ukkaamsuuf qabu akka laaffatu taasisuun nidandayama.  Haala kanaan duula diddaa siyaasaa kana yeroofi hirmannaan adda babaasanii  hoggaa qaamni hawaasa tokko falmu,  kuun akka boqotu gochuudhaan bifa gargar hincinneen qabsoon  itti fufuun ni danda’ama.

**Aangoo abbaarretirratti fuulleffachuu**

Lakkuma falmiin babal’achaa adeemtuun, tarsiimoo humna abbaa-irree daranuu laaffisuuf gargaaran karoorsuun barbaachisaadha. Yeroo kanatti  akeekni tarsiimoodhaa diddaa ummataatti fayyadamanii haallan humnoota dimokraasiitif mijjooma qaban uumuudha.

Lakka jabeenyi  humnoota dimokraasii cimaa deemuun, tarsiimoolee diddaa cunqursaa kan dhiibbaa  jajjabaa qaban baafachaa  deemuu feesisa. Akeekni kanaatis humna siyaasaa  abbaa-irree laamshessanii  sirna sun unkuteessuudha. Deeggarsa abbaan irree hawaasaafi  gartuulee tokko tokkorraa argatu dhawaataan laaffisuuf, humnoonni dimokraasii of eegganno cimaadhaan tarsiimoo baasuu qabu. Tarii tarkaanfii gara jabeenyaa mootummaan fudhatu ifa baasuun barbachisuun ni mala. Kasaaraa diinagdee mootummaan sun biyyarraan gahu saaxilanii mul’isuuni mala biraati. Kana malees, sirni sun jiguuf dhihaachuu isaa qabatamaa agarsiisuun, deeggrtoonni mootummaa  dafanii ummataa waliin akka dhaabatan akeekkachiisunis bu’aa qabaachuu ni mala. Deeggertoota  sirna abbaa-irree  gara mooraa qabsoo dimokraasiitti fiduun dandayamuu baatullee, qabsoo ummataa dura akka hin dhabbanne gochuun barbaachisaadha.

Adeemsa tarsiimoo qabsoo diddaa ummataa wixinuufi hojiirra oolchuu keessatti eenyummaa, haalaafi amala deeggartoota muummeeyyii sirna abbaa-irree hunda ( waraana, poolisi, paartii fi birokraasii) dhiheenyaafi gadi fageenyaan too'achuun, qorachuufi hubachuun hedduu barbaachisaadha.

Sadarkaa amanamummaa humni waraanaa (loltootaafi qondaaltonni) sirna abbaa-irree hagam akka tahe rogaan xiinxaluun, hiree waraanni sun humna dimokraasii cinaa ittiin hiriiruuf malu madaaluun barbaachisaadha. Loltoonni sadarkaa gad'aantii sirna abbaa-irreetirratti komii qabaachuu adda baafachuu feesisa. Karaan loltoota kana gara mooraa qabsootti hawachuun itti dandayamu jiraa laata?

Jalqabumarraa eegalee tooftaafi karaa loltoota kana ittiin qunnaman mijeessuun barbaachisaadha. Afaaniin, barreeffamanifi mallattolee garagaraatti fayyadamuudhaan, qabsoon godhamaa jirtu kutannoon tan gaggeeffamtuufi hanga injifannoon argamtuttiis tan addaan hincinne tahuu hubachiisuun barbaachisaadha. Kana malees, qabsoon karaa nagayaatiin godhamaa jirtu tan lubbuufi nageenya loltootarratti aggaammate osoo hin tahini, tan humna abbaa-irree tooftaalee garagaraatiin laffisuu akka ta'e cimsanii agarsiisuun faaydaa ni qaba. Malli kun shakkifi sodaa loltoonni lubbuu ofiitiif qaban wal'aanuudhaan amanamummaan isaan sirna abbaa-irreetif qaban akka laaffatu godha. Humna poolisitiifi hojjatoota mootummaa kanneen birootiifis tarsiimoon akkanaa baafamuu qaba.

Deeggarsa loltootaa argachuun barbaachisaadha hoggaa jennu garuu, humni waraanaa mataa isaatiin fonqolcha mootummaa akka geggessu kakaasuu jechuu miti. Akkuma ammaan dura jennetti, haalli akkasii biyyattii gara sirna dimokraasiitti geessuun isaa shakkisiisaadha. Fonqolchi akkasii hariiroo humnaa kan ummataafi bulchitoota jidduu jiru waan hin jijjiirreef, rakkoolee hawaasaa furuu hin dandayu. Kanaafuu, fonqolcha mootummaa geggeessuufi abbaa-irreetitti qawwee garagalchuun barbaachisaa akka hin taanee loltoota kana sirritti hubachiisuun dirqama. Loltoonnifi qondaaltonni waraanaa qabsoo dimokraasiitiif anaannatan, humna abbaa-irree dadhabsiisuu keessatti shoora guddaa tapachuu dandayu. Fakkeenyaaf, mufannoofi komiin loltonni sirna jirurratti qaban babal'isuu, hojii mootummaa dhibeeysuufi, ajaja abbaa-irreerraa ummata miidhuuf isaanitti kennamu diduun dandeettiin mootummaan ummata ukkaamsuunqabu akka laaffattu gochuu ni dandayan. Karaan biroo kan loltoonni mootummaa qabsoo nagayaa ittin gargaaranis ni jira. Kanneen keessaa, odeeffaannoo gaggaarii warra tarsiimoo baasuuf kennun, lammilee mootummaan hidhuuf barbaadu dhoksaadhaan karaa dabarasuun sooraafi qoricha dhiheessuun falmattoonni dimokraasii hamileedhaafi tarsiimoodhaan akka jabaatan godha.

Humni waraanaa, madden aangoo abbaa-irreetiif barbaachisan keessaa kan hundaa oliiti. Kunis naamusa loltummaatiifi hidhannoo qabuun warra mootummaarratti fincilan ukkaamsuufi adabuuf dandeettii qabaachuu isaati. Warri tarsiimoo qabsoo nagayaa wixinan sirna abbaa-irree humni waraanaa, humni poolisiitiifi hojjattonni mootummaa guutitti deegggaran kuffisuun haalaan ulfaataa ta'uu isaa yaadachuu qaban. Kanaafuu tarsiimo, deeggarsaafi amanamuummaa qaamonni kun sirna abbaa-irreetif qaban laffisuu dandayu baasuurratti xiyyeeffannoo guddaa kennuun dirqama taha.

Miseensonni waraanaatiifi poolisi ajaja mootummaa diduun deeggarsa mormitootaaf qaban mul'isan tarkanaafiin hamaan akka isaan eeggatu beekuun barbaachisaadha. Kanaafuu, qabsaa'onni dimokraasii miseensonni polisitiifi waraanaa, jalqaba qabsootirratti akka ifatti fincilan kakaasurraa of qusachuu qabu. Kanarra, bifa dhoksaa ta'een ajaja mootummaa lafarra harkisuun akka danda'amuufi karaa lafa jalaatin qabsoo deeggaruu akka danda'an loltoota kanatti ibsamuu qaba. Fakkeenyaaf, namoota barbaadaman waan arguu dadhaban fakkeessuu, tarkaanfii ukkaamsaa mootummaan iccitiidhaan fudhachuuf deemu saaxiluun bu'aa guddaa qaba. Qandaaltonni waraanatif ajajonni poolisi qajeelfama gubbarraa dhufu gad osoo hin dabarsine tursiisunis mormitootaataaf yeroo qophii kennuu ni danda'u. Akkasumas, loltoonni ummata rukutuurraa rasaasa gara samii dhukaasuu dandau. Hojjattonni mootummaa ammoo dibamne jechuun haga fayyanitti hojirraa oolu ni danda'u. Kun hojiin sirna mootummaa utubu bifa gahaa ta'een akka hin geggeeffamne hanqisuun sirna sun laamshessuurratti shoora guddaadha qaba.

**Xurree tarsimoo jijjiiruu**

Karoorsitonni tarsiimoo qabsoo karaa nagayaa, akkaataa tarsiimoofi tooftaaleen hojiirraa itti oolan yeroo yerotti gamaaggamuu qabu. Qabsoon godhamtu akkaataa itti karoorfameen deemuu dhabuun nimala. Yeroo akkasii tarsiimoo jijjiiruun barbaachisaa tahuun ni mala. Jabeenyaafi hamilee qabsoo cimsuuf maal barbaachisa? Deebii argachuuf rakkoo qabsoon mudatte qorachuun, tarsiimoo qabsoo sunii keessa deebi'anii xiinxaluunifi tarsiimoo

laafina fidde tan birootin bakka buusuun gaariidha. Garee hawaasaa hahharaya qabsoo keessatti hirmaachisuu, akkasumas humnaafi tooftaa dabalataa burqisiisuun furmaata tahuun nimala.

Akka hiree tahee qabsoon akka eeggamee olitti amna saffeedhaan afootti yoo tarkaanfattee, sirni abbaa-irreetiis sagantaa karooraatin duratti kufuuf yoo kalaaye, qabsaa'onni dimokraasii injifannoo akkasii dhuunfatanii sirna sun daranuu laamsheessuuf tarsiimoo akkamittitti fayyadamuu danda'an? Deebii gaaffii tanaa kutaa itti aanu keessatti bal'inaan ilaalla.

**KUTAA SAGAL**
**SINRA ABBAAIRREE UNKUTEESSUU**

Duulli diddaa siyaasaa kan karooraafi bifa qindaaayeen geggeeffame, qabsoon caalatti akka jabaattuufi qaama ummataa hunda hirmaachisuudhaan tooyannoon abbaa-irree akka laaffattu godha. Kana malees moyuxannoo bal’ootu duula akkasitirraa argama. Moyxannoon tuniis sadarkaa itti aanutti diddaa siyaasaa guddaa ummata bal’aa hirmaachise oofuuf bu’aa guddaa qabdi.

Akkuma Kutaa Sadi keessatti mari’anne, abba-irree tokkoof madden aangoo kan ta’an sodaa, abdi dhablummaafi harka kennuu ummataati. Bakka haalli akkasii hin jirretti humniti abbaairree laaffachaa deemeeti dhumarratti sirni sun guutumatti bittinaa’a. Kana jechuun sirna abbaa-irree tokko diiguudhaaf ummanni sirna san sodaatuu, ooggaluufi deeggaruu dhiisuun dirqama. Kanaafuu, tooftaa maddeen aangoo abbaa-irree kana goggosuun ittiin dandayamu qorachuun qaaridha.

Duulli diddaa fakkeenyummaa kutaa dabre keessatti kaafne, hamilee abbaa-irree cabsanii humna siyaasaa isaa laaffisuun fudhatama dhabsiisuuf fayyada. Sirni hawaasa keessatti fudhatama bal’aa qabu, salphatti ummata sadaachisee of jalatti bulchuu danda’a. Kanaafuu sirna abba-irree dadhabsiisuuf, gocha mootummaa afaanin balaaleffatamefi mqaan xuraaye tokko tarkaanfii qabatamaatin dura dhaabbachu barbaachisa. Kun ammoo ummanni balleessaa mootummaa dhagayee jibbuu bira taree tarkaanfii ofiitiin sirreessuu akka dandayu isa abdachiisa. Walumaagalatti, maddi aangoo abbaa-irree tokkoo guutumatti goguuf, ummanni deeggarsa mootummaaf qabu dhiisee ajaja itti kennamuus diduu dandayuudha qaba.

Maddi aangoo abbaa-iree kan biroo ammoo humna namaati. Baay’innifi dandeettiin namoota qajeelfama gubbaadhaa gadi dhufu hordofanii waan dantaa abbaa-irree gabbisan dalagan, umrii sirna sanii dheeressuu keessatti gahee guddaa qaba. Yoo ummanni irrajireessi ajaja sirna sanii fudhachuu didee deeggersa isaatis jalaa luqqifate, rakkoo hamtuutu abban-irree san mudata. Fakkeenyaaf, hojjattoonni mootummaa hedduun dalagaa isaanii hanga durii gaditti yoo lafarra harkisan, yookanis dalagaarraa hafanii manuma isaanii yoo oolan, hojiin bulchiinsaa ni laaffatti. Kun ammoo dandeettii sirni abba-irree akka fedhii isaatti biyya too’achuufi bulchuuf qabu xiqeessa. Haaluma walfakkaatun, namonnifi gartuuleen hojii sirna sanii gahuumsaan geggeessuuf leenjiin addaa kennamteef, abbaa-irreetiin mormuudhaan hojii isaanititti yoo rincican, sirna abbaa-irree san hedduu miidhuu dandayan. Rincicuun hojjattootaa, qondaaltonni mootummaa odeeffannoo barbaachisaa ta’ee yeroon argachuu dabuurraa kan ka’e tarsiimoon isaan ummata ukkaamsuuf baasan akka fiixa hin baane danqa.

Ololli siyaasaa kan abbootiin irree yaadqalbii hawaasaa xaxanii qabanii of jalatti bulchuuf itti fayyadaman, tokko tokkoon jalaa fashalsiisuun yoo dandayame, qabsoo diddaa cunqursaatiif ummata kakaasuuf haalan gargaara. Leeccalloon abbaan irree tokko itti fayyadamuu danda’u jabeenyaafi laafina aangoo isaatiif murteessadha. Leeccalloolen akka albuudaa, geejjibaa, dhaabbilee sab-qunnamtiifi sirni diinagdee yoo garee mormitootaa harka bu’e, aangoo sirna sanii daran laaffisa. Duulli didddaa bittaa meeshaalee mootummaa, gejjiba abbaa-irreetin tooa’atamuu yaabbachuu dhabuun, hojjattoonni warshaatiis hojii dhaabuun sirni sun qabeenya lammiilee ofii ittiin cunqursu akka hin sochoofne taasisa.

Akkuma armaan dura kaafnetti, dandeettiin abbaan irree tokko kutaalee hawasaa naan morman jedhee yaadu doorsisuufi adabuuf qabu madda humna sirna sanii kan hangafaati. Humna abbaa-irree kana laaffisuufis karaalee lamatu jira. Inni duraa, ummanni balaafi dararaa abbaan irree irraan gahuu malu hundaafi qaamaa qalbiin yoo of qopheesse, akeekni ummata harka kennisiisuu hin hin milkaa’u. Lammaffaan, duulli diddaa cunqursaa humna waraanaatifi poolisi keessatti yoo babal’ate, loltoonni matamatattis akka murnaattiis ummata ukkaamsuu diduun ni mala. Gaafa abbaan irree loltootaafi poolisoota isaatti fayyadamuun ummata ukkaamsuu dadhabe, lubbuun sirna sanii qarreerra geesse jechuudha.

Walumaagalatti, mormiin siayaasatifi diddaan sirna abbaa-irree hidda gadi fegeeffatee jirurratti godhamtu,humna aangoo cunqursaa laaffisaatifi dhabamsiisaa deemuu qaba. Abbaan irree yeroodhaa gara yerootti humna aangoo isaa haarayoomsaa deemuu yoo dadhabe, sini sun laaffachaa deemuudhan dhumarratti addaan bittinnaa’a. Qabsoon diddaa siyaasaa tarsiimoofi tooftaa siriitti karoorfamteen geggeeffamtu, humna abaa-irree muummee laffisuurratti kan xiyyeeffate ta’uu qaba.

**Bilisummaa saffisiisuu**

Lakka diddaan siyaasaa bal'achaa deemtuun, jaarmiyoonni hawaasleen, diinagleeniifi siyaasleen walaba tahan dhalachaatiifi dagaagaa deemaniin, aangoon abbaa-irreetifi dandeettiin sirni sun ummata ukkaamsuuf qabu ammoo laaffachaati deemti. Humni waldayoota hawaasaa kan sirna abbaa-irree sanii caalaatti jabataa hoggaa deemu , sirni sun jaalatuus jibbuus ummanni biyyaa jaarmayoota toyannoo mootummaatin ala ta'aan jaarrachuu danda'a. Sirni sun bilisummaa ummaanni babal'ifachaa deemu kana harkaa fudhachuu yoo yaale, hawaasni gama isaatin ammoo moyxannoo hanga ammaatti argatetti fayyadamuudhaan tooftaa qabsoo nagayaatiin yaalii san fashalsiisuun ni danda'ama. Yoos duulli qabsoo haarayni sirna abbaa-irree sanirratti baname jechuudha.

Haalli injifannoo argamtetti fayyadamuun jaarmaya hawaasaa jaaruutifi diddaa qabsoo haaraya banuu kun osoo sirni abbaa-irree sun lubbuun jiruu ummanni mirga isaa irra caalaa akka harkatti galfatu dndeessisa. Adeemsa keessa, mootummaan abbaa-irree diigamuudhaan sirna dimokraasii jaaruudhaaf karaa bana. Sababni isaatis, yeroo waldhaansoon diddaa siyaasaa godhamaa turetti hariiroon humnaa ummataafi mootummaa jidduu jiru laangichaawaa (walqixxaayaa) waan deemuufi.

Wanti bara kudha-sagal torbaatamootaafi saddeettamoota keessa biyya Poolandiitti ta'e kanaaf fakkeenya gaariidha. Waldayni Kaatolikii mootummaa Koominiistootaatin roorrifamtus, guutumatti tooyannoo sirna abbaa-irree sanii jala hin buune. Bara 1976 keessa hayyoonnifi hojjattonni muraasni walitti dhufuudhaan Koree Mirga Hojjattootaa K.O.R ( Workers Defense Committee) dhaabanii mormii siyaasaa jalqaban. Waldaayni daldaltootaa "*Solidarity"* jedhamu, humna jabaa duraan qabutti fayyadamuun duula hojii dhaabuu guddaan yaamee, mootummaan mirga seeran socho'u akka kennuuf dirqisiise. Kana booda, qonnaan jireeyyiin, barattoonnifi qaamoleen hawaasaa kanneen biroo jaarmayoota walaba tahan dhaabbachuu dandayaniiru. Dhalachuufi guddinni saffeen jaaramayoota kanaa, hariiroo humnaa ummataafi mootummaa jidduu jiru faalleessuu isaa yoosuu Komunistootaaf gale. Kana booda Kominiistoonni jaarmaya Solidarity yeroo lammataatif hayyama irraa fudhachuun, sirna abbaa-irree waraanaatin biyya bulchuutti deebi'an.

Haa ta'uu malee, jaarmayoonni walabni jaaraman sun, haala cunqursaa hammaataa dhufe jalattis hojii isaanii ittuma fufan. Fakkeenyaaf, gaazexonnii seeranmalee ( kan hayyama hin qabne) kurnootaan lakkaawaman maxxanfamuun ittuma fufe. Manneen maxxansaa kitaabaa hayyama hin qabnes hedduun kutaabota dhibbatamaan lakkaawaman bara baraan baasuu itti fufan. Haaluma walfakkaatun barreessitoonni beekkamoon barruulee Komunistii ni lagatan; kitaabota ofii kataban baasufis mannnen maxxansaa mootummaatitti fayyadamuu ni didan.Qaamni hawaasaa kan birootis sochiilee diddaa kanneen garagraa ittuma fufe.

Bara abbaa-irree Jaruselski, mootummaan Komunistii biyya sanii ummanni guutun waan isa ganeef akka duumessa samii haguuge, kan garuu lafa hin tuqneetti laalamaa ture. Qondaaltonni mootummaa waajjiraalee akkuma qabatanitti jiran ture. Mootummaanis dandeetti mormitoota qabuufi hidhuu, manneen maxxansaa seeraanmaleeyyii cufuufi kkf gochuun isaan hin dhabne. Garuu ummata tooyachuu hin dandeeenye. Hariiroon hawaasaafi abbaa-irree jidduu jirtu sadarkaa kanarra gaafa geese, sirni sun dhumatteef; awwaala isaatiis beekkate jechuudha. Qondaaltonni sirna abbaa-irree waajiraalee mootummaa osumaa qabatanii jiran, caasaa mootummaa domokraatawaa cinaadhaan dhaabunis ni danda'ama. Caasaan haarayni kun dirqama bulchiinsaatifi dhimma hawaaslee silaa mootummaan dalaguun malu mara fudhatee bifa hojii sirna abbaa-irree caalaa fooyya'een hojjachuuf dorgoma. Kuniis dadhabina sirna abbaa-irree sanii daran saaxiluu bira dabree humni siyaasaa harayni kan dandeettifi ga'uumsa biyya haala fooyya'een bulchuu danda'u biqiluu ummatatti agarsiisa. Oolee bulee olollii sirni abbaa-irree ana qofatu humnaafi haqa biyya bulchuu qaba jedhee dhaadatuun bakka dhabaati deema. Sirni abbaa-irree humniti dhawaatan jalaa shololaattee, hojjin biyya bulchuu garee mormituutin harkaa fudhatamte, bifaafi amala mootummaa tokkorraa eeggamuus dhaba. Dhumarratti caasaan haarayni cinatti dhaabbate sun, hojiifi dirqama biyya bulchuu guututti dhuunfachuudhaan mootummaa ceehumsaa ijaara. Itti aansuun heerri mootummaa haarayni qophaayee, filannoo walaba basaqeessatti geggeessa.

**Sirnaafi caasaa abbaa-irree diiguu**

Wanti hubatamuu qabu , abbaan irree tokko aangoorraa fonqoleef biyti sun salphatti gara sirna domokraassiiti deemuu dhabuu akka dandeessu. Yeroo mootummaa ceehumsaatti duulli sirna dimokraasii jaaruuf godhamaa ture daran cimee itti fufuu qaba. Kanaafuu qindeessitoonni qabsoo,tarsiimoofi tooftaalee diddaa siyaasaa bifaafi hirmaannaa ummataatin daran guddaa ta'eef mijjooma qaban karoorsuu qabu. Hojiin kun akeekni isaa sirni duraanii

akka bayyanatee hin deebineefi, ykn ammoo sirni abbaa-irree haarayni akka hin dhalanne dhoorguuf taha. Akeekni haarayni kun, jaarmaya diddaa harayoomsuu, miseensotaafi humna qabeenya isaa cimsuu gaafata. Kun ammoo yeroo dheeraa fudhachuun nimalaa. Garuu jaarmaya ofii haarayoomsaatis duula xixiqqaa dhimmoota garagaraa fuulleeyfatan geggeessuu barbaachisa. Kun ammoo qabsaa'onni dimokraasii ammas kutannaafi naamusa duraan qaban daranuu cimsuudhaan yoo itti fufan, dadhabiileen sirna abbaa-irree kanneen hafaniis baay'inaan mul'achaa deemu. Diddaa siyaasaa cimsuun cinatti jaarmayoota hawaasaa jaaruun yoo itti fufe, haalli biyyaattii san keessatti deemaa jiru qalbii ummata addunyaa bal'inaan hawachaati deema. Kun ammoo humnoota domokraasiitiif waan gaariidha. Akkuma biyya Polaanditti ta'etti dhiibbaan diplomaasii sirna abbaa-irree daaqaa jiru sanirratti jabaatuudhaan, waldhaansoo humnoonni dimokraasii godhaniif gumaata dablataa fida.
Akkuma moyxannoo Jarman Bahaatirraa agarretti, sirni abbaa-irree gariin haala saffisaa ta'een kufuu akka malu karoorsitoonni tarsiimoo qabsoo hubachuu qabu. Wanti akkanaa kan uumamuu danda'u, ummanni biyya sanii guututti finciluudhaan, yoo maddeen aangoo sirna sanii yeruma tokkotti laamsheesse qofa. Haa ta'uu ammoo halli akkasii dabree dabree malee waan yeroo hundaa ta'uu miti. Kanaafuu, falmaa yeroo dheertuu fudhachuu dandeessuuf karoorfachaa,yoo akka tasaa mootummaan saffisaan kufeefis of qopheessuu barbaachisa.
Adeemsa qabsoo keessatti, haga feetes xiqqaattu injifanno argamte mara gammachuudhaan simachuu feesisa. Namoonni injifannoo saniif gumaachaanis galateeffatamu qabu. Injifannolee argaman bifa bashannanaa tan qabsoo saniin hidhata qabdu qopheessuun warra injifannoo argate booharsaa, lammilee haaraya gara qabsootti fiduuf yaalunis ni danda'ama.

**Injifannoo argatan of eeggannoon qabachuu**

Karoorsitoonni tarsiimoo muummee, haalaafi akkaataa qabsoon tun bifa milkooften itti xumuramuu malturratti durumarraa eegalanii itti yaaduufi of qopheessuu qabu. Qophiin akkasii sirni abbaa-irree haarayni akka hin dhalanneefi adeemsa keessa sirna dimokrasii waaraafi taggabbii qabu jaaruuf murteessaadha.
Gaafa qabsoon sirna cunqursaa san lafaan geessa, haala kaamiin aangoon abbaa-irretirraa gara mootummaa ceehumsaatitti akka dabru qabduus itti yaaduun barbaachisaadha. Mootummaa hojii bulchiisaa geggesstu daddaffiitti jaaruuniis gaariidha. Garuu, sirnuma dullacha san namoota haarayaan guutuurraa of eeguun barbaachisadha. Dameelee sirna abbaa-irree keessaa kenneen ammalli farra dimkoraasii hidda itti dhawateefi, dameelee harayoomfamuu danda'an addaan baasanii beekuun gaariidha. Sirna dullacha san diiganii hatattamatti haarayaan bakka buusuun dadhabamee angoon siyaasaa qullatti hafnan, balaa hamaa namarraan gayuun nimala. Haalli akkasii jeeqama yookin hokkara guddaa fida, yookin ammoo sirna abbairree waraanaatiif karaa bana. Erga sirni abbaa-irree jigee booda, tarkaanfii qondaaltota sirna sanitirratti fudhatamuu malurrattiis dursanii yaaduun bu'aa qaba. Fakkenyaaf, dhaddacha heeraatti dhiheeffamu moo? Biyyaarraa ari'amanii jiruu baqaa akka jiraatan taasifamu moo? Malli biroo injifannoo booda kan biyya deebisanii jaaruudhaafi sirna dimokraasii hidda cimsanii dhaabuuf gargaaru jiraa laata? Waanuma ta'eefu malli filatamu, kan walitti bu'iinsa hambisuuf gargaaru ta'uu qaba. Yeroo cehuumsaatti dhiigni namaa jiguun, biyyi sun gara waldhabbii siyaasaa xaxamaa ta'e, kan dimokraasiif hin mijooyneetti akka seentu godha.

Kanaafuu gaafa sirni abbaa-irree tokko kufuuf qarreerra gaye, karoora ifa ta'e kan gara dimokraastti nama ceesisu baasuu barbaachisa. Karoora akkasii qabaachuun, murni biroo abbaa-irree laaffate san fonqolcha mootummaatin of jalaa darbee, sirna cunqursaa biroo akka hin jaarree dura dhaabbachuuf gargaara. Jaarmayoota dimokraasii kan heera mootummaa hojiirraa oolchuuf barbaachisoo ta'an jaaruufis karoorri barbaachisaadha. Karoora baasuu dhabuurraa kan ka'e jijjiramni wareegama qaaliidhaan argame ummata harkaa miliquu hin qabu.

Ummanni yeroodhaa gara yerootti onnataa yoo deemuufi jarmiyoonni dimokraasii walaba ta'an bal'inaan biqiluu yoo arge, abdiin abbaan irree sun angoo qabatee turuuf qabu xiqqaachaati deema. Duulli hojii dhaabuu, hiriirri gurguddaanifi, ajaja mootummaa fudhachuu diiduun biyya guutuu walgayee ummanni irra jireessa gaafa itti hirmaatuu eegale, waajirootaafi jaarmayoota sirna abba irree ni laamsheessa. Tarsiimoon diddaa siyaasaa kun qalbiidhaan karoorfamee, ummata bal'aa hirmaachisuun of eeggannoodhaan yoo hojiirra oole, abbaan irree humna isaa guutuu dhaba. Gaafas, humnoonni dimokraasii hokkara tokko malee nagayaan aangoo mootummaa dhuunfatu. Sirni abbaairree sun ba'aa karaa diddaa ummataatin itti fe'aameen gatantareeti lafa dhaya.

Qabsoon nagayaa hundi daddaffiittiifi akka salphaatti milkaaya jechuun hin danda'amu. Falmaan waraanaa hedduunis akka hin milkoofna yaadatamuu qaba. Haa ta'uu ammoo, carraan diddaan siyaasaa tan karaa nagayaatiin injifannoo goonfachuu jirtu guddoodha. Akkuma amma dura mari'nne, tarsiimoofi tooftaan dursanii karoorftan, tokkummaan ummataa, naamusaafi murannoon qabsaa'otaa, carraa diddaan siyaasaa tan karaa nagayaa galma gahuuf qabdu daran bal'isa.

## KUTAA KUDHAN
## SIRNA DIMOKRAASII WAARATIIF BU'URA KAAYUU

Sirni abbaa-irree u kutaawuun hedduu nama gammachiisa. Ummanni yeroo dheertuudhaaf sirna cunqursaa jalatti dararamaa tureefi qabsoo keessattiis wareegama guddaa kafale sun, gammachuu isaa ibsachuufi haragalfachuuf haqa qaba. Qooda qabsoo saniif gumaachaniifi injifannoo goonfataniif ofitti boonuu qabu. Namni qabsoo keessatti hirmaate hundinuu lubbuudhaan jiraatee guyyaa injifannoo san arguu hin dandayu. Qabsaawoota wareegamaniifi kanneen lubbuudhaan jiranis gootota biyya isaanii dandii bilisummaatifi dimokraasiitirra kaayuuf wareegummaa barbaachisu gumaachan waan tahaniif seenaan bara baraan isaan yaadata.

Haatahu ammoo, injifannoo arganne jedhanii of dagachuun hin barbaachisu. Sirni abbaa-irree guutumattuu kan unkutaawe tahullee, jeeqama yeroo cehuumsaatti fayyadamuudhaan, gartuun cunqursituun biroo aangoo akka hin qabanne, humnoonni dimokraasii waardiyyaa dhaabbachuu qabu. Hogantoonni humnoota dimokraasii, tarsiimoo aangoon abbaa-irreetirraa gara mootummaa cehumsaatti ittiin dabartu dursanii baasuu qabu. Caasaan abbaa-irreetiis diigamuu qaba. Heera mootummaatifi sirna dimokraasii waaraa utubuuf bu'urri barbaachisaan ijaaramuu qaba. Akkuma sirni abbaa-irree kufeen rakkooleen hawaasaa hundi furmaata argatu abdi jedhu ummataaf kennuurraa of qusachuu barbaachisa. Kufaatiin sirna cunqursaa, jireenya hawaasaa dhawaataan fooyyeessuuf karaa bana. Rakkooleen diinagleen, siyaasleefi hawaasleen hidda gadi fagoo tahe qaban hedduun isaanii kufiinsa sirna abbaa-irree boodas yeroo dheertuuf numa jiraatu. Tumsaafi jabeenya lammiilee biyya saniitiin rakkoolee san yeroodhaa gara yerootti fooyyessaa deemuun nidandayama. Sirni siyaasaa haarayni hundeeffame ammoo, tarsiimoofi imaammata lammileen biyyaa jireenya ofiitiifi kan ummata ofii foyyeessuuf isaan dandeessisu baasuu qabu.

**Sirna Abbaa-irree haraaya ofirrraa ittisuu**

Aristotle yeroo dheertuu dura akka nu akkeekkachisetti, " Cunqursaan gara cunqursaa birootti jijjiramuu ni danda'a"[2]. Dhugooma Jecha kanaatiif seenaatu raga baya. Fakkeenyaaf waan Faransaayitti ( Jacobins fi Napoleon), Ruusiyaatti ( Bolsheviks), Iraanitti ( Ayatollah), Barmaa ( Koree Waraanaa) fi biyyota biroo keessa ta'ee yoo laalle, kufaatiin sirna cunqursaa tokko ,namootaafi gareeleen cunqursaa haarayni akka aangoo qabataniif hiree kenne. Namootaafi murnoonni armaan'olitti tarreeffaman sababni aangoo itti qabchuu fedhan garagara; wanni ummataaf fidan ammoo waluma fakkaata. Inumaatu sarni abbaa-irree inni haarayni kan dur daran hammaachuun ni mala.

Akkuma qabsoon diddaa siyaasaa jabaachaa deemtuun, qondaaltonni gariin muumicha sirna sanii funqolchuudhaan, akka aangoon siyaasaa harka humnoota dimkraasii hin seenne dhoorguun ni mala. Qondaaltonni sun, afaaniin sirna abbaa-irree fonqolchine jechaa, hujiidhaan ammoo sirnuma cunqursaa dullacha sun fuulaafi afaan jijjiraanii deebisanii ummatarratti fe'u.

**Fonqolcha mootummaa ittisuu**

Gartuulee mirgaafi bilisummaa ummanni qabsoodhaan argate fonqolcha mootummaatin saamuu barbaadan tooftaa ittiin fashalsiisantu jira. Humnoonni dimokraasii tooftaalee kana dursanii beekuun mataa isaatti, fonqolcha mootummaa hanqisuu ni danda'a. Qophaa'ina gahaa qabaachuun, yaalii silaa mootummaa fonqolchuuf godhamu ittisuu ni dandaya

Gareen fonqilchi mootummaa geggeessuu tokko jalqabummarraahuu tarkaanfii fudhataa jiruufi bulchiinsa uumuu fedhuuf ummata biratti fudhatama argachuudha kajeela. Kanaafuu, tarkaanfiin duraa tan humnoonni dimokraasii fudhachuu qaban, gareen sun fudhatama akka hin arganne dhoorkuudha.

Hawwii isaa fixaan baafachuuf murni fonqolcha mootummaa geggeessu sun deeggarsa yookin qoqqoodamuu hoggantoota jaarmayoota hawaasaa isa barbaachis. Kana malee ajajamuu hojjattoota mootummaatifi, hayyootaa ogummaa adda addaa qabanirraa gorsa argachuuniis dirqama. Ummata biyyattii guututti too'achuuf poolisoonni, abbootin seeraatifi abukaatonni heeraafi seera murna haaraya suniin tumamu eegsisuu qabu. Walumaagaltti namoonni sirna walxaxaa diinagdee, siyaasaa, hawaasaatifi waraanaa geggeessan, murna haaraya aangoo dhuunfachuu yaalutti harka kennatanii ajajaafi dantaa murna saniitif eemaramuu qabu.

Kanaafuu tooftaan lammaffaan kan fonqolcha aangoo ittiin ittisaniin, tarsiimoo diddaa siyaasaatin murna haarya san dura dhaabbachuudha. Deeggersaafi tajaajila murni haaryni kun barbaadu dhoowwachuun barbaachisaadha. Kana jechuun maluma sirna abbaa-irree isa duraanii ittiin kuffisan sanitti fayyadamuudhaan akka murni cunqursaan haaarayni aangoo hin qabanne ittisuun ni danda'ama. Yaaliin fonqolcha mootummaa deeggarsaafi fudhatama dhabe, akka ibidda qoraan dhabeetti ofiinuu dhaama. San booda sirna dimokraasii jaarufi hireeen deebiteeti banamti.

**Heera mootummaa tumuu**

Sirna dimokraasii haaraya bu'ureessuudhaaf, heera mootummaa waliigaltee ummataatirratti hundaaye tumuu barbaachisa. Kaayoonifi qoqqodamni aangoo mootummaa, akkaataafi yeroo filannoon itti addeemsifamtu, hariiroon sadarkaalee bulchiinsa godinaa, kan naannoofi federaala jidduu jiru heera mootummaa san keessatti tarreeffaamuu qaba.

Mootummaan jiddugaleessaa dimokraatawaa tahee itti fufuudhaaf, angoon mootummaa jiddugalaa kan dameelee seera -tumtuu, seera-hiiktuufi seera-raawwachiiftuu ifatti qoodamuu qaba. Akkaataa hojiin poolisii, kan humna waraanaatiifi damee tikaa ittin raaw'atamu hornaga barbaachisu walin ifatti heera mootummaa keessatti dabaluun barbaachisaadha.

Bu'ura sirna dimokraasii siransuufi awaddoo abba-irrummaa faccisuuf heerri biyyaa kan sirna federalizimii caasuufi bulchiinsa sadarkaa gandaa, aanaafi naannootif aangoo wayyaba kennu tahuu qaba. Biyyi Siwiidinii nannoolee bulchiissaa xixiqqaa aangoo guddoo qabaniifi ofiin of bulchan, kan ammoo qaamuma biyya takkaa ta'an kan '*Canton*' jedhamaniin bulti. Kun biyyoota gariitiif fakkeenya tahuun ni mala.

Biyti reefu bilisoomte seenaa isii keessatti heera qaphxiilee barbaachisoo garareetti maqaa dhawaman kana of keessa qabu yoo jiraate heeruma dur sun fooyyaa'ina barbaachisu itti godhanii hojiirra oolchuun gaariidha. Yoo heerri akkasii achiin dura kan hinjirre taate heera yeroo gabaabduuf ta'u tumanii, heera siranaa ammoo, erga haalli siyaasaa tasgabbaa'ee booda sagalee ummataatin raggaasifamee hojiirra oola. Heera haaraya tumuun yeroo dheertuufi xiinxala bal'aa gaafata. Heera haaraya tumuufis ta'ee kanuma duraanii fooyyessuuf ummanni bal'inaan itti hrimaatuun dirqama. Irbuu (Waadaa) boru hojiirra oolchuun hin dandayamne, yookan keewwata aangoo siyaasaa harka namoota muraasaatti galchuun, sirna cunqursaa haaraya fiduu waan maluuf heera keessatti dabaluurraa of eeguu feesisa.

Heerri mootummaa jechootaafi haala ummanni bal'aan laaftutti hubachuu danda'uun barreeffamuu qaba. Heerri mootummaa xaxamaa hayyoonni seeraaitifi warri siyaasaa qoftini hubatan ta'uu hin qabu.

**Immaammata dimokraatawaa dhimma ittismaataa**

Biyti sirna abbaa-irreetirraa dhiheenyatti bilisa of baafte takka roorroo biyya alagaa mudachuun ni mala. Kana qofaa miti. Humnoonni alagaa kanneen karaa diinagdeetiin, karaa siyaasaatiifi waraanaatiin ol'aantummaa irratti fe'achuuf boorteeyyuuf yaalan hindhabaman. Kanaafuu humnaafi dandeettii bilisummaafi walabummaa ofii ittiin eeggatan horachuun dirqama taha.

Immaammata ittismaataa biyya amma bilisoomteef baasuu keessatti, sirni dimokraasii kichuun akka hin cinneef of eegganno gochuun gaariidha. Kanaaf ammoo imaammanni ittismaata biyyaa yaadrimee tarsiimoo qabsoo nagayaa irratti hundaaye, biyya ofii alagaarraa tiksuun dirqama lammiilee biyyattii hundaa gochuun waraana hedduu qabeenya guddaa liqimsu jaaruurraa nama oolcha. [3] Kana gochuun balaa garasiin dhalachuuf maltu ni hanqisa; horii misoomaaf oolchuun malu waraanaaf akka hinqaadhimamne godha.

Murnoonnii tokko tokko kajeellaa aangoo dhuunfachuuf qabanirraa ka'uudhaan qajeelfama heera harayaa hordofuu diduun ni mala. Ummanni biyyaa balaan akkanaa jiraachuu quba qabaatee, tarsiimoofi toofta qabsoo karaa nagayaatiin murnoota amala abbaairrummaa qaban dura dhaabbachuu, sirna dimokraasiitifi mirga qabsoodhaan argate tikfachuuf waardiyyaa dhaabbachuu qaba.

**Dirqama kabajaa qabu**

Bu'aan qabsoo karaa nagayaa sirna abbaa-irree laaffisanii kuffisuu qofa osoo hin tahin, humnaafi hamilee ummata cunqurfamaatti horuudhaan aangeessuus akka tahe beekuu qabna. Tooftaan tun, ummanni ammaan dura abdiifi ofirratti amantii qabaachuudhaan maleetti jiraachaa ture, humna isaa beekee itti fayyadamuudhaan mirgaafi dantaa isaa akka eegsifatu gargaara. Moyxannoon adeeemsa qabsoo karaa nagayaa keessatti ummanni argatu, hamilee isaa ni kakaaasa, eenyummaa ofiitiin akka boonuufi ofirrattiis amantii qabaatu isa godha.

Faaydaalee gurguddoo qabsoo karaa nagayaatirraa argaman keessaa, takka, hawaasni bal'aan rakkoolee hegere isa mudachuuf malan mara furuuf dandeettii horachuufi gabbifachuu isaati. Dandeettiin hawaasaa tuniis; malaammaltummaa, miidhaa kutaa hawaasaa kamuurra gayu, sirna diinnagdee akkamaleessaafi hornaggii sirna siyaasaa biyyattiirratti mul'atuun mormuufi akka hindhufnees ittisuu isa dandeessisa. Walumaagalatti, bakka ummanni moyxannoo akkasii qabu jirutti sirni abbaa-irree bifa harayaan deebi'ee jaaramuuf hireen jirtu hedduu xinnayyoodha.

Beekkumsa tarsiimoo qabsoo nagayaa qabachuun, roorroo gara siyaasaatiin erga bilisummaa goonfatan booda dhufuuf maltu ofirraa faccisu nama dandeessisa: sirna dimokraasii tikfachuuf, mirga namoomaa eegsisuuf, mirgoota hawaasoota bicuu kabajsiisuuf, taligaa bulchiinsa sadarkaa aanaa, naannootiifi godinaa dhiibbaa mootummaa jiddugalaarraa dandamachiisuuf bu'aa guddaa qaba. Kana malees. gareeleen hawaasaa yaada fiinxaaleysaafi walmormu , kan silaa gaaratti nama galchuufi shoorarkaa kaasuuf nama qaadhimu qaban , sodaadhaan maleetti garaagarummaa isaanii karaa nagayaatiin akka ibsatan isaan gargaara.

Yaanni qabsoo karaa nagayaa kitaaba kana keessatti ka'e kun, namootaafi gareelee cunqursaa sirna abbaa-irree jalaa of baasanii, sirna dimokraasii waaraa mirgi dhala namaa hundi itti kabajamee, jireenya hawaasaatiis fooyyessuuf hiree banu ijaaruu fedhan maraaf faaydaa qaba.

Dhumarratti yaada sadeen armaagadii kanatti goolabna:

- Cunqursaa abbaa-irree jalaa bilisoomuun ni danda'ama.
- Injifannoo goonfachuuf, tarsiimoo qajeellotti itti yaadame dursanii karoorfachuu barbaachisa.
- Qabsoon akkanaa tuni jabaatanii hojachuu, murannoo, qabsoo naamusa matayyaatiifi kan jaarmayaa wareegamaa guddoodhaan dhuftu qabaachuu nama barbaachisa.

Jechi deddeebi'ee dhagayamu " bilisummaan bilaashitti hin argamtu" jedhu dhugaadha. Humni alaa kamiyyuu ummata cunqursaa jalatti dararamuuf bilisummaa kennuu hin danda'u. Ummanni bilisummaa isaa karaa argatuun ofumaa barachuu qaba. Injifannoon laaftutti argamtuus hin jirtu.

Ummannii waan bilisummaa isaa goonfachuuf isa barbaachisu hubate, daandii injifannoodhaan isa geettu ofii baafate, mirga isaa harka abbaa-irree keessaa micciiree baafachuu ni dandaya. San booda, sirna dimokraasii jaarratee, waardiyyaa dhaabbatee tikfata. Bilisummaan karaa kanaan argamtu waartuudha. Sirni kuni ummata murataa hamtuu itti dhufuuf malu mararraa faccisee dhawaataanis gabbifatee siranfatu qaba.

## MALOOTA QABSOO KARAA NAGAYAA

### MALOOTA IYYANNOO OFII ITTIN MUL'IFATANIIFI AMANSIIFATAN

**Gaafii ofii ifatti dhiheeffachuu**

1. Ummata duratti bayanii haasaya godhuu
2. Xalayaa moormii yookin deeggarsaa dhiheeffachuu
3. Ibsa ejjannoo jaarmayootaatifi dhaabotaa
4. Xalayaa iyyannootiif sagalee deeggarsaa sassaabuu
5. Badii raaw'atame tokkoof abbaa balleesse san siixiluufi yakkuu
6. Gartuun tokko yookin hawaasni guutuun xalayaa iyyannoo galfachuu

**Ummata bal'aadhaan walqunnamuu**

7. Dhaadhannoo, suuraa/ fakkiileefi mallattoolee garagaraa dhiheessuu
8. Poostaroota garagaraatitti fayyadamuu
9. Barruuleefi kitaabbiilee dhaamsa warraaqsaa qabaniin fayyadamuu facaasuu
10. Gaazexaalee maxxansiisanii baasuu
11. Dhaamsa nama kakaasu sagaleedhan waraabaanii, raadiyoonaafi televisiyoonaan dabarsuu
12. Waraaqaafi afuuffaa ergaan itti katabame samirratti balaliisuu, lafarrattis katabuu

**Yaada ummata hedduudhaa bakka bu'anii ibsuu**

13. Ummataa rakko ofii himachuu hin dandeenye bikka bu'anii iyya dabarsuu
14. Badhaasa qoosaa kennu
15. Gamtaadhaan humnoota alagaatitti iyyachuu
16. Waajjiroota dura dhaqanii hinriiruu
17. Filannoo qoosaa godhuu

**Tarkaanfii bifa fakkeenyaatiin dhihaattu**

18. Alabaafi halluu qabsoo san mul'isan fannifachuu
19. Ummata mallattoolee qabsoo sunii uffachuu
20. Du'aa'ii godhachuufu waaqeeffachuu
21. Wantoota mallatto qabsoo sanii tahan hawaasaa maraaf waliin gayuu
22. Mormii kabajaa mulquu geggeessuu
23. Qabeenyuma ofii unkuteessu
24. Ifsaa ifsachuudhaan mormii mul'ifachuu
25. Suraa goototaa ifa baasanii mul'ifachuu
26. Muddannoo hawaasa sanii fakkiidhaan mul'isuu
27. Maqaaleefi mallattoo hahhaarayyii qabsoo mul'isan moggaafachuu
28. Sagalee ergaa qabsoo qabdu dhageessisuu
29. Akka waan mirga ofii harkatti galfataniitti akkeessuu
30. Gocha hin jaalatamne qondaaltotatti mul'isuu

**Dhiibbaa matayyootarratti godhamu**

31. Qondaaltota mootummaa itti deddeebi'anii hiraarsuu
32. Qondaaltota mootummaa qoosaadhaan aarsuu
33. Qondaaltota mootummaa firoomfachuu

34. Golgola keessa shaamaa qabatanii roorroo ofii mul'ifachuu

**Diraamaafi wallisuu**

35. Goofataafi waan nama kofalchiisu kan biro dhiheessuu
36. Tiyaatiraafi muuzikaa akeeka qabsoo calaqqisan
37. Waa'ee qabsoo wallisuu

**Mormii**

38. Amna miilaa
39. Hiriira
40. Amna amantiidhaaf godhamtu
41. Muuda dhaquu
42. Makiinaadhaan hiriira bahuu

**Goototatti kabajaa godhaa**

43. Gadda siyaaslee
44. Awwaalcha akkeessaa
45. Awwaalcha koonnisa ofii qabsoodhaaf oolchuu
46. Jayna ofii kabajaadhaan awwaallachuu

**Walgahii ummataa**

47. Walgahii mormii yookin deeggarsaa
48. Walgahii diddaa)
49. Walgahii diddaa tan bifa ofii dhokfatte
50. Barnoota siyaasaa walbarsiisuufi walirraa baruu

**Moggaatti irraa bahuufi diduu**

51. Walgayii dhiitanii bahuu
52. Dubbachuu diduu ( afaan qabachu)
53. Kabajaa lagachuu
54. Duuyda itti galuu

**MALOOTA TUMSA-DHOOWWANNAA HAWAASLEE**

**Matayyoota lagachuu**

55. Umneessuu ( hadaamii irra dhaabuu)
56. Waan addayyaarratti umneessuu
57. Hariiroo gudeedmayaa diduu
58. Haraameessuu
59. Seeraan iggituu

**Ayyaana hawaasaatifi qophilee aadaa keessatti tumsa-dhorkachuu**

60. Sochiilee hawaasleefi ispoortiirraa qooda fudhachuu dhabuu
61. Dhimma hawaasaa keessatti hirmaachuu diduu
62. Barattoonni hojii dhaabuu

63. Diddaa hawaaslee ( social disobedience)
64. Jaarmayoota hawaasaa keessa bahuu ( withdrawal from social institutions)

**Sirna hawaasaa keessatti hirmaachuu didduu ( Withdrawal from the social system)**

65. Mana ooluu ( stay at home)
66. Tummsa-dhoorkannaa matayyootaa ( personal noncooperation)
67. Hojjattoonni lafa hojii isaanii dhiisaanii deemuu ( flight of workers)
68. Bikka dhokannaa ( sanctuary)
69. Gamtaadhaan dhokachuu ( collective disappearance)
70. Mormanii baqachuu ( protest emigration/hijrat)

**MALOOTA KARAA DIINAGDEETIN TUMSA DHOOWWACHUU:**

**A) DIDDAA BITII-GURGURTII**

71. Maammilummaa addaan kutuu ( consumer's boycott)
72. Meeshaalee diddaa bitii-gurgurtiidhaaf filatamanitti fayyadamuu diduu
73. Waa bituu hir'isuu
74. Kiraa kafaluu diduu
75. Kireeffachuu didu
76. Ummanni guutuun diddaa biitii-gurgurtii
77. Ummanni addunyaa diddaa bitii-gurgurtii irratti hirmaachuu

**Tarkaanfilee hijjatootaafi warri waa oomishuu fudhachuu malan**

78. Hojjattoonni hojii dhaabuu
79. Waa omishuu diduu

**Tarkaanfii daldaltootaafi dallaalotaa**

80. Dhiheessitonnifi dallaalonni bittaa-gurgurtii diduu

**Tarkaanfilee abbootii abbootiin qabeenyaatifi hoggantoota hojii**

81. Dallaalonni bittaa-gurgurtaa diduu
82. Qabeenya ofii gurguruu diduu
83. Dukkaanaa cufuu
84. Industiriileen gargaarsaa isaanirraa eggamuu kennuu diduu
85. Daldaltoonni duula hojii dhaabuu yaamuu

**Tarkaanfilee gama faaynaansii**

86. Maallqaa baankiidhaa baasuu
87. Kaffaaltii tajaajilaa baasuu diduu
88. Liqii deebisuu diduu
89. Maallaqni baankii jiruu akka hin sochoone dhoorkuu
90. Galii mootummaa dhoorkuu
91. Maallaqa mootummaa namrraa qabu deebisanii kennuu diduu

**Tarkaanfii mootummoonni fudhachuu malan**

92. Qobqobbii biyya keessaa
93. Qobqobbii daldaltootarra kaayamu
94. Qobqobbii  gurgurtaa addunyaa
95. Qobqobbii bitii addunyaa
96. Qobqobbii daldala addunyaa

**HOJII DHAABUU**

**Tarkaanfii Fakkeenyummaatiif  hojii dhaabuu**

97. Waan tokjko mormuun hojii dhaabuu
98. Yeroo gabaabduuf dhiitanii bahuu

**Fincila Qonnaanbultootaa**

99. Warri baadiyyaa hojii dhaabuu
100. Qonnaan buleeyyiin hojii dhaabuu

**Gareen adda addaa hojii dhaabuu**

101. Dafqaan bultoonni hojii dhaabuu
102. Hidhamtoonni finciluu
103. Ogeeyyin hojii harkaa finciluu
104. Ogeeyyonni pirofeeshinaalii hojii dhaabuu

**Industiriileen hojii dhaabuu**

105. Hojjattonni bu'uraa finciluu
106. Industiriileen hojii dhaabuu
107. Qabsoo mararfatanii finciluu

**Fincila murtaawaa**

108. Fincila waliigalaa
109. Duuab konkolaatatti waa maxxansuu
110. Fincila suuta deemuu yookin konkolaataa suuta oofuu
111. Dalagaarratti rincicuu
112. Dhukkubsadhe jedhanii hojiirraa hafuu
113. Ittigaafatamarraa bu'uun finciluu
114. Fincila galii muraasa qabu
115. Fincila damee tokko qofarratti fuulleffate

**Fincila industiriilee hedduu**

116. Fincila waliigalaa
117. Finciluu dameelee maraa

**Fincilaafi diddaa bitii-gurgurtii waliin taasisuu**

118. Fincila hojii hawaasaa, diinagdeefi bulchiisaa mara dhaabuu ( *hartal)*
119. Caasaa diinadgee guututti cufuu

**MALOOTA TUMSA-DHOOWWANNAA SIYAASAA**

**Taaytaa fudhatama dhabsiisuu**

120. Deeggarsa dhoorgachuu/ harka jalaa luqqifachuu
121. Deggarsa ummataa dhabsiisuu
122. Barruuleefi haasawa diddaaf ummata kakaasan

**Lammileen mootummaa tumsa dhoowwachuu**

123. Qaama seertumtuu waliin dalaguu diduu
124. Filannoorratti hirmaachuu diduu
125. Hojii mootummaa fudhachuu diduu
126. Dameeleefi waajjiraalee mootummaa tajaajiluufi ittis fayyadamuu diduu
127. Manneen barnootaa mootummaa keessaa joollee baasuu
128. Dhaabota mootummaatti hidhata qaban lagachuu
129. Seeraafi dantaa mootummaa hojirra oolchuu diduu
130. Malattoolee mootummaa deeggaran manaafi qe'ee ofiitirraa kaasuu
131. Qondaaltota muudaman fudhachuu diduu
132. Jaarmayaalee mootummaan jibbuu diigmayarra barbaadu ittisuu

**Filmaata oggolamuurra wayyaa**

133. Rincicuu
134. Bikka qondaaltonni hinjirretti rincicuu
135. Ummata guutuu socoosanii oggalamuu diduu
136. Diddaa ifa hin taane
137. Walgahuu yookin addaan faca'uu diduu
138. Taa'anii ka'uu diduu
139. Dirqama waraanaatifi biyyaa ari'amuu diduu
140. Dhpkachuu, miliqanii baduu, eenyummaa sobaa uummachuu
141. Seera haqamaleessa fudhachuu diduu

**Tarkaanfii qondaaltonni mootummaa fudhatan**

142. Qajeelfama tokko tokko diduu
143. Ajajaafi odeeffannoon akka gubbaa gadifi jalaa-ol hin dabarree godhuu
144. Qajeelfama hojiirra olchuurratti rincicuu
145. Hojii bulchiisa guututti dhaabuu
146. Murtii Xaddacha mootummaa diduu
147. Dameeleen boortaa mootummaa rincicuu
148. Fincila mootummaa

**Tarkaanfilee bulchiinsi gandaafi aanaa fudhachuu danda'u**

149. Qajeelfa gubbaa dhufu fudhachuu dhabuu yoookin rincicuu
150. Dameeleen bulchiinsaa mootummaaf tumsuu diduu

**Tarkaanfilee mootummoonni idil-addunyaa fudhachuu malan**

151.Hariiroo diploomaasii laaffisuu
152.Qophiilee diploomaasii lafarra harkisuu takkahuu hambisuu
153.Muudama diplomaatotaaf fudhachuu diduu
154.Hariiroo diploomaasii addaan kutuu
155.Jaarmayoota addunaa keessaa baasuu
156.Miseensummaa jaarmayoota idil-addunyaa dhoorkuu
157.Jaarmayoota idil-addunyaa keessaa ari'uu

**MALOOTA HOJII MOOTUMMAA BOORESSUU**

**Jeeqqalbii uumuu**

158.Humnoota mootummaatitti of saaxilee
159.Nyaata dhaabuu
   a. hamileedhaaf
   b. Fincila nyaata diduu
   c. Of miidhuun diina ofii salphisuu
160.Dhaddachaafi murtii fakkeessii geggeessuu
161.Karaa nagayaatin hiraarsuu

**Qaamaan argamanii booressuu**

162.Taa'anuu ka'uu diduu
163.Bakka dhaabatanii socho'uu diduu
164.Konkulataa karaa rakkisuu/dhiphisuu
165.Doonidhaan galaana dhiphisuu
166.Warshaaleen akka hin hojjanne ogguruu
167.Osoo addaan hin kunne waaqa kadhachuu/salaatuu
168.Hookaraan maletti bakka tokko qabachuu
169.Hookara malee qilleensarraan weeraruu
170.Hokkaraan maletti weeraruu
171.Haasaya qondaaltota jidduu n borcuu
172.Hojii mootummaa jeequu
173.Bakka tokko dhaqanii qabachuu

**Adeemsa hawaasaa jeequu**

174.Balada hawaasaa haaraya jaaruu
175.Manneenifi galma hawaasaa guutuu
176.Hojii hawaasaa lafarra harkisuu
177.Osoo hin affeeramin Haasaya hawaasa jidduun dubbachuu
178.Waltajjii hawaasarratti diraamaa hojjachuu
179.Jaarmayaalee hawaasaa cinatti jaaruu
180.Karaa qalqunnamtii cinatti jaaruu

**Karaa diinaggeetin jeequu**

181.Fincila mootummaa osoo hin beeksisin yook hin eeggatin waa dalaguu
182.Hojirraa ooluu
183.Hokkaraan maletti lafa dhuunfachuu
184.Karaa cufuu, takkaahuu karaa cufama of jalaa banuu

185. Waan maallaqaa, hoccuufi waan kana fakkaatan kan sobaa baasuu
186. Meeshaa mootummaan harka keessaa hin qabne qofa bitachuu
187. Qabeenya dhuunfachuu
188. Meeshaa gatuu
189. Abbootii qabeenyaa muraasa qofa deeggaruu
190. Gabaa cinatti uumuu
191. Sirna geejjibaa cinatti dhaabuu
192. Sirna diinagdee cinatti dhaabuu

**Karaa siyaasaatiin jeequu**

193. Sirna bulchisaatitti dalagaa baay'isuu
194. Eenyummaa basaastotaa saaxiluu
195. Hidhaaf of dhiheessuu
196. Seera garii diiguu
197. Sirna mootummaatin alatti hojjachuu
198. Mootummaa biraa cinatti dhaabuufi jaarmayaalee walabaa jaaruu

## JECHOOTA QABSOO NAGAYAA KEESSATTI JAJJABOO TA'AN

1) Accommodation--------------------------------------------------------------------------Waldandayuu
2) Authority-------------------------------------------------------------------------------------Taaytaa
3) Boycott---------------------------------------------------------------------------------------Diduu
4) Civil disobedience-----------------------------------------------------------------------Diddaa ummataa
5) Civilian Struggle--------------------------------------------------------------------------Qabsoo ummataa
6) Coup d'état------------------------------------------------------------------------------------Fonqolcha mootummaa
7) Dictatorship----------------------------------------------------------------------------------Abbaa-irree, motiqorke
8) Dynamics ( of nonviolent action)----------------------------------------------------Akkaataa qabsoo nagayaa
9) Disintegration-------------------------------------------------------------------------------Gargar ciccituu
10) Failure-----------------------------------------------------------------------------------------Kufaatii
11) Fast-----------------------------------------------------------------------------------------------Nyaatarraa if qabuu
12) Freedom------------------------------------------------------------------------------------------Bilisummaa
13) Grand Strategy-------------------------------------------------------------------------------Tarsiimoo muummee
14) Legitimacy------------------------------------------------------------Seerqabeessummaa, fudhatama qabaachuu
15) Mechanisms of change--------------------------------------------------------------------Akkaataa jijjiiramaa
16) Methods ------------------------------------------------------------------------------------------Maloota
17) Noncooperation--------------------------------------------------------------------------------Tumsa dhoorkachuu
18) Nonviolent Action-----------------------------------------------------------------------Tarkaanfii karanaa nagayaa
19) Nonviolent Coercion---------------------------------------------------------------------Boortaa hookkara hinqabne
20) Nonviolence (religious, etc.) --------------------------------------------------------Hookkarmaleeyyumma
21) Nonviolent Intervention-------------------------------------------------Hookkaraan maletti haala tokko booreysuu
22) Nonviolent protest and persuasion---------------------Hookkaraan maletti himannoo ibsachuufi amansiisuu
23) Nonviolent struggle-----------------------------------------------------------------------Qabsoo karaa nagayaa
24) Nonviolent Weapons-------------------------------------------------------------------Meeshaa qabsoo nagayaa
25) Obedience------------------------------------------------------------------------------------------Oggoluu
26) Opponents-------------------------------------------------------------------------------------------Mormattoota
27) Pillars of support-----------------------------------------------------------------------------Utubaalee deeggarsaa
28) Political defiance ----------------------------------------------------------------------------Diddaa Siyaaslee
29) Political ju-jitsu-------------------------------------------------------------------------------Araarqaboo siyaaslee
30) Political noncooperation-------------------------------------------------------------------Tumsa siyaasaa diduu
31) Political Power---------------------------------------------------------------------------------Aangoo siyaasaa
32) Resistance-------------------------------------------------------------------------------------------Diddaa
33) Sanctions--------------------------------------------------------------------------------------------Hadaamii irra dhaabuu
34) Self-reliance---------------------------------------------------------------------Of abdachuu/ ofirratti irkannoo
35) Source of Power-------------------------------------------------------------------------------Madda aangoo
36) Strategic nonviolent struggle------------------------------------------------------------Tarsiimoo qabsoo nagayaa
37) Strategic plan-----------------------------------------------------------------------------------Karoora tarsiimoo
38) Strategy------------------------------------------------------------------------------------------------Tarsiimoo
39) Strike------------------------------------------------------------------------------------------------Hirgii/ hojii dhaabuu
40) Success-----------------------------------------------------------------------------------------------Milkii
41) Tactic---------------------------------------------------------------------------------------------------Tooftaa
42) Violence-------------------------------------------------------------------------------------------------Hookkara

# QARQABA HIIKKAA JECHOOTAA

Addababayii-----------------------------------Square
Akkaagara-----------------------------------Behavior
Amala----------------------------------------Character
Amalfachuu------------making routine, tradition
Araarmaya---------------------------Reconciliation
Araarqaboo------------------------------Mediation
Awaddoo---------------------------------Inclination
Addayya--------------------------------------Specific
Bahaaleysa-----------------------------------Eastern
Basaasmaya------------------intelligence service
Basqeeysummaa------------------------Openness
Bittaa waraanaa-----------Military dictatorship
Boorta---------------------------------------Coercion
Cichooma----------------------------High standard
Conqoluu---------------To tilt  towards one side
Dada---------------------------------------------Peace
Daddaffee----------------------quickly
Dagaagmaya ( misooma)----------Development
Damboobuu--------------------Positive prediction
Danee------------------------Justice ( the process)
Dhibbeentaa----------------------------Percentage
Dhokoo----------------------------------------Hidden
Dhuunfaa----------------------------Under control
Diddaa------------------------Defiance, resistance
Diiggaa-----------------------------------Destruction
Diinaglee-------------------------------- economical
Faalhokkara---------------------Counter-violence
Fassaramuu--------------------- to be interpreted
Fiinxaaleeyyii----------------------------Extremists
Golgoluu-----------------------------------to be dim
Goofata---------------------------------- Humorous
Gudaadmaya------------------Sexual Intercourse
Guyyaayyee-------- something seen/done daily
Habalee-----------------------------------------Sword
Hamuuna---------------------------------------Desire
Haraamessuu------------------To excommunicate
Hawaaslee------------------------------Economical
Heesabuu-------------------------------To prescribe
Hookkara-----------------------------------Violence
Hornaguu----------------------To restrict, to limit
Iccitummaa----------------------------------Secrecy
Iggitii-------------------------------to stop, to block
Ittibaha-----------------------------------------Result
Ittismaata-----------------------------------Defense
Jeeqqalbii-------Emotional disturbance( stress)
Keeysaaleysa--------------------------------Internal
Koonnisa----------------------------------Collogues
Laangichaa-------------------------Middle Ground
Ladda'atanii--------------------- carrying
Leeccalloo----------------------Wealth/ resources
Matayya----------------------------------Individual
Matayyee----------------------------------Personal
Mormii-----------------------------------Opposition
Murruqii------------------------------------Massacre
Naatoo-------------------------------------Empathy
Nageenya-----------------------------------Security
Nasiiba---------------------------------------Chance
Oggaluu---------------To obedience/ subservient
Qabsoo hidhannoo---------------Armed struggle
Sabataa-----------------------------------------Stable
Sabatiinsa----------------------------------Stability
Saffee---------------------------------------------Quick
Saransuu------------------- ---------------to stablize
Sirana-----------------------------------------Regular
Sirna Mootomaa------------------------Monarchy
Siyaaslee-------------------------------------Political
Surrii----------------------------------------------Brain
Taadhii-----------------------------------------Fertile
Takkee-----------------------------------Sometimes
Tasgabbii------------------------------------Stability
Umneessuu-------------------------Social boycott
Unkutaawuu--------------------Destroy/ crumble
Waaraa----------------Long lasting (sustainable)
Waldhibdee----------------------------------Conflict
Waliinhaasawuu----------------------Negotiation
Xifaa------------------------------------Complication